# QORANNOO XIINXALA GUMAA FIXUU OROMOO ARSII GAMA KOORNIYAATIIN MUL'ATU

**GODINA ARSII AANAA XIYOO KEESSATTI KAN XIYYEEFFATU**

**ULAAGAA ITTI GUUTINSA DIGRII 2$^{FFAA}$ (MA) AFAAN OROMOOTIIN KAN DHIYAATE**


**QOPHEESSAA: HUSEEN BADHAASOO**

**GORSAA: IJAARAA BAATUU (PHD)**

**YUUNIVARSITII SAAYINSII FI TEEKNOOLOOJII ADAAMAA**

**MANA BARUMSAA NAMUMMAA FI SEERAATTI**

**MUUMME AFAAN OROMOO**



**ADOOLESSA, 2008**

**ADAAMAA**

**Boordii qorattootaa Kan mirkaneesse**

**Dura Taa'aa koree Eebbaan booddee Muummee____________________**

**Gorsaa____________________Qorataa Kan Alaa______________________**

**Mallattoo___________________Mallattoo__________________________**

**Qorataa Kan keessaa____________________mallattoo____________**

# GALATA

Duraan dursee gorsaa kiyya Ijaaraa Baatuu(PHD) ennaa qorannoo kana adeemsisu hubannoo natti uumuudhaan otuu hin nuffin haalaan na qajeelchuun hojii kana akka fiixa bahu kan nagargaaraniif galanni onneerraa madde isaan haagawu

Gama biraatiin waajjira haqaa Goodina Arsii,W/dhimma Dubartootaa aanaa xiyoo, waajjira lafaa fi eegumsa naannoo aanaa xiyoo, w/ barnoota aanaa xiyoo, w/ fayyaa aanaa xiyoo, waaldaa barsiisota magaalaa Asallaa fi hayyoonni, jaarsotaa fi abbootiin gadaa aanaa xiyoo odeeffanoo barbaachisaa ta'an hundaa na cinaa dhaabbatuun waan ragaa naaf kennaniif baayi'een galateeffadha.

Akkasumas maatii kiyya, haadha warraa tiyya Barsiiftuu Sa'aadaa Tololaa , ilma kiyya gazexeessaa(TVO) Abiyyi Huseen ,Mucayyoo tiyya Oofisara Poolisii Oromiyaa Taliilaa Huseen, ni galateeffadha.

Kanaa achillee obboo Kamaal Amaan gaggeessaa wajjira beeksisaafi qunnamtii M/Asallaa , obboo Tasfaayee Habtee dura taa'aa m/b cilaaloo sad. 2ffaa, Obboo Hasan Jaarraa durataa'aa mana barumsa Qophaa'ina Asallaa lakk.2, , Obboo Amiinoo Abbaa adeemsaa w/Aadaafi turizimii goodina Arsii baay'isee galateeffadha.Walumaagalattis waaqa kana hunda namilkeseef galanni ol'aanan haadhaqabu!

Galatoomaa!

# BAAFATAA

Mata duree

GALATA ........ ii

HIIKA JECHOOTAA........ v

AXEERARAA (ABSTRACT) ........ vii

**BOQONNAA TOKKO ........1**

1. SEENSA ........ 1

1.1 Seen-Duubee........ 1

1.2. Ka’uumsa Qorannichaa........ 2

1.3 Hima Qorannichaa ........ 4

1.4 Kayyoo Qorannichaa ........ 4

1.4.1 Kaayyoo Gooroo........ 4

1.4.2 Kayyoo Gooreen ........ 4

1.6. Barbaachisummaa Qorannichaa........ 5

1.7 Daangaa Qorannoo........ 6

1.8 Hir’ina Qorannoo ........ 6

**BOQQONNAA LAMA ........6**

2. Sakatta`a Barruu........ 7

2.1 As Dhuftee Gumaa........ 7

2.2 Maalummaa Gumaa ........ 8

2.3 Gumaa gama koorniyaatiin ........ 8

2.4. Akaakuu Gumaa........ 9

2.5. Maddoonni Garaagarummaa Gumaa Fixuu Oromoo Arsii gama koorniyaatiin uuman maal faadha? ........ 10

**BOQQOONNAA SADI........14**

3. Mala Qorannoo ........ 14

3.1. Mala Iddattoo filachuu........ 14

3.2. Madda Qorannoo ........ 15

3.3. Mala odeeffannoon ittiinsassaabamu ........ 15

3.4.1. Af-gaaffii........ 15

3.4.2. Bar-gaaffii ........ 16

3.4.3. Daawwannaa ........ 16

3.5. Mala odeeffannoon ittiin xiinxalamu ..... 16
**BOQOONNAA AFUR ..... 17**
4. Ragaa Qaaccessuufi Hiikuu ..... 17
4.1 QaaccessaaRagaa Af-gaaffii ..... 18
4.2 Qaaccessaa Ragaa Bar-Gaaffii ..... 31
4.3. Daawwannaa Qaaccessuu ..... 66
4.4. Guduunfaa ..... 67
**BOQONNAA SHAN ..... 75**
5. Xumuraa fi yaboo ..... 75
5.1. Xumura ..... 75
5.2 Argannoo ..... 79
5.3 Yaboo ..... 81
5.4. Yaada Furmaataa ..... 84
WAABII(REFERENCES) ..... 86

# HIIKA JECHOOTAA

Akka hiika qorannoo kanatti:

Aangessuu =Moosisuu, baallii itti kennuu

Abboome=tole jedhe

Ateetee=Haadha Ilmaan Oromoo

Bidaa-=Niitii ganamaa (durbummaan fuudhan)

Buleeyyii=Jaarsolii

Daawwannaa=Xiinxallaa

Fanfansuu=Alagoomsuu

Gabbara=Qabannaa, gatii

Garaa hiruu=Sodaatuu

Geegawoo=Kennaa loonii intalaaf kennan

Gonkumaa=sirumaa, Inumaa

Gumaa fixuu=Araara Buusuu

Gumaa=Badii (balleessaa, Miidhaa)

Hammeenyummaa=Garjabummaa

Harka Qalleessa=Hiyyeessa

Hayyoota=Beektota

Hiree=Carraa

Kaamettii=harka toleettii

Koorniyaa=Saala Lameenuu

Manguddoota=Jaarsota

Mararuu=Garaa nyaachuu

Marmaaruu=naanna'uu

Moo’ate=Injifate

Nyaapha=Alagaa

Of nuffuu=of jibbuu

Of tuuluu=of Arbeessuu

Ol-aantummaa=Gooftaa ta’uu, of-caalchuu

Qan’aftuu=of midhaagsituu

Rakkoo=cinqii(diphuu)

Rakoo=Niitii seeraan fuudhaniif seera godhamu

Sooressa=Dureessa

Taayitaa=Aangoo

Tola⇒Gatii malee

Xiyyeeffanaa=Kallattii Hubatamuu qabu

## AXEERARAA (ABSTRACT)

*Bara bulchiinsa sirna gadaa irraa eegalee ummanni Oromoo duudhaa, sona, safuu fi aadaa ittiin bulmaata kan mataa isaa falaasama hayyoota oromootiin kan tumame akka qabuu fi kanumaan kan wal-bulchaa ture ta'uu seenaan ni ibsa. Dhaloota kiristoos dura gara waggoota kuma saddeetii ilma waaqaa kan ta'e kuush ilmaan dhiiraa Leeta fi Horaa akkasumaas intala Ateetee jedhamtu uumatee ture. Ilmaan dhiiraa kunniin sababa faayidaa dhuunfaa walitti bu'anii Leetaan ilmi hangafaa obboleessa isaa quxisuu Horaa ajjeese(Warqina Abbaa soorii, 2008) Sirna Gadaa.*

*Haati ilmaan tanaa halkan reenfa ilma ishee lafaa olkaaftee nageenyii fi araarri akka bu'u waaqa kadhattee waaqnillee abboomeefii yaadannoodhaaf Odaa dhaabdee Odaan kunis dagaagee bokkaaniis roobee nageenyiifii jaalalli waaqarraa bu'e. Waggoota afurtama booda haadha ilmaan Oromoo kan taate Ateeteen ilmaan lama Booranaa fi Bareentuu deete. Yeroodhaan booda obboleewwan lameen kunneen walitti bu'anii ilmi hangafaa Booranni obboleessa isaa quxisuu kan ta'e Bareentuu sababa faayidaadhaan walqabateen ajjeesee ture (Warqinaa Abbaa soorii, 2008).*

*Haati isaanii Ateeteen reenfa ilma ishii lafaa olkaaftee araarri akka bu'u waaqa kadhatte. waaqnis araara buusee odaa dhaabdee odaan kunis dagaagee argame. Ilmaan ishee fi dhaloonni boodaa akka ofiif wal - bulchan waaqni abboomeefii dhaloonni ishirraan boodaan dhufu akka wal hin dhabneef jaalalaan waliin akka jiraatan abbaa gadaa moosiftee sirna gadaa tumatanii falaasama isaanii itti dabaluudhaan akka wal bulchan gootee turte. Kana booda hanga hr'aatuu ilmaan Oromootaa sirnuma kanaan hooganamuun jaalalaan wal bulchaa turan.(Warqinaa Abba soorii,2008), Sirna Gadaa.*

*Gumaa fixuun Oromoo Arsii haaluma wal-fakkaatuun rakkoolee sababa wal-ajjeechaa ta'an madda isaa beekuudhaan furmaata barbaaduudha.kaayyoo guddaa kana milkeessuuf ammo mala qorannoo hujoo qorataan filachuu danda'eera.kana maleellee madda qorannoo kan galma ga'iinsa qorannoo kanaatiif bu'aa qaban filachuun barbaachisaa akka ta'e qorataan hubateeera.*

*Maddoonni ragaa qorannoo kanaaf filataman abbootii gadaa Arsii,jaarsotaa fi hayyoota Arsii kan G / Arsii A/Xiyyoo keessatti jiraataa ta'aniidha. Gama biraatiin meeshaalee funaansa ragaa af-gaaffii,bar-gaaffii fi daawwannoo fayyadamuuf qorataan muteeffateera.*

*Kana maleellee malleen qorannoo keessaa mala miti carraa fayyadammuudhaan iddattoo filachuuf qorataanmurteeffateera.*

# BOQONNAA TOKKO

## 1. SEENSA

Ummanni Arsii ummata dameelee qomoo Oromoo keessaa tokko yoo ta'u , Oromiyaa kessati G/Arsii , Arsii lixaa , Baaleefi shewaa bahaa lafa baldhaa irratti baldhinaan jiraata.Ummanni kuni akkuma baayina ummata isaatifi baldhina lafa issaa sirna tokko qabaatus ccidha haala adda addaati baafata. Kana keessaa sirna gumaa fixuu yoo qabaatan jilba ittin fixan ilaalchisee iddodha gara iddotii garaagarumman akka jiru abbaa gada Arsii kan ta'an obbo Ahmed Galatoo ibsaniru.

### 1.1 Seen-Duubee

Ummanni Oromoo sochii yeroo gara yeroo godhaa turaniin sirna gadaa isa addunyaa irratti bay`ee dimokiraatawaa ta`uun beekamuun ofiin of bulchaa akka ture seenaan ni ibsa. Bulchiinsa sirna gadaa kana keessatti ittinbulmaata sirna gadaatiin tumaman, heeraa fi seera sirna kanaa hunda hawaasni Oromoofihawaasni ollaa isaanii haalaan hojirra Oolchaa, labatarraa hanga labataa waliif dabarsaa dhufeera.( Warqinaa Abbaa Soorii 2008), Sirna Gadaa

Ittin bulmaata sirna Gadaa keessaa tokko kan ta`e sirna gumaa fixuu kun akkaanis ta`ee, akkamaleen beekaa yookaan tasa walitti bu`iinsi yoo uumame gidduu kanatti lubbuun namaa baduu, qaamni namaa hir`achuu ykn miidhamuu akkasuma qabeenyi barbadaa`uu danda`a. Yeroo kana wal dhabbiin babal`atee hammeenyi guddatee ummanni bal`aan akka wal-hin miineef badiin uumamee akka jilba isiitiin akka dhumtu ykn fixamtu murtiin tumamee jira.

Badiin uumamu yakka xiqqaa irraa hanga ajjeechaa lubbuu yoo gaye gumaa jedhama. Gumaan balleessaa Olaanaa lubbuu namaafiqaama nama waliin dhalatee kan bakka bu`uu hin dandeenyee dha. Fkni Ija, harka, luka, k.k.f. Gumaa akkanaa gosatu baafata waan ta`eef gatiin jilbi itti dhumtuu horii guddaa (bay`ee) gaafata. Kun haata`u malee, sababoota hedduu irraa kan ka`e jilbi gumaan itti dhumtu kan dhiiraa horii dhibba dirrii walqixaa yoo ta`u kan dubartii horii shantama akka ta`e jaarsotiin Arsiidhaa kan gumaa fixan ni himu.

Qaamni lamaan hawaasaa dhiiraafi dubartiidhaa kun hawaasummaa keessatti haalli waliin ittiin jiraatan tasgabbiifi nageenya, guddinnaafi hammayyummaa hawaasaatiif dhimma

murteessaadha. Gama biraatiin haalli dame hawaasaa murteessaa ta`ee kun hariiroo hawwaasaa keessaatti ilaalamuun guddinna addunyaatiin akkaataa murteessaa ta`e saniin kan wal- gituu miti.

Ka`umsi rakkoo gama hariiroo wal-simuu dhabee kan ta`e hawaasni kun yeroo dheeraaf sirna sisteemii bulchiinsa abbaa hordofaa waan tureef gahee dubartii xiqqeessanii ilaaluun kan hidda gadi fageeffate waan tureef.

Kana malees mirga namummaan gonfachiise kabajuun hafee dhiibbaa garagaraa irratti raawwachuufi dhiibbaaf isaan saaxiluun gocha qaanii tokko malee akka aadaatti fudhatamaa turee dha. Haata`u malee dubartoonni addunyaa yeroo adda addaa qabsaa`aa akka turaniifi addunyaanis qabsoo mirga dubartootaa kabachiisuu barbaachisaa akka ta`eef jijjiiramni ilaalcha dogongoraa dubartoota irratti qabamee socho`amaa ture fudhachuudhaan deebii quubsaa ta`e laataafii jirti.(Sa'aada Kadiir, 2002) sirna gadaafi dubartoota Oromiyaa.

Haata`u malee rakkoon dubartootaa guutumaan guututti fala argate jechuun hindanda`amu. Waan kana ta`eef, garaagarummaa kana hubachuudhaan adeemsa jijjiiramaa ( changing process) baasuun barbaachisaa dha. Kana gochuuf sonaafi amantaa ( values and belifies) adda baasanii beekuun murteessaadha.

Kanaafuu, sonaa fi amantaa ummanni Oromoo waa`ee dubartootaa irratti qabaataa ture beekuun murteessaa ta`a. Kana yoo jedhamu dubartootni sirna Gadaa keessatti kabajaa maal akka qabduufi gaheen isaanii maal fa'a akka ta'e beekuun, seenaa darbe hubannee wanta har'a raawwatamaa jiru akka adda baafannu nu taasisa.

Xinxala gumaa fixuu gama koorniyaatiin mul`atu akkaataa kanaan ilaaluun hojiiwwan gara fuul-duraa hojjatamaniif gahee dubartootaa hawaasa keessatti murteessaa akka ta`e hubachiisuun loogummaan mul`atu kun adda bayee hubannoon irratti kennamee ilaalchi dogongoraa kan darbeefi ammas mul`atu akka sirraa`u gochuuf ta`a.

## 1.2. Ka'uumsa Qorannichaa

Gumaan balleesssaa ykn yakka guddaa lubbuu namaa, qaama nama wajjiin dhalatee fi qabeenya guddaa akka mana jireenyaa barbadeesuuti. Badiin ulfaataa ta`e kan akkanaa hawaasa giddutti yoo uumamu haaloo walirratti bayuun nageenyi boora`ee badiin biroo akka hin

Uumamneef jecha araara buusuun barbaachisaadha. Mala araaraa keessaa tokko sirna Gumaa fixuuti., Sirni gumaa fixuu kun bulchiinsa sirna Gadaa keessatti bara 1458 hojirra Oolee hanga ammaallee hayyoota abbootii gadaa fi jaarsolii Oromootiin raawwatamaa jira.

Haalli araara buusuu gama gumaatiin muramu kun lubbuu bade ykn qaama hir`ate bakka buusuu dadhabullee walitti dhufeenyi hawaasaa akka jiraatuu fi hammeenyi hafee jaalalli akka bakka bu`ee guddatu godhuu irratti gahee olaanaa qaba.

Haata`u malee Oromiyaan bal`oo fi Ummanni Oromoollee ummata bal`aa miliyoona sodoma caalu( kitaaba Afaan Oromoo kutaa 10ffaa) akka ta`ee fi gatiin gumaa fixuu eddo gara eddo godinaa gara godinaa adda adda ta`ee mul`ata.( Ahimad Galatoo Abbaa Gadaa Arsii).

Kana keessaa haallii fi gatiin gumaa fixuu kan Oromoo Arsii isa tokkoo dha. Kun ammo gumaan jilba itti muramtu qabdi jedhama. Kana jechuun akkaataa ulfaatina badii uumameetiin adda baati. kana maleellee yakkaa fi gumaan akka wal caaltu ibsama. Gumaan balleessaa ajjeechaa lubbuu namaa fi qaama nama waliin dhalatee yoo ta`u yakki ammoo dogongora ykn yakka akka guddeeddii dubartootaa faa akka ta`e ibsu.( Qaasoo Raaboo Abbaa Gadaa Arsii)

Mata duree xiinxala gumaa fixun Oromoo Arsii gama koorniyaatiin Godinaa Arsii Aanaa Xiyoo keessattii mul'atu jedhu kanarrattii qorannoo akka gaggeessu kan qortiichaaf ka'umsa ta'e yeroo sirna dimokiraasii gaggeessinu kana keessatttii miidhaalee dubartoota irrattii rawwataman jiraachuu isaatii .

Miidhaaleen gama korniyaatiin mul'atan hedduu yoo ta'an isaan keessaa ajjeechaa lubbuu faadha . yakkoonni akkanaa kunneen ennaa rawwaatamu mallii araaraa guddaan guma fixuudha. Gatiin gumaa kun ammoo korniyadhaan yoo ilaalamu gargaarummaan kan mul'atan ifattiidha.( Abbaa gadaa Arsii obboo Qaasoo Raaboo).

Kanaafuu qorattichi jalqaba rakkolee mul'atan maal faa akka ta'an adda baafachuun akkaasumas madda ykn ka'umsa rakkoolee kanneenii maal faa akka ta'an hubatee fala rakkoolee hatattamaan barbaaduuf qorannoo godhaa jira. Kanuumarraa ka'uudhaan maddii rakkoo fi gargaarummaan mul'atan maalfaa akka ta'an qorataan adda baafachuun qeequun yaada furmaataa eeruu barbada.

## 1.3 Hima Qorannichaa

Miidhaan dubartoota irratttii rawwataman hedduudha. Kunneenis yakkoota xixiqqaa irraa hanga ajjechaa luubuu fi yakoota gurguddaa, qaama hiri'isuu fi kkf akka fakkeenyaattii kan kaafamanidha.Miidhaan dubartoota irrattii rawwataman yeroo ammaa sirna dimokiraasii yeroo gaggeessamu kanattiillee guutuun guututtii hafuu dadhabuun ni mul'ata. ( Sa'aada Kadiir 2008)

Halumaa kanaan qorannoon kun gaafiilee armaan gaditiif deebii barbaduu danda'a jedhamee yaadama . kunis , 1. Maalummaa gumaa 2. Asdhuftee gumaa fixuu gama korniyaatiin 3. Gatii gumaa fixuu gama korniyaatin 4. Madda rakkolee gumaa fixuu gama korniyaatin Oromoo Arsii biratii adda baafachudhaan fala barbaaduudha..

## 1.4 Kayyoo Qorannichaa

### 1.4.1 Kaayyoo Gooroo

Kayyoon gooroon akka waligalaatti gumaa fixuu Oromoo Arsii gama koorniyaa xiinxaluudha.

### 1.4.2 Kayyoo Gooreen

**1.**Maalummaa gumaa addaa baasuudhaan hiikni erga ittii kennamee booda faayidaan gumaa fixuu qabuufi miidhaaleen gamaa kanaan dhufan akka Oromoo Arsiittii hubannoo umuuf furmaata kennuudha.

2. As-dhuftee gumaa madda isaa beekkuudhaan gumaan yoom irraa , maal irraa, akka dhufe adda bafachuudhan dhimma kana irrattii hubannoo barbachisaa ta'e umuudhaan faayidaafi miidhaa isaa irraattii barnootaa kennuudha.

3. Gumaa fixuu akka Oromoo Arsittii gama koorniyaatiin jiran maal akka fakkatu adda bafachudhaan faayidaafi miidhaa irratti hubannoo kennuuf miidhaalee hanbisuuf wanti barbachisu hunda rawwachuudha.

4. Maddoota garaagarummaa gumaa fixuu gama koorniyaatiin uman maal faa akka ta'anfi rakkoolee kanneen akka umaman wantoota karaa banan hunda cufuufi furmaata kennuun barbachisa ta'uu.

5. Akaakuun gumaa maal faa akka ta'an adda baafachuudhaan yakkoota xixiqqaa fi gurguddaa gumaa jedhamani fi sababoota gumaa suukaaneessaa ta'an hundaa adda bafachuudhaan furmaata barbachisu kennuufi barsiisuudha

## 1.6. Barbaachisummaa Qorannichaa

Madda garaagarummaa gumaa fixuu Oromoo Arsii gama koorniyaatiin mul'atu addaan basuudhaan hubannoo kennuuf .Wantoonni garaagarummaa gumaa fixu gama korniyaatin ummaan yoom irraa akka jalqabe hubachuu fi hubachisuuf akkasumas duudhaa ummata Oromoo Arsii barsiisuu ta'a.

Dogongorrii ilaalchaa sababa garaagarummaa koorniyaatiin uumamaa ture yoo qorannoo kanaan hubannoon argame qamni dhimichi ilaalu leenjii kennuun bu'aan akka dhufu ni godha kan jedhu amantaan jira.Wal-qixxummaan gama koorniyaa yoo hubbannoo argate bu'aan gama hawaas-diingdeetiin dhufu olanaa akka ta'u hubatamaadha.

Fuula duratti dhalonnii hegeree dogongora garaagarummaa koorniyaa akka hin jiraane hubannoo argachuudhaan, maddoonni garaagarummaa uuman yoo adda baayanii hubannoofi leenjiin irrattii keenname jijjiramni barbaadamu dhufee dubartonni hamilee argachuun fayyadamoo ta'uu qaban. yoo kun dhugomee hojii irraa olee hirmaannaan dubartootaa eddoo hundattuu daran ni dabala.

Kana maleellee garaagarummaan gama koorniyaa yoo hafe haaloo walirrattii bayuun ni hafa ; jaalalli jibbansaan bakka bu'e wal-qixummaan gama koorniyaan barbadamu ni milkaa'a. duudhaa sirna gumaa fixuun araara buusuun kun faayidaa inni qabu olanaa akka ta'e saboonnii ollaa Oromootaajiraatan irraa ni bartu waan ta'eef daran barbaachisadha.

Oromoo waliin jirachuuf namni yakka ajjeechaa uume sirna gumaa fixuu kanaan araaramuun barbachisaa akka ta'e ni hubachisa. yakka olaanaa hojjatanii miliquu akka hin dandeenye ummata Oromoo Arsii irraa ni baratama.

Walumagalattii sirni gumaa fixuu mirgoota namaa eega. Kunis , namni yakka olanaa hojjate hanga fixatuu ummata miidhe waliin hin jiraatu.kana waan ta'eef yakka umuurraa of eega.

Kanaafuu sirna gumaa fixuu kanaan garaagarumaan gama korniyaatiin jiru erga adda baheen booda mirgoota duubartootaa kabachisuun barbaachisaadha.

## 1.7 Daangaa Qorannoo

Qorannoon kun bu’a qabeessa, yeroo fi baasii kan qustee akka ta’u daangaa isa barbaachisa. kanarraa ka’uudhaan qorattichii nannoo Oromiyaa , Godinaa Arsii , Aanaa xiyoo keessattii qorannoo isaa gaggeessuuf murteeffateera.

Kana malees mata-duree “xiinxala gumaa fixuu Oromoo Arsii gama koorniyaatiin mulatu”jedhu ragaa kennitoota jaarsolii ,abboottii gadaa ,hoggantoota wajjiiraalee dhimmi ilaallatuu namoota 120 qofa kan hubbannoo qaban filachuuf qophayeera.

Akkasumas , qorannnoon kun as dhuftee gumaa, maalummaa gumaa , maddoota garaagarummaa guma fixuu gama koorniyaatiin uuman ,akakuu gumaafi gatii gumaa fixuu gama koorniyaatiin jiru irrattii xiyyeeffaatee hojjata.

## 1.8 Hir’ina Qorannoo

Hanqinna mallaaqaafi gabaabina yeroo irraa kan ka’e rakkoon hanga tokko qoraticha mudachuu danda’a.

Kana mallee odeeffaannoo barbachisaa ta’e hunda argachuu dhabuu danda,a. kana jechuun namoota mata–duree kanarrattii beekumsa gaha qaban akka barbaadamettii argachuu dhabuu fi qorannoo mata-dure kanaan walittii dhufenya qaban dhabuu danda’a jedhee qoratichii amana.

# BOQQONNAA LAMA

## 2. Sakatta`a Barruu

Sakatta`a barruu jechuun hojii qorannoo tokko milkeessuuf jecha barreeffamoota mata duree qorannichaa waliin walitti dhiyeenya ykn firooma qaban ykn qorannoowwan firooma qaban hundaa itti fayyadamuudha. Haaluma kanaan mata-Duree qorannoo Xiinxala Gumaa Fixuu Oromoo Arsii gama koorniyaatiin Mul'atu' irrati hundaa'uun barreeffamoota firooma qaban hundaa sakata,uudha. Gumaan maal akka ta`e, Gumaa fixuun yoomii fi eessatti akka jalqabame, garaagarummaan dhiiraa fi dubartii gidduutti gama gumaa fixuun mul`atu maal akka ta`e, wantoonni gumaa jedhamanii tumaman maalfaa akka ta`anifi yakkaafi gumaan maaliin akka garagara ta`an waliin kan walitti dhiyeenya ykn wal-itti firooma qaban hundaa tokko tokkoon sakattauu dha.

## 2.1 As Dhuftee Gumaa

Sirni Gadaafi bu`uura amantii Oromoo kan ta`e amantiin waaqeffannaa dhaloota kiristoos dura waggoota kuma saddeti naannoo laga Abbayyaatti haadha ilmaan Oromoo kan taate Ateetee dhaan kan Uumamee ta`uu Looreet Tsaggaayee G/Madin ibsaniiru. [Waarqinaa Abbaa Soorii 2008)Sirna Gadaa .

Waggoota kuma kudhan dura abbaa fi haadha Oromootaa kan ta`an Oromoofi Ateeteen ijoollee Boranaafi Bareentuu jedhaman ummatanii (godhatanii) jaalalaafi naagayaan waliin utuu jiraatanuu ilmi hangafaa Booranni quxisuu isaa kan ta`e Bareentuu ajjeese. Erga ajjeechaan kun raawwatamee booda haati isaanii Ateeteen renfa ilma ishee ol kaaftee waaqatti harka ol qabdee kadhatte. Waaqnillee abboomeefii araara buuse. Wal-ajjeesufi araara buusuun yeroo san eegalame.(Warqinaa Abbaa Soorii 2008:5). Kitaaba sirna Gadaa

Gama biraatiin ijoolleen Arsii lamaan sababa faaydaadhaan wal-qabateen tokko tokko waan ajjeeseef ilma gumaan itti galte kana du,aan adabuu irra jilba gumaan itti dhumtu murteessuun danda,ame jedhaniiru.[Ahimad Galatoo abbaa Gadaa Arsii]

## 2.2 Maalummaa Gumaa

Gumaan balleessaa ykn yakka olaanaa lubbuufi qaama namaa irratti raawwatamu akkasumas qabeenya namaa irratti raawwatamuu dha jechuu dhaan hayyoonni gadaafi jarsotiin Oromoo ni ibsu.

Gumaan yoo namatti galte gosatu kafala ykn kafalata. Kun kan ta`eef ilmi kan gosaa waanta`eef. Miidhaan xiqqaan lubbuu namaatii gadii ammoo gosa hundaan utuu hin taane abbaa miidhaan irra gaye qofatu gatii gaafata. Ta`ullee qaamni nama waliin dhalate kan bakka hin buune gumaa keessatti ramadamu. Fkn: Ija, harka, lukka. Kkf. Hayyoota sirna gadaa eeruun (Warqina Abbaa soorii 2008). Sirna Gadaa

## 2.3 Gumaa gama koorniyaatiin

Gumaa gama koorniyaa yoo jedhamu gatii gumaa fixuu kan dhiiraa fi dubartii jechuudha. Akkuma biyyoota addunyaa hedduu keessatti mul`atu, biyyi teennas biyyoota sirna abbaa hordoftu akka ta`e seenaan ni ibsa. Sirna Gadaa keessatti dubartoonni jila adda addaa irratti hirmaachuu malee gumii irratti mirga murtii kennuu, ykn abbaa Gadaa ta`anii bulchuu gaheen hin kennamneef.

Hojiilee ulfaataa ta`an kan akka bu`anii bayanii beelaafi dheebuu qorraafi aduu danda`anii biyya bulchuu gahee dhiirotaa ture. Kana maleellee hojiin loltummaa, fardaan ispoortii shaakaluu kkf. Warra dhiirotaatiif kenname ture. Kanarraa ka`uun warri dhiirotaa aangoo siyaasaafi diinagdee harkatti galfachuun qabeenya qoodamuu irrattis olaantummaa fudhatan (Sa`aadaa kadiir waaree 2002) . sirna gadaa fi dubartoota

“ The size of differencial between males and females in any particular resource allocation is acrucial measure of the extent of gender in equality” (Irrene Tinker 1990) yet this handful of women have captured the disproportionate attention and imagination not only of scholars and students. But also of journalists, film makers, religious groups and the labour movements, especially in the western industrial countries” (Irrene Tinker 1990:101)

The history of mankind is ahistory of repeated in juries and un usurpations on the part of man toward woman, having indirect object the establishement of an absolute tyranny Over her. To prove this, let facts be submitted to acandid world”Elizabeth Cady stannton 1884”

Ummanni Oromoo utuu Amantaan Isilaamaa fi kiristaanaa hin dhufin dura dhaloota kiristoos dura waggoota 8000f sirna Gadaatiin wal bulchaa akka ture ni ibsama. Yeroo kana keessatti ilmaan Oromoo akka sirna gadaatiin bulanii fi falaasama mataa isaanii itti dabaluun heera tumatanii akka wal-bulchan waaqni Ateetee haadha ilmaan Oromootiif abboomee akka ture ibsameera.

Haata`u malee heera baafatan keessatti qoodama hojii ulfaataa akka adamoo, biyya bulchuu, looltummaa fi kkf warra dhiiraaf waan kennamee fi sirna gadaa keessatti gatiin qooda dubartii xiqqaatee mul`ata. (Warqinaa Abbaasoorii 2008). sirna Gadaa

Sirni Gadaa sirna ilmaan kormaa (patriarchal society) waan ta`eef ilmaan kormaa aangoo bulchiinsa Olaantummaa dhiiraa calaqisiisan harkatti galfatanii turan. Kun ammo dubartiin sababa uumamaan wal-qabate ulfaa`uu,da`umsaa fi daa`imman harma hoosisuu akkasumas kununsuu irrati qooda olaanaa waan qabaniif hojii guddaa kana xiqqeessuun gatii dhiiraa ol guddisuun kan dubartii xiqqeessuun jira.(Sa`aada Kadiir 2002:72) .

## 2.4. Akaakuu Gumaa

Gumaan gosa lamattii qoodama. Isaaniis **:**

1. Gumaa gurraatiifi
2. Gumaa Danuudha.

Gumaa Gurraatii **:-** Jechuun ajjeesuuf jedhee namni tokko itti yaadee qophii guddaa godhudhaan meeshaa woraanaatiin ykn namoota biroo daboo baafatee haala suukaneessaa ta’een yoo ajjeesse jechuudha. Gumaan akkanaa kun jilba olanaa ta’en dhumuu danda’a.kana jechuun cabbichii ykn namichii ittii yaadee ajjeese sun gumaa olaanaa yoo kafalu harkichii ykn kan gargaaree ajjeese jilbaa isatiin gumaa kafala .

Gumaa Danuu **:-** kun ammoo gadoo tokko malee tasuma waa darbatee ykn ebboodhaan wanta biroo .osoo darbatuu yoo nama ajjeese danuu jedhama. Danuun kamiyuu jilba xiqqaadhaan dhumti. sababani isaasi haloon ykn gadoon jidduu isaani waan hin jirreef jecha gatii salphaadhan dhumtii jechuudha.

## 2.5. Maddoonni Garaagarummaa Gumaa Fixuu Oromoo Arsii gama koorniyaatiin uuman maal faadha?

Garaagarummaa koorniyaa kan uuman sirna gadaa keessatti aangoo ilmaan kormaa (dhiiraaf) kennamee fi adamoo akkasumas qooda hojii ulfaataa jedhamee dhiiraaf kenname kan akka bulchiinsaa fi hojii loltummaa ykn biyya eeguudhaa kkf akka ta`e bal`inaan ibsameera. (sa`aadaa Kadiir 2002). Sirna Gadaa fi dubartoota.

Sirna Gadaa keessatti dubartiin abbaa Gadaa fi abbaa murtii akka hin taane kan ta`ee fi haala mijataa yeroo san hin turree fi malee dubartiin ittigafatamumaa baadhachuu dadhabdee akka hin taneefi gaheen ulfa`uu, da`uu f daa`iman kununsuu dubartii malee dhiiraan kan hin rawwatamnee akka ta`ee ibsameera.[ Warqina Abbaa Soorii 2008). Sirna gadaa

Afoolota dubartiin yoo biyya bulchite hammeenya akka qabdu odeeffamaa turan kan akka Akkoo Manooyyee fi Haamanooyyee faakkf. Afrikaa keessatti dubartoonni hojii diinagdee keessatti hirmaachuudhaan qooda guddaa qabaatanis qabeenya qoodamuu irratti % 15 --% 60 warra dhiiraatii gadi akka ta`an qorannoon dubartoota Arfikaa irratti taasifame akka ibsuu fi kunis yaa`ii ministeertota dhimma alaa kan Afrikaa irratti akka dhiyaate Oduu EBC guyyaa 20/05/08 dhiyaate irraa hubatameera.

Akkuma biyyoota addunyaa hedduu biyyi keenyas biyyoota sirna abbaa (paternal) hordofan ykn bulan akka taate seenaan ni ibsa. Seenaa dubartoota Oromoo keessatti faallaa seenaa dubartoota Oromoo Akkoo manooyyee moototiin dubartootaa beekamoo ta`a nii fi siyaasa sirna durii keessatti gahee olaanaa kan taphatan hedduu akka turan seenaan bal`innaan ibsa.sirna Gadaa Oromoo keessatti dubartoonni jila adda addaa irratti hirmaachuu malee gumii irratti hirmaattee mirga murtii kennuu fi abbaa gadaa ta`uu gahee hin qabdu. Sa`aadaa kadiir (2002) sirna gada fi dubartoota akka Asmaroon laggasaa jedhutti women bulding acermonial pavilion, where the initiation of the Daballe (I) will take place”

Dubartoonni abbaa Gadaa , Hayyuu, Abbaa Duulaa ykn qaama olaanaa sirna Gadaa ta`anii hin filataman kun kan ta`eef haala mijataa hin taane kan yeroo san ture keessatti dubartoonni bu`aa – ba`ii hedduu qaxxaamuruun baddaa fi gammoojjii deemanii ummata bulchuun ulfaataa waan ta`eef gahee uumaan gonfachiise kan akka ulfaa`uu, da`umsaa fi daa`imman kunuunsuutiin waan qabamaniif yeroo san qoonni hojii mana keessaa akka kennameef ibsu.

Kana maleellee fardaan gulufuun hojii biyyaa eeguu fi fiiganii ulaalanii ispoortii hojjachuun hojii waraanaatiif qophaa`uun dubartoota waan rakkisuuf jecha gaheen hojii ulfaataan kun warraa dhiiraatiif kennameeture. Dhugaan kun utuu jiruu dhoksuun dubartiin anniisaa ykn dandeettii wal- morkii hin qabdu waan ta`eef qoodni dubartiif kenname gadi xiqqaate warri jedhanis jiru. (Sa`aadaa kadiir 2002) sirna Gadaa fi Dubartoota.

Akka yaada armaan oliitti haalli yeroo sanii mijataa ta`uu waan dhabeef hojiin ulfaataan bu`aa ba`ii cee`anii bulchuu fi hojiin qorraa fi aduu danda`anii biyya eeguu qooda dhiiraaf yeroo san kename yoo ta`u warri dhiiraa olaantummaa ofiif kennuudhaan gadi aantummaa dubartootaa godhanii hojii diinagdee horachuu fi siyaasaa hunda dhuunfachuu akka danda`an mul`isa.

Dr- Ibraahim Ammee (2005 A,L,F) barreessaa biro wabeeffachuun dubartiin hammeenya qabdu yeroo tokko Oromoo Booranaa Bulchaa akka turtee fi warra dhiirotaa mankaraarsaa akka turte yeroo san irraa eegalee geggeessummaan dubartoota akka dhoorgatame ibsee ture. Yaanni kun afoola (legend) akka ta`e yoo ibsamu.

"…….. In Boranaa ( this is also true for other Oromo groups) there is alegend that long time ago aborana people were administered by awoman leader called haamanooyyee.

Haamanoyye was awise but naughty woman and under her leader ship men suffered a lot, consequently, the people who lived then systematically got ride of her. Ever since because of the legacy of this naughty woman the Borana people decided not to give woman aleader ship status" Laphiso (ph;94)

Afoolli akkanaa yeroo gara yerootti sirnoota hundaa keessatti odeeffamaa kan ture yoo ta`u, dhugaan jiru garuu qabatamaan biyya teennatis ta`ee biyyoota qaroomanii fi badhaadhan keessattillee dubartoonni durii kaasee hanga ammattuu bulchaa akka jiran ifatti mul`isa.

Akka hayyaanni Amantaa sirna Gadaa laggasa nagawoo faa ibsanitti Dubartiin cubbuu hin qabdu, waaqa biratti sagaleen ishii jaalatamaa dha. Waaqayyoo dafee dhaqqabaaf jedhu. Dubbiin dubartiin keessa hin jirre qadaada hin godhatu. Manni dubartiin keessa hin jirre dukkana ;dubartiin tan seerri woyyee dha jedhu. wanti dubartiin kadhattee dhabde waanuma hin jirre ykn namni dubartiin irraa dhabde namuma hin jirre jechuudhaan Oromoon Arsii kabajaa dubartiif qabu ibsa.

Kana maleellee intalti tokko yoo heerumtu cimsee dhaamata. Dhaamsi kunis gosa intala heerumsiistutu gosa intala fuututti qixaaxee dhaamta. Dhaamsi kunis lubbuun intalaa tan waaqaa fi gosaati lubbuu hin ajjeesin. Arrabsitee hin miidhin. Gosa hin arrabsin.Daangaa niitomaaf siif

kennamte irra dabartee miidhaa yoo geessite gumaa taati” jedhanii dhaamtu. Kun kan ta‘eef miidhaan dubartii irra akka hin geenneef ta`a (Sa`aadaa kadir , 2002:72) sirna gadaafi dubartoota Oromoo.

Hundda caalaa sirni Gadaa sirna ilmaan kormaa waan ta`eef ilmaan kormaa (dhiirrotiin) aangoo bulchiinsa olaantummaa dhiiraa calaqisiisaa turan. Haata`u malee sababoota uumamaan wal-qabate kan akka ulfaa`uu da`umsaa fi harma hoosisuun daa`imman guddisuutii fi haala mijataa yeroo sirna Gadaa keessatti hin turreef hojiin dubartii miidhu ulfaataan akka daangaa kabachiisuu fi fagaatanii beelaa fi dheebuu danda`uun biyya bulchuun yeroo san qofaaf qooda dhiiraa ta`ee ture.

Kun yeroo ammaa kana hammayyummaa baraa waliin hin deemu. Giddu-galli bulchiinsaa yeroo ammaa kana Gandaa hanga Aanaa fi Godinaa akkasuma naannoo hanga federaalaa waan diriiree fib u`uuraaleen misoomaa hundi waan guutamaniif hirmaannaan dubartootaa kallattii hundaanuu guddataa dhufuu ibsama. (Sa`aadaa kadiir 2002)

Dubartoonni dhiiraan qixa ta`anillee hirmaannaa hojii hawaas diinagdee fi siyaasaa hinqaban waan ta’eef sababa hanqinna muuxannoo dogongora akka hin uumne gaheen xiqqaan kennameef jedhama.

Akka qabxii armaan oliitti dubartiin mirga namummaa fi sansakaa dhiiraan qixa qabaattullee itti gaafatamummaa maatii bu`uuressuu, maatii gama diinagdeetiin bulchuu fi hawaasummaa keessatti baasii fi wantoota adda addaa dirqama guddaa kan baadhate warra dhiiraa akka ta,etti ibsama.[abbootii Gadaa Arsii Ahimad Galatoofi QaasooRaaboo]. Sababa kanarraa kan ka`e qoodni dubartootaa gama hundaanuu xiqqaateera jedhama.

Piroofeesar Asmaroom Laggasaa “Dimookiraasiin warra lixaa aangoo warra qabeenya olaanaa qabaniif kenna. kun ammoo dubartoota jaarraa hedduuf mirga diinagdee horachuu fi mirga geggeessumma siyaasaa dhaban gar-malee akka miidhu ibsan.sirni mootota Habashaa garagalcha sirnoota bulchiinsa warra Lixaa waan ta`eef dubartootaaf eddo olaanaa hin kennuuf. Sirni Gadaa garuu hawaasni sabichaa hundinuu qooda adda addaa waan qabuuf dhiibbaan hin jiru. (Kitabaa Oromo Democracy)

Ummanni Oromoo nageenyaa fi tokkummaa biyya tanaa eeguudhaan, biyya ijaaruudhaan sochii sirna Gadaatiin bara 1522-1602 kan raawwate mootummoonni aksum, Islaamaa fi salamoon bara bulchiinsa isaanii gonkumaa bu`aa kana jedhamu hin hojjanne. (Professor Laaphisoo G.Delleeboos)

Sirni Gadaa bu`aa sammuu hayyoota Oromootiin kan argamee fi garaagarummaa dhala namaa giddutti mul`atu kan araarsu sirna dimookiraasii dhugaa akka ta`e hayyoonni adda addaa ragaa bayaniiru. (pilaawudeen 1868, Joorji F. kaarter 1967 " kitaaba namaa fi lafa" jedhu.

Akka yaada kanneeniitti sirna gadaatiin alatti sirnootiin mootummoota darbanii akkasumas amantaaleen lameenuu dubartiif aangoo kennuudhabuun ni mul`ata. Kun ammo seera uumamaatiin ala falaasama ilmaan namaa kan yeroo waliin hin deemne yoo ta`u, haalli kun ammas itti fufuudhaan garaagarummaa gidduu dhiiraa fi dubartii gama gumaa fixuutiin bal`innaan mul`isaa jira. (Isaayyaas Raajichaa 45:14-15) Macaafa Qulqulluu

Miidhaa dubartoota irra gahu dhabamsiisuun kan danda`amu haala mirgoota isaanii akka beekan gochuudhaan. Mirga wal-qixxummaa dubartootaa dhiiraan waliin qaban dhoorkuun yakka namoota irratti hojjatamaniin adda bahee hin ilaalamu. Heerri Rippablikaa Domookiraatawaa Federaala Itoophiyaa keewwatni 35 (1) dubartoonni mirgootaa fi eegumsa heerri kenneef fayyadamuun dhiiraan qixxee mirga akka qaban tumameera.

Namoota hundaaf heerri mirgaafi eegumsa mirkaneesse keessaa mirga lubbuun jiraachuu, mirga bilisummaa qaamaa, mirga qaama iraatti miidhaa geessisuu irraa eegamuu, mirga bilisummaa, mirga wal-qixxummaa, mirga jireenya dhuunfaa kabajuu fi eeguu, mirga, bilisummaa yaadaa qabuu fi ibsuu kkf. Mirga dubartootaa kan kabachiisan waliigalteewwan adda addaa mootummaadhaan fudhatama argataniiru. Ministeera haqaatti Qajeelcha Dhimma Dubartootaa fi ministeera Dhimma dubartootaa (Amaji 2006)

Miidhaa dubartoota irratti raawwatamu jechuun saala irratti hundaa`ee gochaa raawatamu hunda ta`ee, miidhaa qaamaa, Saalaa fi saaykoloojii kan tuqu, dirqisiisuu ykn seeraan ala bilisummaa dhoorkuu kkf of-keessatti qabata. (Dekilaareeshinii bara 1993 A.L.A)

# BOQQOONNAA SADI

## 3. Mala Qorannoo

Mala qorannoo jechuun tooftaa qorannoon itti geggeeffamu jechuu dha. Tooftaan qorannoo hedduu jiraatanis qorattichi mala qorannoo hujoo filateera.mala qorannoo hojiin qorannoo mata-duree kanaatiif faaydaa guddaa qaba jechuun qorataan mala kana filateera. Malli kun mala rakkoowwan hawaasaa fi naannoo isaatiin wal-qabate furmaata barbaaduufii irratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef galma ga'iinsa qorannoo kanaatiif mala qorannoo hujoo kana qorataan filachuu danda'eera..Hayyoonni[ Mills2003;4], [,Ferrance 2005] yoo ibsan ,"an attempt to find asolution to an immediate problem encountered.

Akkuma hiika armaan olitti kenname kanarraa hubannutti qorannoon hujoon caalmatti adda kan taasisu rakkoo hawaasaa furuu irratti kan xiyyeeffatu ta'uu isaati.adeemsa kana keessatti dhimmoota hawaasni dhimma itti bayaa jiru kanneen hidhata hawaasaa fi aadaa qaban sakatta'uufi eddo rakkoon jiru xiinxaluudhaan furmaata kan kennu waan ta'eef qorataan mala kana filateera.

## 3.1. Mala Iddattoo filachuu

Iddattoo filachuun adeemsa jamaa tokko keessaa Odeeffannoo argachuuf namoota ykn dhaabbata ykn qaamota dhaabbata tokko bakka bu`an filachuuti. Qorataan tooftaa kamittuu fayyadamuudhaan odeeffannoo funaanuuf jecha iddattoo filachuu qaba .kun kan ta,eef kanneen dhimmichi ilaalu hundarraa odeeffannoo funaanuun rakkisaa waan ta'eef. Malleen iddattoo filchuu hedduu yoo ta'an qorataan mata –duree qorannoo kanaatiif kan ta'u mala miti carraa filateera.

Asirratti iddatteessuun akkayyoon iddatteessuu miti carraa kan qorataan tokko beekumsa dhimmicharratti qabu irraa ka'uudhaan iddattoota odeeffannoo quubsaa irraa argachuuf murteeffatuudha.Trochim 2006;76

'Sampling is the process of selecting people,organization from apopulation of interest.So that by studing the sample we may fairly generalize our results back to the population from which they were chosen.[Trochim 2006;76]

Qorannoon kun mata-duree Xiinxala gumaa fixuu Oromoo Arsii gama koorniyytiin jedhu irratti hundaa'ee rakkoo jiruuf fala barbaaduu waan xiyyeeffatuuf iddattoota sirna gumaa fixuu kanarratti beekusa qaban filachuun murteessaa waan ta'eef mala miti carraa qorataan filateera.

Berg(2001:32) when developing apurposive sample researcher use their special knowledge about some group to select subjects who represent this population

Haaluma kanaan mata-duree" Xiinxala gumaa fixuu Oromoo Arsii gama koorniyaatiin " kan jedhu waan ta`eef namoota hubannoo fi beekumsa dhimma kanarratti qaban argachuuf jecha mala carraan alaa (none probability method ) fayyadamuuf qorataan filateera.

## 3.2. Madda Qorannoo

Maddi Qorannoo hayyoota gumaa fixuu keessatti hubannoofi qooda qabanii dha. Namoonni kunneen eessaa dhuftee seenaa gumaa fixuu kan beekanii fi aadaa fi duudhaa hawaasichaa kan hubannoo qabani dha. Isaanis abbootii Gadaa, jaarsolii Oromoo, dubartoota buleeyyii hayyoota seenaa, waajjiraalee haqaa, W/Aadaa fi turizimii, W/ dhimma dubartootaa fi KKf kan Aanaa xiyoo ta`an. Isaan kunneen bay`innaan namoota **120** ni ta`u. kana maleellee suuraa fi sagalee yeroo gumaa fixan waraabbaman madda qorannoo isaa akka ta`u godhatee jira.

## 3.3. Mala odeeffannoon ittiinsassaabamu

Odeeffannoon maddoota adda addaa irraa maloota garagaraatiin ragaan guuramee dhimma qorannoo barbadameef Oola. Malleen kuneenis:- af-gaaffii (interview) bar-gaaffii fi daawwannaa (observation) dhaan geggeessuuf qorataanfilateera.

### 3.4.1. Af-gaaffii

Af-gaaffiin Odeeffannoon kallattiin qorataa fi Odeeffannoo kennaan qaamaan kan wal-qunnamanii ragaa kennaan waa`ee gumaa fixuu gama koorniyaatiinOromoo Arsii biratti mul`atu irratti muuxannoo qabuu fi waan beeku irratti Odeeffannoo afaaniin bal`inaa kan kennuu dha**.**

### 3.4.2. Bar-gaaffii

Bar-gaaffiin Odeeffannoo funaanuuf jecha gaaffileen dhimma qorannoon wal-qabatan barreeffamaan namoota dhimmicharratti hubannoo fi shoora qabaniif kan dhiyaatuu dha.

### 3.4.3. Daawwannaa

Daawwannaan madda odeeffannoo ta`an hawaasa keessaa qoratichi erga filatee boodaa qaamaan biratti argamuun ennaa sirnichi kun geggeeffamu suuraa fi sagaleen waraabee dhi yeessuu ta`a. kana maleellee ragaaleen dokimentii ta`anii haalaan taa`an yoo jiraatan eddotti argamuun daawwana dhan raga funaanuu dha.

## 3.5. Mala odeeffannoon ittiin xiinxalamu

Odeeffannoo xiinxaluun qabiyyee mataduree qoranichaa jalatti kan dhiyaate ibsuu, hiikuu, addaan baasuu, dorgomsiisuu fi Wkf akka argannoo tokkoof bu`uura ta`utti xiinxaluudhaan argannooirrattihundaa’uudhaanyaadafurmaataakennuta’a

## BOQOONNAA AFUR

## 4. Ragaa Qaaccessuufi Hiikuu

Boqqoonnaa kana jalatti ; gaaffileen ijoo ykn bu'uura ta'an kan ittii qacceefaamanii hiika argataniidha. Kanaafuu,qorannoo kanaaf deebii gahaa ta'e deebisuuf gaafannoo hayyoota Oromoo Arsii jaarsota,abbootii gadaa fi dubartoota hubannoo qabaniif af-gaaffii fi bar-gaaffiin dhiyaatan sakattaa'uu fi qacceessuudhaan hiikni ittii kennamee jira.

A. Maalummaa gumaa ykn hiika gumaan qabu nuu ibsaa gaaffii jedhamaniif hayyoonnii fi jaarsoliin gaafataman martinuu yaada wal- faakkaataa ta'e ,"gumaan badii Olaanaa Suukaneessaa, hammeenya qabu, kan qaama namaa hir'isuu irraa hanga ajjeechaa lubbuu namaa akkasumas qabeenya bar-badeessuu" jechuudhaan deebsaniiru .

B. As- dhuftee gumaa maalii fi yoom akka ta'e kan gaafatamaniif ammoo deebistoonni martinuu bara bulchiinsa sirna gadaa keessa akka ta'eefi sababni gumaa waa hedduu yoo ta'u gurguddoon qabeenya dhuunfaa horachuu irraa kan ka'e faaydaadhaaf jecha walitti bu'uu,wal- ajjeesuu fi qabeenya balleessuu akka ta'e ibsameera. kana maleellee sababoota hinaaffaa, Olaantummaa mirkaneeffachuu, wal-tuffii eenyummaa, amantaa fi yaada ofii humnaani fudhachisuu k.k.f waliin wantoota wal-qabatan irraa ka'uudhaan wal-miidhuuf wal-ajjeechaan akka dhufe hayyoonni bal'innaan ibsaniiru. Kanaafuu gumaan sochii ilmaan namaa walitti dhufeenya hawaasummaa keessatti godhan keessatti sababootta armaan olitti eeramaniin irraa kan dhufe akka ta'e ibsameera. [Ahimad Galatoo-abbaa gadaa Arsiifijaarsolii Arsii]

C. Gara biraatiin gaaffii gumaa fixuu Oromoo Arsii gama koorniyaatiin maal fakkaata? "jedhameef hayyoonniifi jaarsoliin Arsii garaagarummaan bal'aa ta'e akka jiru ibsaniiru. Garaagarummaan kunis dhiiraaf gatiin jilbaan murameef loowwan dhiibba dhiibuu yoo jedhan dubartiif ammo loowwan shantama akka ta'e ibsaniiru ,Haata'u, malee qaama hir'isuun dhiiraa fi dubartiifillee jilbi murame wal-qixa akka ta'e yoo himan yeroo ammaa eddoo gara eddootti garaagarummaan guddataa akka dhufe ibsaniiru.( Jaarsota Arsii ,2008)

D. Sababoota garaagarummaa uuman yoo ibsan gaheen bulchiinsaa sirna gadaa keessatti ilmaan kormaatiif (dhiiraaf) hojii ulfaataa jedhamee keennameef ka'umsa jedhame. Kunis Hojii biyya

bulchuu, abbaa gadaa, abbaa bokkuu, abbaa murtii ta,uufi qabeenya horachuun dhiiraaf kennamee ture.

Dubartiin ulfinnaa fi kabajaan kennamuufillee haala mijataa yeroo san hin turre waliin qooda dhiiraa argachuu dhaban. Kun akka aadaa ta'ee baraa gara baraa cee'uun garaagarummaa bal'isaa akka dhufee fi ammas kan mul'atu ta'uu ibsanii jiru.Haa ta'u malee namni marti wal-qixa waan ta'eef falaasamni hayyaoota sirna gadaa dubartii miidhuuf utuu hin taane hojiin ulfaataan haala yeroo wajjiin waan dubartii miidhuuf qofa akka ta'e ibsaniru.

Kana maleellee wantoonni garaagarummaa uuman Oromoo Arsii birattii qabeenya maatii dhaabbataa kan akka Lafaa, mana jireenyaa ijoollee dhiiraa fi dubartiif qixa akka hin qoonne bal'innaan ibsameera. Kun ammoo dubartiin waan heerumtee deemtuu fi dhiirri qe'ee abbaa isaa qabee ykn kunuunsee waan eeguuf jedhaniiru. Kana maleellee gurbaan intalti itti heerumte alagaa waan ta'eef lafa intalaa irratti yoo gale rakkoo uuma sodaa jedhu ibsaniiru. Gama biraatiin ilmi intalaa gosa alagaa waan ta'ef, sanyii abbaa himata . kun ammoo alagaa keessatii hora waan ta'eef namni hanga wal-ajjeessuu deema. Kun ammo gumaa gosatti galcha kan jedhu sodaa qaban.

Kanaafuu, Arsiin intala jaalatullee geegawoo gahaa ta'e kenneefii lafa qonnaa dhoorgata. kun ammoo sodaa durbi ilma alagaa namatti fiddi kan jedhu malee durba ni jaalata jedhaniiru.

Akkakuu gumaa maalfaa akka ta'e mee nuu ibsaa kan jedhameef ,badii itti qophaa'amee raawwatamee fi danuu ykn tasaa rakkoo umame jechuudhaan deebisaniiru.Gumaan itti yaadamee raawwatame isa balaa suukaneessaa hammeenyaan guutame yoo ta'u, gumaan kan itti dhumtu jilba ulfaataa ykn gatii olaanaa ta'een akka ta'e ibsaniiru. Kana maleeellee gumaan danuu (tasaa) utuu itti hin yaadin balaa tasa raawwatame fkn: Balaa konkalaata, waan birootiif darbatee tasaa yoo nama ajjeesse k.k.f jechuudhaa.Gumaan akkasii gatii xinnoo ta'een dhumti jedhaniru.

## 4.1 QaaccessaaRagaa Af-gaaffii

A .Af-gaaffii armaan gaditti dhiyaataniif jaarsotiifi abbootiin gadaa Oromoo Arsii deebii hubannoo qaban irratti hundaa'uun akkaataa armaan gadiitiin deebii kennaniiru.

1-Gaaffii dhugaa ykn soba jedhaa deebii sirrii ta'e deebisaa jedhu keessatti gaaffii 'Gumaa jechuun badii olaanaa akka ajjeechaa lubbuufi qaama namaa hir'isuufaadha.' Kan jedhameef,deebii kennitoonni

gaafataman 20 yoo ta'an,hundinuu dhugaadha ..jedhaniiru.gaaffima kana maalummaa gumaa sababa waliin mee nuu ibsaa kan jedhameef ammoo abbootiin gadaafi jaarsoliin namoonni 18 ta’an gumaa jechuun badii suukaneessaa itti yaadamee raawwatame kan akka ajjeechaa, qaama namaa hir’suu faa akka ta;e ibsaniiru.Kana jechuun gumaan badii suukaneessaa raawwatame tokko yoo ta’u ,kan wanta birootiin bakka buusuun hin danda’mnegaruu,gatii obsaa qofa akka jilba ulfaatina badii uumameetiin kan murtiin kennamu jechuudha jedhaniiru..

Kun ammo ija balleessuu, harma muruu, arraba muruu ,harka muruufi kkf haala suukaneessaa ta’een miidhaa namarratti raawwachuun gumaa akka ta’e deebistoonniibsaniiru. Maqaan gumaa jedhamu kun ulfaatina badii Uumamee kan ibsuu dha.jedhaniiru..Gumaan badii bu’aa hammeenyummaa akka ta’eef kun ammoo gosa Oromoo hundaa keessatti xiiqii kan Uumu akka ta’e ibsaniijiru. Badiin Uumame gumaadha jedhamee yoo lallabame rakkoo ulfaataa gosa Arsii warra miidhaan irra gayee hundaa xiiqii qabsiisee kan hirmaachisuudha jechuun deebistoonni ibsaniiru.Gumaan sababoota adda addaa irraa kan Uumamu yoo ta’u,isaanis hinaaffaa ,fedhii dhuunfaa guuttachuuf, qabeenya dhuunfaa horachuuf, olaantummaa ofii mirkaneeffachuuf kkf irraa ka’uun walitti bu’iisi yoo Uumame baddiin suukaneessaan gumaa ta’ee lallabamu akka dhalatu ibsaniiru.

Hayyoonni akka Pilawuden 1868, Jorji F.Kater1967 namaafi lafa kitaaba jedhu keessatti sirni gadaa bu’aa sammuu hayyota Oromoo yoo ta’u sirnichi garaagarummaa dhala nama giddutti mul’atuufi walitti bu’iinsa ilmaan namaa kan araarsu akka ta’e ibsaniiru . Sirnichi seerota ittiin bulmaataa kan qaabuu yoo ta’u kanneen keessaa tokko sirna gumaa fixuun araara buusuu akka ta’e ibsaniiru.

Hayyuun Piroofeesar Asmaroom Laggasa Kitaaba Oromoo Dimookiraasii jedhu keessatti bulchiinsa sirna gadaa keessatti heeronnii fi Seeronni Oromoon baafate marti mirga namummaa wal-qixa eegamee aangoon siyaas-diinagdee wal-qixa kabajameejaalalaan waliin bulan jedha.Yaadni hayyootaafi deebiin hubannoo irratti hundaa’e kanaf-gaaffiidhaan jaarsotaafi abbootii gadaatiif dhiyaatan wal-fakkaata.Kunis gumaa jechuun badii suukaneessaa itti yaadamee raawwatame kan akka ajjechaafi qaama nama waliin dhalte hi’suufaa akka ta’e hubatameera.

Yakkoonni suukaneessaan akkanaa ammo walitti bu’iinsa hawaasa giddutti kan fidaniidha.rakkoon akkanaa xiiqii gosa Arsii keessatti Uumuun badiin biroo akka hin dhalanne sirna gumaa fixuutiin dhumuun barbaachisaa akka ta’e jaarsotaan ibsameera.[Ahimad Galatoo Qaasoo Raaboo]

Bu’aa kanarraa wanti hubatamu gumaa jechuun badii suukaneessaa itti yaadamee rawwatame kan akka ajjeechaafi qaama namaa hir’isuu yoo ta’u kun ammo sababoota adda addaa akka qabu hubatameera.

Sababoonni gurguddoo ta'an kan akka hinaaffaa,fedhii ofii guuttachuu,olaantummaa ofii mirkaneeffchuufi qabeenya dhuunfaa horchuukkf akka ta'e hubatameera. Kunneen ammoo irra caalaa rakkoolee dubartoota irratti raawwataman ta'uu fi badii gumaadhaa geessuuf karaa kan banan ta'uun hubatameera.Kanaafuu badii gumaan Uumtu suukaneessaa ta'uun hubatamee sababoonni gumaadhaaf ka'uumsa ta'an madda irraa akka dhabaman godhuuf hubannoofi leenjiin hawaasaaf kennamuun barbaachisaadha akka ta'e qorataan ni amana.

2.Gaaffi 'Badiin gumaan Uumtuufi yakki Uumu Ulfaatinaan wal-qixa.' Jedhuuf deebistoonni 15 soba yoo jedhan , deebistoonni 5 ammoo dhugaadha jedhaniiru. Gaaffii kana addaa addummaafi tokkummaa gumaafi yakkaa adda baasaa nuu ibsaa jedhamee kan gaafatameef deebistoonni 15gumaan yakka caalaa ulfaataa akka ta'eefi jilba ittiindhumtuunis gatii ulfaataa akka qabdu ibsaniiru.

Kanamaleellee gumaan badii ulfaataa xiiqii gosa hundaa keessatti Uumtuufi murtiin araaraa gosa guutuu kan hirmaachisu akka ta'e ibsameera.Yakki ammoo balleessaa xiqqaa akka hannaa,gudeeddii,daangaa dhiibuu kkf yoo ta'u, miidhaa yakka raawwatamee abbaa dhuunfaadhaan yakkichi irratti raawwatame qofatu hanga dhumaa hordofata jedhameera.

Bu'aa deebii deebistootaa kana irraa kan hubatamu,gumaa jechuun badii olaanaa daran suukaneessaa ta'e kan bakka buusuu hin dandeenyeedha. Kana jechuun lubbuun namaa bakka hin buutu, iji yoo badde deebitee hin argitu harmi yoo murame hin deebi'u ,qaamni saalaa dhiirarraa yoo murame lamuu hin deebi'u kkf badiin itti yaadamee yoo Uumame gumaa jedhamanii lallabamu. Miidhaan kanaa gadii ammoo yakka jalatti ramadamuun gatii gumaadhaa gadiitiin akka jilba isiitti araaraan dhumti jechuu dhaan manguddootaafi abbootiin gadaa Arsii bal'innaan ibsaniiru.

Kanaafuu gumaa jechuun badii daran olaanaa suukaneessaa jilbi murtii isaa ulfaatina qabuufi kan badiin uumame xiiqii gosa hundaa ta'u yoo ta'u,yakki ammoo balleessaa jilba xiqqaa qabduufikan murtiin isaa gosa hundaa hin hirmaachifne akka ta'e haalaan hubadheera. Garaagarummaan gidduu gumaafi yakkaa haala kanaan erga hubatmee gatii jllba kafaltiin itti muramttuun wal haacaalan malee lamaanuu badii miidhaa geessan ta'uufi badiin sadarkaa yakkaas ta'ee sadarkaa gumaatti uumaman irracaalaa kan dubartii irratti raawwataman ta'uun hubatamee miidhaan kamuu kan nageenya hawaasaa booressu ta'uu hubannoofi leenjiin irraatti kennamuun daran barbaachisaadha.

3-As-dhufteen gumaa fedhii qabeenya dhuunfaa horachuu fi fayidaa dhuunfaa guuttachuuf jecha wal-ajjeechaa ilmaan Arsiiti. Jedhamee kan gaafatameef deebistoonni 18 dhugaa yoo jedhan deeebistoonni 2ammoo soba jechuun deebisaniiru. Gaaffima kana taateewwaniifi sababoota As-dhuftee gumaa ta'an nuu ibsaa kan jehameef deebistoonni 12 qabeenya dhuunfa horachuun,fedhii dhuunfaa babal'ifachuun,

olaantummaafiamantaa ofii humnaan Fudhachiisuuf jecha wal-ajjechaa ilmaan Arsii giddutti raawwatamerraa akka ta'e ibsaniiru. Deebistoonni 5 ammoo sababoonni As-dhuftee gumaa ta'an hedduun isaanii hinaaffaa fi fedhii dhuunfaa guuttachuuf jecha ilmaan namaa akka wal-ajjeesaniifi haalli akkanaa kun hanga ha'aatuu kan itti fufe akka ta'e ibsaniiru.miidhaan haala kanaan uumamu baay'een ammo kan dubartii irratti raawwatamu akka ta'e bal'innaan manguddoonni kunneen ibsaniiru.

Walumaa galatti sababoonni as-dhuftee gumaa ta'an deebii manguddootaa irraa akka hubatamutti qabeenya dhuunfaa horachuu,hinaaffaa adda addaa,,fedhii dhuunfaa guuttachuuf,amantaa ofii human kan biroo irratti fe'uuf,olaantummaa ofii mirkaneeffachuuf,olaantummaa warri dhiiraa dubartii irratti fe'uuf kkf. Irraa kan ka'e walitti bu'iinsi uumamee ilmaan Arsii lamaan waan wal-ajjeesaniif gumaan uumamte akka ta'etu hubatame. Miidhaan akkanaa kun ammoo irra caalaa dubartoota irratti warren dhiiraatiin kan raawwatamu wan ta'eef badiin hammeenyummaadhaan guutame kun maddi isaa hubatamee jira.

Kanaafuu sababoota as-dhuftee gumaa kanneen hawaasni hubatee yakkoota xixiqqaa irraa hanga gumaa gayan irraa akka of-eegu leenjiin baay'ee barbaachisaadha.

4-Gaaffii 4ffaa murtiin gumaa fixuu looniin akka ta'u kan murtaa'e bara haaromsa gadaa1458 Kan jedhuuf deebistoonni 16 dhugaadha yoo jedhan deebistoonni 4 ammoo soba jechuun deebisaniiru. Gaaffima kana jilbiifi gatiin gumaa fixuu yoomiifi looniin akka kafalamu maaliif akka murtaa'e sababa waliin nuu ibsaa jedhamee kan gaafatameef deebistoonni 16 gumaa looniin fixuun kan eegalame bara haaromsa gadaa 550dura akka ta'ee fi san duraammoo namni yoo wl-ajjeese kan ajjeese du'aan adabamaa akka ture manguddoonni kunneen ibsaniiru. Nama du'aan adabuun badii irraa ittisuuf karaa yoo baneeyyuu miidhaan inni geessu ulfaataa waan ta'eef jecha, murtiin jilba gumaa fixuu loowwan dhibba kan dirri isaanii wal-qixa ta'e akka gatii obsaafi araaraa akka kafalamu murameejira.

Deebistoonni 4 ammoo gumaanbadii suukaneessaa xiiqii hawaasa giddutti uumu yoo ta'u, badiin gama kanaan uumamu araaraan fixamuun baay'ee barbaachisaa ta'ee ummanni Arsii itti fayyadamaa jira.Haata'umalee bara kam irraa eegalee akka itti fayyadmame sirritti hin beekamu jedhaniiru. Kun kanta'eef ammoo yaadonni bara Ateetee waggoota kuma kudhan dura jedhuufi yaadoonni bara 1550 jedhu yaadonni wal-makaa ta'an waan jiraniif tilmaamarraa kan hafe wanti qabatamaan kana jedhamu akka hin jirre ibsaniiru.Haata'umalee garaagarummaan yaadaa bara gumaan jalqbe irratti ni jira.Gatiin jilba gumaa fixuufihiikni ulfaataan gumaaf kenname deebistoota hunda birattuu kan wal-fakkaatu akka ta'etu hubatame.

Bu'aa deebii deebistootaa kanrraa wanti hubatamu murtiin gumaa fixuu bara 550 dura bara haaromsaa gadaa akka ta'eefi ajjechaa ajjeechaadhaan fixuun hafee jilba badii uumameetiin gatiinobsaa loowwan

Oromoon jaalatuun  akka ta'u hayyoonni  Oromoo Arsii bara haaromsa gadaa1458 akka murteessanqorataan hubateera.

Murtiin kun loowwan dhibbaan akka dhumu murtaa'ullee hiika garagaraa itti kennuudhaan gatiin jilba gumaan ittiin fixamtuu gama koorniyaatiin kan w al-caalu ta'ee akka mul'atuu fi gatiin jilba gumaaittin fixan kan dhiiraa akka caalu manguddoonni Ar sii kunneen ibsaniiru.

Kanaafuu hayyoonni Oromoo Arsii bara haaromsa gadaa murtii gumaa fixuu loowwan dhibba dhiibuu haamurteessan malee wanti yeroo san adda baasuudhaan jilba gumaa fixuu dubartiif loowwan shantama murameef hin jiru jedhameera.Kun hubatamee garaagarummaan murtii jilba gumaa fixuuwanta qabtamaa ta'e waan hinqabneef hubannoofi leenjiin hawaasaaf kennamuun barbaachisaadha jechuun hayyoonni kunneen ibsaniiru..

5-Adeemsa gumaa fixuu keessatti  garaagarummaan gama koorniyaatiin mul'tu hin jiru. Gaaffii jedhamee gaafatameef  deebistoonni 17 soba yoo jedhan  deebistoonni 3 ammoo  dhugaa jedhaniiru.Gaaffima kana adeemsa gumaa fixuu Oromoo Arsii keessatti tokkummaafi garaagrummaan jiru maal akka ta'e hubannoo qabdan irratti hundaa'uun  mee nuu ibsaa jedhamee kan gaafatameef tokkummaa caalaa garaagarummaa isaattu baay'ata kan jedhan deebistoota 17 yoo ta'an deebisttoonni 3 ammoo  garaagarummaa irra tokkummaa isaattu caala jedhaniiru.

Deebisttoonni garaagarummaa koorniyaattu caala jedhan sababa yoo ibsan bulchiinsa sirna gadaa keessatti ilmaan kormaa aangoo olaanaa ta'e gonfachuudhaan  biyya bulchuu ,murtii kennuu ,abbaa gadaa ta'uufi  h ojiilee ulfaataadha jedhaman hundaa  ofitti fudhachuun danda'amee ture.kun ammo olaantummaa dhiiraa waan mirkaneesseef  warri dhiiraa qabeenya dhuunfaa horachuu irra darbanii murtii falaasama dhiirotaa qofaan murtii gama koorniyaatiin loogii qabu hedduu murteeffataniiru. Deebistoonni sadi ammoo imaan namaa uumaan saala dhiiraafi dhalaa garagara godhee gonfachiisullee mirga namummaa  uumamaan wal-qixa kan qaban akka ta'e ibsaniiru.

Bu'aa kanarraa kan hubatamu  deebistoonni harki caalu  gatiin gumaa fixuu kan warra dhiiraa  kan dubartii akka caalu ibsaniiru. Kun kan ta'eef sababoota bara bulchiinsa sirna gadaa keessatti aangoon olaanaa ta'e  kan akka biyya bulchuu,murtii kennuu,abbaa gadaa,abbaa bokkuu, loltummaa,qabeenya dhuunfaa horachuu kkf warra dhiiraatiif kennamuun garaagarummaan kun akka uumamu karaa bal'aa saaqeera jedhaniiru.yeroo saniif haala mijataa hin turreef murtiin loogummaadhaan guutame murtaa'ullee hanga har'aatuu garaagarummaan mul'achuun gufuu guddaa akka ta'e qorataan hubateera.

Qoonni haala mijataa baroota bulchiinsa sirna gadaa keessatti warra dhiirotaatiif kenname gahee dubartiin uumamaan gonfatte kan akka ulfaa'uu, da'uu daa'imman kunuunsuufiabbaa warraa kunuunsuutiin waan qabamtuuf kun ilaalcha keessa galee ture. Kun dhugaa utuu ta'uu ,xiyyeeffannaa dhabee hanga ammaatuu garaagarummaan gidduu koorniyaa bal'atee mul'chuun dogongra seenaa akka ta'e qorataan hubateera.

Women usually have less access than men to property owner ship to be politically active and fare more likely tobe victims of domestic violence. [ Women and children of Oromiya affaires beauro 2002 ] kanke Haka.

Kanaafuu dogong orri garaagarummaa koorniyaa uume kun wanta qabatamaa tokkollee akka hin qabneefi kan qaroomina bara kanaa waliin hin deemne akka ta'e qorataan hubateera. Kun hubatamee qaamonni miga dubartootaa kabachiisuuf qabsaa'an hundi maddoota garaagarummaa uuman kanniin wanta qabatamaa tokkoollee akka hin qabneefi kan guddinna sirna dimookiraasii gufachiisu ta'uu hubatee hawaasa hundaa hubachiisuun barbaachisaa akka ta'e qorataan haalaan hubateera.

6-Gaaffii ;GatiinGumaa fixuuf kafalamu gama koorniyaatiin dhiiraaf dubartiifillee wal-qixa loowwan dhibba dhiibuudha.'kan jedhuuf deebistoonni 17 soba jechuun yoo deebisan deebistoonni 3 ammoo dhugaadha jedhaniiru.Gaafima kana gatiin saala lameeniifuu loowwan meeqaan kafalama? Sababa waliin nuu ibsaa jedhamee kan gaafatameef deebistoonni 17 dhiiraaf loowwan dhibba dhiibuu dubartiif ammoo loowwan shantama qofatu kanfalam a jedhaniiru.sababa gatiin kun wal-caaleef yoo ibsan dubartiin heerumte gatiin looniin warra irraa dhalatteefi warra itti heerumteef wal-qixa kafalamaaf kan jedhaniifi sababa qooda olaanaa gahee hojiilee ulfaataa jedhaman warra dhiiraatiif kennameef akkuma rakkoolee hedduuf saaxilaman hundaa murtiin kafaltii gatii gumaa fixuu kan dhiiraa akka caalu murtaa'eera jechuun deebisaniiru.

Kana maleellee bara haaromsa gadaa dura namni walitti bu'ee yoo wal-ajjeese namni yakka uumesun du'aan adabama ture .Boodarratti ammo adabbiin akkanaa miidhaa caalu waan fideef namni nama ajjeese gatii obsaa warra miidhamaatiif kafaluudhaan akka araaramu bara haaromsa gadaatiin booda waan murtaa'eef ilmaan Arsii lamaan wal-ajjeesan gumaan loowwan dhibbaan fixates ture. Gumaan sun ammo kan dhiiraa ture' kana booda haaluma kanaan gumaan dhiiraa hanga har'aatuu loowwan dhibbaan kafalamaa jira.Haata'u malee gatii gumaa fixuu kan dubartii wanta qabatamaa hin taane irraa ka'uun walakkaadhaan gadi bu'amee yoo kafalamu ni mul'ata .kun ammo olaantummaa dhiiraa guddisuu irraan kan ka'e malee qabatama tokkollee akka hin qabne manguddoonni kunneen ragaa bayaniiru.

Deebistoonni sadiin dhiiraafi dubartiifllee wal-qixa loowwan dhibbatu kafalamaaf jedhan sababa yoo ibsan gatiin yoo qamni nama kamiiyyuu balaa gumaatiin uumame kafalamu wal-qixa. Gatiin ijaa,

harkaa,harmaa,saala dhiiraa yoo muran  kkf jilba wal-qixa ta'een gumaan kafalama waan ta'eef gatiin lubbuu namaallee wal-qixa kafalama jechuun deebisaniiru.kun utuu ta'uu qabuu  ilmi namaa dogongora garaagarummaa gama kafaltii gumaa fixuutiin uumee jira jechuun manguddoonni kunneen ragaa kennaniiru.

Walumaa galatti deebii deebistootaa kanarraa kan xiinxlamu Oromoon Arsii jaalala dubartiif qabu afaaniin ibsuu irra kan darbee qabatamaan warra dhiiraatiin wal-qixxeesse baay'ee hin mul'atu. Garaagarummaa mul'atu keessaa garaagarummaa gatii gumaan itti fixamtu kan dhiiraa loowwan dhibba dhiibuu ta'ee kan dubartii ammo loowwan shantama qofa ta'uun garaagarummaa koorniyy gar-malee kan bal'ise akka ta'e qorataan hubateera.

Kanaaafuu wantii qabatamaan nama amansiisu tokkollee akka hin jirre hubatamee ilaalchonni boodatti hafaa ta'an kan garaagarummaa gumaa fixuu gama koorniyaatiin uuman kunneen xiyyeeffannaan itti kennamee leenjiifi hubannoon hawaasa keessatti uumamuun baay'ee barbaachisaa akka ta'e qorataan ni amana.

Bu'aa kanarraa wanti xiinxalamu maddi rakkoo garaagarummaa gumaa fixuu gama koorniyaatiin uumame hojilee ulfaataa dhiiraan qofa hojjatamuu qaban jedhamee sirna gadaa keessatti mrtaa'an akka ta'etu amanama,akka hayyuun qorattuun jedhanitti sirni gadaa qooda biyya bulchuu,abba gadaa ta'uu, abbaa murtii ta'uu ,kkf aangoo hundaa ilmaan kormaatiifkennee ture,['Sa'aadaa Kadiir 2002] Dubrtootaafi sirna Gadaa.

Murtiin kun haala mijataa yeroo san hiturre keessatti dubartiin bu'aa-ba'ii  ceetee ,qorraafi aduu dandamattee  biyya bulchuun ulfaataa akka ta'e hubatameeti, kanamaleellee qooda uumamaan gonfatte ulfaa'uu, da'uu, daa'imman kunuunsuufi kkf fe'aa dubartii waan ta'eef  yeroo san kun yaadameeti.

Kun yeroo saniif  dhugaa ta'ullee ilaalcha wal-makaa hawaasa keessatti hanga ammaajiruufiilaalcha maatiin uumate ijoollee dhiiraafi dubaraa  gama qabeenya qooduufii keessatti wal-caalchisee dhiiraaf dabarsee kennuu faa rakkoolee hedduu of keessaa waan qabuuf  ammallee garaagarummaan bal'atee akka mul'atu qorataan hubateera. Kun hubatamee rakkooleen madda garaagarummaa ta'an  hundi hubannoofi leenjiin irratti kennamee hawaasni hundi gama kanaan jijjiirama amalaa fiduun barbaachisaa akka ta'e qorataan ni amana.

7-Gaaffii '" Akaakuun  gumaa gumaa gurraattiifi danuu qofa.' Jechuudhaan kan gaafatameef deebistoonni af-gaaffin kun gaafatame 2o hundinuu dhugaadha jedhaniiru.gaaffima kana gosoota gumaa sababa waliin nuu ibsaa jedhamee kan gaafatameef manguddoonni martinuu gumaan

badii itti yaadamee raawwatamu kan akka ajjechaa lubbuu namaafi qaama namaa hir'isuufaa yoo ta'u kunis gumaa gurraattii jedhamee waamama jedhaniiru.maqaan kun eddo adda addaatti moggaasa maqaa biroollee ni qaba.haata'u malee maqaa garagaraa qabaatullee gochaan suukaneessaan hammeenyaan guutame kan akka ajjeechaa lubbuu namaa erga itti yaadamee raawwatamee badii olaanaa gosa Arsiihundaa dallansisu akka ta'eibsameera.

Gumaan danuujedhamu ammo miidhaa geessuuf itti yaadamee utuu hin taane tasa ajjeechaan lubbuu namaa yoo uumame badiin akkanaa danuu jedhama . wanti tasa miidhaa ta'ee uumame ammoo wanta dogongoraan raawwatame waan ta'eef kan gosa dallansiisuu miti.Haata'umalee gama kanaan miidhaan dubartii irratti raawwatamu laayyoo akka hintaane ibsameera.kunis miidhaa abbootii warraa ykn warra dhiiraatiin dubartii irratti raawwataman akka ta'e hayyoonni af-gaaffii kanarratti ragaa kennan ibsaniiru. Abbaan warraa niitii ofii reebuudhaan miidhaa qaamaa irraa hanga ajjeechaa lubbuu yoo geessu sababa kanaan dubbiin gumaajedhamtee yoo lallabamte gosti lamaan walitti buuti soda jedhurraa kan ka'e haala dubartiin takka itti duuteen dhoksuun darbeedarbeebaay'achuu dhabullee ni mul'atajechuun hayyoonni kunneen ibsaniiru.

Bu'aa kanarraa wanti hubatamu gumaan akaakuu lama yoo ta'u gumaan itti yaadamee ajjeechaan lubbuu namaa raawwatame ykn miidhaan qaama namaa hir'isuu yoo raawwatame badii suukaneessaa waanta'eef gosa Arsii hundaa kan dallansiisu akka ta'eefi danuun ammoo miidhaa tasa utuu hin yaadin raawwatame akka ta'e qorataan hubateera.Gatii gumaan itti dhumtu ammo jilbaan kan wal-caalan yoo ta'u kunis gumaan gurraattiin itti yaadamee kan raawwatame waan ta'eef jilba ulfaataa loowwan dhibbaan kan fixamtuufi danuun ammo jilba xiqqaa ta'een kan dhumtu ta'uu qorataan hubateera. Kanamaleellee gumaa araaraan fixachuun dirqama yoo ta'u fixachuu dhabuun ammo qe'ee irraa buqa'uufi haaloo hanga gosa hundaa hirmaachsuu walirratti bayou akka geessuu danda'u qorataan hubateera. Kanaafuu miidhaa xiqqaas ta'ee guddaa walirratti geessuun akka OromooArsiitti kan balaaleffatamuufi rakkoon ulfaataa ta'e kan akkanaa yoo uumame gumaan fixachuuf ulfaataa akka ta'e qorataan hubateera. Kun hubatamee namni kamiiyyuu yakka kamiiyyuu dalaguu irraa akka of-eegu hubannoofileenjiin utuu kennamee barbaachisaa ta'uu qorataan ni amana.

8-Gaaffii " ilaalchi maatiifi hawaasichi wal-qixxummaa ijoollee isaanii dhiiraafi dubara irratti gama hundaanuu qaban wal-qixa." Kan jedhamee gaaffatameef deebistoonni 15 soba yoo jedhan deebistoonni 5 ammoo dhugaadha jedhaniiru. Gaaffima kana ilaalchi maatii uumateefi hawaasa

Oromoo Arsii ijoollee ofii uumatan dhiiraafi dubaraaf qabu gama hundaanuu wal-qixxummaa irratti, qabeenya qooduu irratti ,carraa barnootaa wal-qixa akka argatan godhuurratti kkf irratti maal fakkaata ? mee wal-qixa ykn wal-makaa godhee yoo kan ilaalus ta'e sababa waliin nuu ibsaa jedhamee kan gaafatameef deebistoonni 15 ilaalcha wal-makaa ta'etu mul'ata yoojedhan deebistoonni 5 ammoo ilaalcha wal-qixa ta'etu mul'ata jedhaniiru.

Deebistoonni ilaalcha wal-makaa ta'etu mul'ata jedhan sababayoo ibsan maatiin kamiiyyuu utuu ilma dhiiraa argateeirra caalaa hawwa .Hatillee utuu ilma deettee jaalatti.abbaan warraallee utuu niitiin isaa ilma dhiiraa deettee irra jaalata. Gostillee yoo ilmi dhiiraa baay'innaan dhalate jaalata .kun kan ta'eef ammo ilmi dhiiraa qe'ee abbaa isaatti hafa, ilmi dhiiraa yoo jiraate alagaafi diinnillee nama hinseetu,diinni namatti hin ori'u ,ilmi dhiiraa abbaafi gosaafillee irkoodha.jedhaniiru.

Dubartiin ammo alagaaf dhalatte waan ta'eef deemtee alagatti heerumuun dirqama uumamaati.kana maleellee hojiilee ulfaataa ilmi dhiiraa hojjachuu danda'aniifi dirqama dhiirri bayou danda'u hundaa bayou hindanda;an.kanaaf jecha maatiin uumateefi hawaasichi ilaalcha wal-makaa qabaachuu danda'e jedhaniiru kana jechuun ijoollee durbaa jaalachuun utuu jiruu qabeenya qooduufii irratti ,carraa barnootaa hanga yoo qe'erraa fagaattee deemte faanaa bu'anii barsiisuu irratti kkf hundaa qixa ilma dhiiraa hingodhaniif.jechuun deebisaniiru.

Deebistoonni 5ilaalcha wal-qixa ta'etu mul'ata jedhan ammo maatiin waan uumate dhiiraafi intalallee wal-qixa ilaala jedhaniiru.intalaaf geegawoo kenna ilma dhiiraa geegawoon itti fuudhajedhaniiru.Miidhaan yoo dhqabe dhiiraafi intalallee wal-qixa gumaa n akka dhumtu hordofama jedhaniiru.

Bu'aa deebii deebistootaa kanarraa wanti hubatamu ilaalchi maatii uumateefi hawaasichaa wal-makaa ta'uu isaattu bal'innaan mul'ata.

Kana jechuun ijoollee uumatan dhiiraafi intalallee ni jaalatu .Garuu irra caalaa ilma dhiiraairratti abdii guddaa qabu .kana waan ta'eef qoonni ilma dhiiraa olaanaa akka ta'e qorataan hubateera.

Kanaafuu ilaalchi wal-makaan gama maatiifi hawaasaa Oromoo Arsii ijoollee uumatan dhiiraafi dubartii wal-qixa jaalatanillee ilma dhiiraa ammo baay'ee caalchifachuun abdatan waan ta'eef qooda caalu ilma dhiiraatiif kennu.kun ammoogaraagarummaa qabeenya maatii qoodamuu,

carraa barnootaa dursa dhiiraaf kennuu,miidhaa dubartii irratti raawwatamuuf gatii wal-madaalu gaafachuu dhabuufi kkf irratti ilaalchi maatiifi hawaasichaa wal-makaa akka ta'e hubatamee qaamonni miga dubatii kabachiisuuf faanaa bu'an hundinuu hubannoofi leenjii hawaasaaf kennuun baay'ee barbaachisaa akka ta'e qorataan ni amana.10"-Miidhaan qaama hir'isuu irra hanga ajjeechaa lubbuu sababoota hojiilee ulfaataa warri dhiirotaa hojjataniif dhiirotarratti raawwataman.'" Gaaffii jedhuuf deebistoonni 16 soba yoo jedhan deebistoonni 4 ammoo dhugaa jedhaniiru .Gaaffima kana balaan xiqqaa irraa hanga olaanaa dhiiraafi dubartii keessaa irracaalaa kamirratti raawwatama ? Mee sababa waliin nuu ibsaa kan jedhameefillee deebistoonni 16 dur irraayyuu kaasee hojii ulfaataas ta'ee hojii salphaa yoo hojjatanis miidhaan guddaan warra dubaraa irra akka gayu yoo ibsan miidhaaleen xixiqqaa irraa hanga miidhaalee gurguddaa qaama hir'isuu irraa hanga ajjeechaa lubbuu baay'innaan dubartootarratti akka raawwatamuufi kun ammo warra dhiirotaatiin kan raawwatamu ta'uu bal'innaan ibsaniiru.

Gama biraatiin deebistoonni 4 yeroo baay'ee miidhaan qamaas ta'ee miidhaan ajjeechaa lubbuu warra dhiiraa irratti akka raawwatamuufi kunillee sababa warri dhiiraa hojiilee ulfaataa akka loltummaa ,qabeenya horachuun maatii bulchuuf dhama'uufi kkf irraa kan ka'e warri dhiiraa irra caalaa ofumaa walitti bu'uudhaan miidhaa akka wal-dhaqabsiisan ibsaniiru.

Bu'aa kanarraa wanti hubatamu miidhaaleen xixiqqaa reebicha irraa hanga miidhaalee gurguddoo qaama hir'isuu irraa hanga ajjeechaa lubbuu yeroo baay'ee dubartoota irratti kan raawwatamuufi badiin uumamu kunneenis warra dhiirotaatiin kan dubartii irratti raawwataman akka ta'e qorataan hubateera.

Kanaafuu maddoonni miidhaalee kanneenii ilaalcha hawaasichi dubartii irratti qabu isa wal-makaa ta'erraa waan ka'eef ilaalchi kunneen yoo sirraa'ee dubartiin haalaan barattee diinagdee dhaan yoo of-danddeette miidhaaleen dhiirotaan dubartii irratti raawwataman kunnen ni hafa kan jedhu qorataan ni hubata. Kun hubatamee qaamonni mirga dubartootaa f dhaabbatan madda rakkoolee kanneenii hubachuun hubannoo irratti kennuun baay'ee barbaachisaa akka ta'e qorataan ni amana. Miidhaalee hanga ajjeechaa lubbuu dubartootarratti raawwataman ragaa W/Haqaa G/Arsii irraa argame dabalee {-E-] ilaalaa.

Walumaagalatti deebii manguddootaafi abbootii gadaa  Arsii irraa milkaa'ina qorannoo kanaatiif ragaan hubannoo irratti hundaa'e deebiin itti kennameejira.Bu'aa kanarraa  kan hubatamu akkaataa armaan gadiitiin xiinxalameera.

Af-gaaffii  qorannoo kanaaf deebii quubsaa ni ta'a  jedhamee yaadamee manguddootaafi abbootii gadaa Oromoo Arsii kan G/Arsii A/xiyoo keessa jiraatan  irraa deebii hubannoo irratti hundaa'e argamee jira.kunneenis gaaffilee ,maalummaa gumaa,As-dhuftee gumaa,Garaagarummaa gumaa fixuu Oromoo Arsii gama koorniyaatiin mul'atu,Akaakuu gummaafi maddoota garaagarummaa gumaa uuman irratti  gaaffillee dhugaaykn soba jedhaa deebii sirriidha jettanii itti amantan  nuu deebisaa jedhameefi gaaffima kanneen  irratti yaada qabdan  sababa quubsaadha jettanii yaaddan waliin mee nuu ibsaa jedhamee kan gaaffatameef man guddoonni digdama ta'an kunneen sababa waliin deebii quubsaa ta'e deebisaniiru.

Gumaa jechuun badii itti yaadamee ,itti qophaa'amee raawwatame kan akka ajjeechaa lubbuu namaa,qaama namaa hir'suufi qabeenya barbadeessuufaa akka ta'e ibsameera.Badiin akkanaa ammo kan gosa Arsii mara dallansiisuufi kan xiiqii qabsiisu akka ta'e bal'innaan ibsaniiru.

As-dhuftee gumaa ilaalchisee ammo ilmaan Arsii sochii guyyaa guyyaan  godhaniifi walitti dhufeenya hawaasummaa keessatti  akkasumas sababoota qabeenya dhuunfaa horachuufi hinaaffaa kkf irraa ka'uun walitti bu'anii waan wal-ajjeesaniif gumaan dhufte jechuun ibsaniiru

Gama garaagarummaa gumaa fixuutiin ammoo gatiin obsaa kan araaraafjedhamee gumaan kafalamu hanga har'aatuu dhiiraafi dubartiif kan wal-caalu  akka ta'eef kunis dhiiraaf walakkadhaan akka caalu ibsameera.

Akaakuun gumaa lama akka ta'eef ,, kunis gumaa gurraattii fi danuu akka ta'e ibsaniiru.kana jechuun gumaa itti yaadamee badiin suukaneessaan akka ajjeechaa lubbuu fi qaama namaa hir'isuu faa gumaa gurraattii yoo ta'u gatiin gumaa akkanaa ittiin fixatan  baay'ee ulfaataafi fixachuunis gosaan wajjiin akka ta'e ibsaiiru.kun kan ta'eef balleessaan ilma gosaa kan gosa maraa akka ta'etti murtiin waan jiruuf jedhameera

Gama biraatiin danuu kan jedhamu ammo miidhaa xiqqaa irraa hanga badii ajjeechaa lubbuu namaa  utuu itti hin yaadin tasa yoo raawwatame danuu jedhama jechuun deebisaniiru.Danuun jilba xiqqaa ta'een akka dhumtu ibsaniiru.Haata'umalee dabree dabree miidhaan dubartii irratti

raawwatamu hedduun isaanii abbaa warraatiin ennaa raawwatamu danutti kan hiikkaman jiraachullee ibsaniiru.kun ammo gumaan ulfaataafi walitti dhufeenya gosa lameenii booressa soda jedhurraa kan ka’e dhugaa dhoksuudhaan danuudhaan akka fixamtuufi kun cubbuu guddaa akka ta’eefi irraa baratamuun barbaachisaa akka ta’e ibsaniiru.

Maddoonni garaagarummaa gumaa gama koorniyaatiin kan jiru ta’uufi kunneen ammo wanta qabatamaa tokkollee kan hin qabne akka ta’an bal’innaan ibsaniiru.walumaagalatti gumaan badii suukaneessaa itti yaadamee ykn itti qophaa’ameeraawwatamuufi badiin akkanaa ammo kan xiiqii fi dallansuu uumuun gosa hundaa hirmaachisu akkata’e qorataan hubateera.

Gamabiraatiin As-dhufteen gumaa fedhii dhuunfaa guuttachuuf jecha,qabeenya dhuunfaa horachuuf jecha ,olaantummaa ofii mirkaneeffachuuf,amantaa ofii kan biroo irratti humnaan fe’uuf jecha kkfirraa ka’uudhaan sochii guyyaa guyyaan raawwatamu keessatti ilmaan Arsii lamaan walitti bu’anii waan wal- ajjeesaniif gumaan akka uumamteefi kun ammo xiiqiidhaan guutamanii hammeenya biroo akka walirratti hin raawwanneef jecha akka gatiin obsaa gumaa fixuun dhu mtu murtiin jilba gumaa fixuu murtaa’ee jiraachuu qorataan hubateera.

Kanamaleellee akaakuun gumaa lama ta’uufi gumaa gurraattii itti yaadamee raawwatameefi danuu ykn kan utuu itti hin yaadin tasa raawwatame akka ta’eefi gatiin jilba itti dhumtuullee kan wal caalu akka ta’e qorataan hubateera.kana keessatti miidhaan abbootiin warraa dubartoota irratti geessitu dabree dabree dhugaa dhoksuudhaan danuu jedhamtee akka dhumtuufi kun ammo wal-qusachuu gosa lameenii akkasumas soda ulfaatina gumaa irraa kan ka’e walitti dhufeenyi gosa lameenii akka hin jeeqamne yaadamee akka ta’eqorataan hubateera.Haalli akkanaa ammo miidhaa dubartoota irratti raawwatamu kan hammeessuufi garaagarummaa gidduu koorniyaa kan bal’su akka ta’e qorataan hubateera. Gama maddoota garaagarummaa gumaa gama koorniyaatiin uumaniitiin ammo sababoonni jedhaman kan akka hojiilee ulfaataa irratti warri dhiiraa waan bobba’aniifi balaadhaafillee bal’innaan waan saaxilamaniif qoonni gatii gumaa fixuu kan warra dhiiraa caaluu danda’e jechuun deebii irra caalaa kenname gahee dubartiin itti fufiinsa dhala namaa keessatti qabdu waliin kan hin madaalamneefi kan loogumaa of keessaa qabu akka ta’e qorataan hubateera.kanaa achillee faayidaan gumaa fixuu olaanaa akka ta’eefi erga gatiin gumaa kafalamee booda walitti dhufeenyi hawaasaa kan deebi’ee cimu akka ta’e qorataan hubatera.

Kanaafuu walitti bu'iinsi balaa nageenyaafi gufuu guddinnaa waan ta'eefiOromoon Arsii maddoota badii uuman hundaa dursee hubachuudhaan dursee balaa kan ofirraa ittisuufi sababa humnaa ol ta'een yoo badiin uumames goa waliin ta'uun gumaa kan fixatu akka ta'eqorataan hubateera. Kun hubatamee maddoonni hubannoo dhaburraa kan ka'e rakkoo garaagarummaa uuman hundarratti qamonni mirga wal-qixxummaatiif dhaabbatan hubannoofi leenjii kennuun daran barbaachisaa akka ta'e qorataan ni amana

Ummatni Arsii abbaa gadaa kan mataa isaa qaba.abbaan gadaa Arsii kun Ahimad Galatoo jedhamu.maalummaa gumaafi jilba gumaa kan murteessan hayyoota Arsii kan sirna gadaa keessatti Odaa Roobaa jalatti seera tumaniidha. Seeronni yeroo san tumaman 3692 yoo ta'u kanneen keessaa irra caalaan maalummaa gumaa fi jilba gumaan itti fixamtuudha jechuun abbaan gadaa kun ibsaniiru. kana jechuun gumaan baddii ykn miidhaa uume yoo ta.uu innillee gumaa fi gum-fakkii ta'ee murtii argata jedhaniiru. kun ammo gumaan torba yoo ta'u gum-fakkiinillee torba akka ta'e ibsaniiru. Kana jechuun gumaan lubbuu namaa ajjeesuu, ija balleessuu, arraba ,harka , gurra , harma ,qaama saalaa kan dhiiraa kkf muruu akka ta'e yoo ibsan gum-fakkin ammo miidhaa hubaatiin isaa gumaadhaa gadi ta'e jechuun ibsaniiru. Gumaan itti yaadamee ajjeechaan lubbuu yoo raawwatame gumaa gurraattii akkata'e hayyuun abbaan gadaa kun ibsaniiru.

Walumaagalatti gumaan itti qophaa'amee ajjeechaan raawwatame yoo ta'e gosti badii uumte sun abbaa gadaa ykn abbaa bokkuu bira dhaquudhaan nurraa fixaa jechuun kennatu. Kana booda maddi rakkoo uumamee qoratamee akka jilba isiitiin murtiin itti kennama .yoo gumaa fiichata ta'e loowwan dhibbaan gumaan akka fixamtuu fi yoo gum-fakkii ta'e ammo loowwan shantamaan akka fixamtu ibsaniiru.

Bu'aa kanarraa kan hubatamu deebiin af-gaaffii jaarsotaa,deebiin ibsa abbaa gadaa fi deebiin gaaffilee bar-gaaffi kan hayyoota hubannoo qaban irraa argamen wal-fakkaata . Kanaafuu gumaan gocha suukaneessaa gar-jabumaadhaan guutame kan akka ajjeechaa lubbuu fi kan akka qaama hir'isuu kkf akka ta'ee fi gum-fakkiin ammo miidhaa gumaadhaa gadii akka ta'e qorataan hubateera.kanamaleellee gumaan sababoota fedhii dhuunfaa, hinaaffaa ,qabeenya dhuunfaa horachuu fi kkf irraa ka'uudhaan ilmaan Arsii waan wal-ajjeesaniif miidhaan biro akka hin uumamneef jecha gumaan jilba miidhaa raawwatameetiin akka fixamtu seeronni Arsii hunda waliigalchu Odaa Roobaa jalatti bara haaromsa sirna gadaa akka tumame qorataan hubateera.

## 4.2 Qaaccessaa Ragaa  Bar-Gaaffii

Gabatee 1.  Maalummaan gumaa akka Oromoo Arsitti akkamiin ibsama?

| T.L | Hangaa | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Yakka Ola’aanaa ajjeechaa lubbufi qaama namaa hir’isuuffa | | Yakka ol’aanaa qabeenya barbadeessuu | | Yakkootaittiiyaadamee rawwaatamee Xixiqqaa | | Dimshasha | | | |
| | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | W/q | % | | |
| | 75 | 75 | 15 | 15 | 10 | 10 | 100 | 100 | | |

1.Gaaffii tokkoffaa  armaan olittii bar-gaaffiidhaan gaafatamanif  deebistonni gumaa jechuun yakka ol’aanaa ittii yaadamee ballleessuuf jecha rawwatame kan akka ajjeechaa lubbuu namaa, qamaa namaa hir’isuu fi qabeenya barbadeessuun gumaa akka ta’e ibsameera.Kana jechuun  bar-gaafii  dhiyateef deebistoonni <u>**75 (% 75**</u>)gumaan yakka ajjeechaa lubbuu namaafi qaama hir’isuu akka ta’e ibsaniru. Kana maleellee deebistoonni **15 (% 15** gumaa jechuun yakka ol’aanaa qabeenya barbadeessuu kan jedhan yoo ta’uu, deebistoonni **10(%10**)gumaan yakka  itti yaadamee rawwatame jedhameera.

Walumaa galattii deebstonni  90(%90) gumaa jechuun badii suukanessaa ajjeechaa lubbuu namaa , qaama namaa hir’isuu fi qabeenya namaa itti yadamee barbadeesuu akka ta’e deebii wal-fakkatu deebisaniiru. Deebstoonni 10 (% 10) gumaa jechuun yakka itti yaadamee  rawwatame jedhaniiru. kun dhugaa ta’uu deebii deebistootaa kan jaarsolii,hayyootaafi, abbootii gaadaa dabalee (Afi B) ilaalaa.

Bu’aa kanarraa kan hubatamu gumaa jechuun akka Oromoo Arsiitti yakkoota itti  yaadamee balleessuuf jecha rawwaatame kan akka  ajjeechaa lubbuu nama,qaama namaa hir’isuufi qabeenya namaa ykn qabeenya biyyaa balleessuu ta’uu deebistoota lakkofsaan olaanaa ta’aniin dhugoomeera.Kanaafuu namni kamiyyuu ittii yaadee  balleessuuf jecha lubbuu namaa yoo

ajjeese yookaan qaama namaa yoo hir’ise akkasumas qabeenya nama dhuunfaa ykn qabeenya biyyaa yoo manacaase yakka olaanaa gatii gumaa kafala jechuudha.

Balleessaan akkanaa ammoo maatiifi gosa namaallee gar-malee darara. kun hubatamee namni kamuu yakka xiqqaas ta’ee, badii olaanaa akka gumaa irraa of eeguufi maatiifi firoota isaa hundaa cimsee eeguun barbaachisaadha.Gumaan namaa tokkotti galte jechuun badiin olaanaafi suukaneessaan akka lubbuu namaa ajjeessuu dhaqqabe jechuudha. Kun ammoo itti yaadamee yoo badiin uumame jilba guddaa ta’een gumaan fixama. Kana ta’uun hubatamee Oromoon Arsii namni kamiyyuu badii uumurraa of-eega waan ta’eef nageenyaafi walitti dhufeenya hawaasaa eeguuf gumaa jilbaan fixuun barbaachisaa akka ta’e qorataan hubateera. Akka hayyoota (pilaawudeen 1868,joorjiif,kar ter 1967)kitaaba namaafi lafa jedhu keessattii akka kaasanitti,sirni gadaa bu’aa sammuu hayyoota Oromoo ta’ee gargarummaa dhalaa namaa gidduuttii mul’atu seerota ittiin araarsu kan qabu sirna dimookiraasii dhugaa akka ta’eefi yoo walittii bu’iinsii uumamellee dafee kan fala kennu ta’uu ibsa.

Yanni deebii deebistoota gumaan badii suukanneessaa ittii yaadamee dalagame yoo ta’uu, garaagarummaan sababa walitti bu’iinsaa yoo kan uumamuu ummanni Arsii seerota sirna gadaatiin tumaman fayyadamee araara fide kan jedhuuf yaadonni hayyoota pilaawudeen 1868,JorjiF,Kaarvter 1967) kitaaba namaafi lafa jedhu keessattii kaasan tokko waan ta’eef qorataan argannoon qorannoo gumaa jechuun badii ykn yakka suukaneessaa ittii yaadamee lubbuu namaa ajjeesuu irraa hanga qabeenyaa fi qaama namaa hir’isuu hunduu gumaa akka jedhamu qorataan hubateera.

**Gabatee 2. As-dhuftee gumaatiif sababa kan ta’an akka Oromoo Arsii maali?” jettu. Ykn As-dhufteen gumaa maali?**

| T.L | **Hanga** | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | **A** | | **B** | | **C** | | **D** | | **E** | | |
| 2 | Ilmaan lamaan Oromoofi alagaa waan wal ajjeesaniif | | Wal-ajjeechaa ilmaan Oromoo bara Ateetee | | Wal-ajjeechaa ilmaan Arsii lamaaniin rawwatame | | Wal-ajjeechaa ilmaan kuushii lamaan | | Hubannoo gahaa ta’e hin qabu | | Dimshasha | | |
| | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | W/q | % | |
| | 3 | 3 | 5 | 5 | 75 | 75 | 3 | 3 | 14 | 14 | 100 | 100 | |

2.Gaaffii 2ffaa,”As dhuftee gumaatiif sababa kan ta’ani akka Oromoo Arsitii maalii? Kan jedhamef,rageessitoonni 3(%3) wal ajjeechaa ilmaan Oromoofi alagaa gidduuttii umamee sababa yoo jedhani deebistooni 5(%5) wal–ajjeechaa ilmaan Oromoo bara Ateete akka sababa ta’e ibsaniru. Gara biraatiin deebistooni bar-gafii kanarratti deebistoonni 75 (% 75)sababni As-dhuftee gumaa wal-ajjeechaa ilmaan Arsii lamaaniin walirratti raawwatame yoo jedhan,deebistoonni 3(% 3) wal ajjeechaa ilmaan kuush lameen jedhaniiru. Deebistoonni 14 (%14)ammoo hubannoo hinqabbu jechuun deebisan.

Kanarraa yoo kaanu deebistoonni bar-gaaffii harki baay’ee olaanaa ta’an,sababa kan jedhan wal-ajjeechaa ilmaan Arsii lameen jechuun, ilmi abbaa isaatiif tokkicha ta’e ilma biroo waan ajjeessef gumaan dhufte jedhaniru. Kun ammoo sababa waliin yoo ibsamu waggoota 550 dura nama nama ajjeese tokko haaluma wal–fakkaatuun ajjeefadhaa, jedhamee gosti akka kennitu yoo ta’u namni nama ajjeese du’aan adabama ture.

Guyyaa keessa ilmi abbaaf tokkicha ta’e ilma nama biroo yoo ajjeesu du’aan yoo adabame abbaa isaa sanyiin ni citti sodaa jedhu irraa kan ka’e murtiin jilba gumaa fixuu loonin muratee ture. Kanaafuu, horii dhibba dhiibuu gumaa fixachuuf akka kafalameefi kunis hanga har’aa haalli

gumaa fixachuun araaramuu kun itti fufeera jechuun hayyoonniifi jaarsoliin deebii kennaniiru.Dabalee (B)deebii bar-gaaffii hayyoota,abbootii gadaa fi jaarsotaa ilaalaa.

Bu'aa kanarraa ka'uun yoo xiinxalamu, As-dhufteen gumaa waggoota 550 dura namni nama ajjeese du'aan akkaa adabamuufi waggoota 550 as ammoo horii loonii dhibba dhibuu kafaluudhaan araaraan guma fixachuun akka jalqabame qorataan hubateera.Kanaafuu wanti sababa guddaa ta'e ilmi abbaa isaatiif tokkicha ta'e walitti bu'iinsaan ilma Oromoo kan biroo waan ajjeeseef ajjeechaan du'aan murtaa'uun hafee gara looniin fixachuu jijjiramee jira jedhama. Kun kan ta'eef yoo ilmi abbaaf tokkicha ta'e kun ajjeefame abbaa sanyiin akka hin cinne yaadameeti.

Haata'umalee adabbiin gatii gumaa fixachuuf kafalamu dadhaabbii baay'ee kan nama gaafatuufi hanga gumaan dhumatuu yoomuu shakkii fi sodaan akkasumas yaaddoon guddaan waan uumuuf kun hubatamee namoonni yakka rawwachuu irraa of eeggannoo godhuun baay'ee barbaachisa akka ta'e qorataan hubateera. Gama biraatiin wal-ajjeessuufi walitti bu'iinsa sababa qabeenya dhuunfaa horachuufi faaydaaf jecha miidhaa xiqqaa irraa hanga yakka olaanaa ajjeechaa lubbuu, yakkootaa qama hir'isuufi qabeenya barbadeessuu kkf fiduu danda'eera jedhaniiru. As – dhuftee gumaa beekuufi madda rakkoole kanneenii adda baafachuudhaan hammeenyaafi sababoota badii gumaa fidan hubachuun rakkoolee hambisuun jaalalaa fi nageenyaa buusuun baay'ee barbachisaadha.

Kana malellee As-dhufteen gumaa kun koorniyaa keessattii irra caalaa dubartoota irratti midhaa olanaa akka fidu qorataan hubateera. Akka Pirofeesor Asmaroom Laggasaa" Dimookiraasiin warraa lixaa aaangoo warra qabenyaa olaanaa qabaniif kenna jedhan. kun ammoo bu'aan walqabatee walitti bu'iinsi addaan hin cinnee akka jiraatu godheera. Kana maleellee wal–qixxumamaan dhala nama akka hin jiraannee godhe kan jedhu. sirna gadaa keessattii garuu hawaasni saba Oromoo qooda adda addaa waan qabaniif dhiibbaan hin jiru jedha. (kitaaba Oromoo Demcracy).

kanaafuu ,yaadonni deebii deebistootaa hayyootaa fi jaarsoota,Oromoo Arsii irraa kan hubatamu As-dhuftee gumaatifsababa kan ta'an, qaabenya dhuunfaa horachuu,hinaafaa fi k.k.f irraa kan ka'e sababoota faaydaadhaan wal-qabataniin walittii bu'iinsi dhufe kan jedhuufi yaanni piroofeesar Asmaroom laggasaa warri lixaa aangoo warraa qabeenya olaanaa qabaniif waan

kennuuf wal-qixxummaan dhabamuudhaan walittii bu’iinsi uumame hangaa har’aallee kanumatu muldhata kan jedhuun wal –fakkata.

Kanarraa ka’uudhaan argannoon as-dhuftee guma ilmaan namaa qabeenyaa dhuunfaa horachuudhaan sababoota faaydaan wal-qabataniin walitti bu’iinsii fi wal ajjeecjaan baroota bulchiinsa sirnaa gadaa keessa waggoota 550 dura akka uumamefi kun ammoo garaagarummaa ilmaan namaatiifi garaagarumaa koorniyaa gidduutillee rakkoo bal’aa ta’e kan umme akka ta’e qorataan hubatee jira. Kanaafuu As-dhufteen gumaa maddii isaa kun hala kanaan hubatamee rakkoon kana fakkaatu akka hin umamne hubanoon ittii kennamun barbachisaa akka ta’e qorataan ni amana.

Gabatee 3. Akakuwwaan gumaa ulfaataa fi suukaneessaan akkaa OromooArsitii kami?mee sababa waliin nuuf ibsaa **.**

| **Hanga** | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| **A** | | **B** | | **C** | | **D** | | | |
| Ajjeechaa nama dhuunfaa fi ajjeecha sanyii ykn garee tokkorrattii raawwatamu | | Ajjeechaa utuu hin yaadin tasaa raawatame | | Miidhaa qaama namaa irratti raawwatamuu | | Miidhaa qabeenyaa irratti rawwatamu | | Dimshasha | |
| Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % |
| 90 | 90 | - | - | 8 | 8 | 2 | 2 | 100 | 100 |

3.Gaaffii 3ffaa “akaakuwwaan gumaa ulfaataa fi suukaneessaa jedhamu akkaa Oromoo Arsitti kami ?’’ kan jedhameef deebistoonnii bar-gaaffii ajjeechaa nama dhuunfaa fi

ajjeecha sanyii ykn garee tokkorrattii raawwatamu ka jedhan 90(%90)yoo ta’an deebistoonnii Miidhaa qaama namaa irratti raawwatamu kan jedhan 8(%8.)dha, deebistoonni Miidhaa qabeenyaa irratti rawwatame kan jedhan 2(% 2 yoo ta’uu deebistoonnii ajjeechaan tasaa yakka sukaneessaa jedhan hin jiruu.

Qabxii kana sababa waliin yoo ibsan deebistoonni harki caalu 90(%90) namni tokko itti yaade gareenis ta’ee dhuunfaadhaan sanyii warra tokkoo ykn qomoo tokko ykn garee tokko lafarra

yoo dhabamsiise gumaa suukaneessaa ykn ulfaataa akkaa ta’e bal’innaan hayyootaafi jaarsootaan ibsameera.

Haata’u malee haala ulfaatinaa ykn suukaneessuummaa isaatiin wal-caalullee gumaan nama dhuunfaallee akkasumas qabeenya namaallee ittii yaadamee yoo barbadeeffame gumaa ulfaataafi gaatii ulfaataa akka kaafalchisuu ibsameera. Gamaa biraatiin namni tokko wanta biroo darbatee ykn balaa konkolaataatiin lubbuu dabarse yoo ta’e kun danuu ykn tasaa jedhameeti araara qofaan dhumata malee gumaan hin kafalamu jedhameera. Dabalee(C) ilaalaa.

Bu’aa kanarraa ka’uun yoo xiinxalamu akka Oromoo Arsittii akaakuun gumaa baay’ee ulfaataafi suukaneessaan ajjeechaa sanyii nama tokkoo,namoota hedduu ykn garee tokko lafarraa balleessuuf itti yaadamee kan rawwatame akka ta’e qorataan hubateera. Kanaafuu,namni tokko itti yaadee dhuunfaan ykn gareedhaan ilma nama lafarraa balleessuuf ajjeechaa yoo rawwate gumaa suukaneessaa akka ta’eefi kun ammoo gatii gosti guutuun baadhachuu hindandeenye akka fidu hubachiisuun barbaachisaa akka ta’e qorataan ni amana.

Qabxii kanarraa ka’uu dhaan gumaa fixuun Oromo Arsii gama koorniyaatiin garaagarummaa mudhatu hambisuuf sochii godhamu keessattii miidhaan sanyii namaa ykn garee tokkorratti raawwatamu suukaneessaa fi ulfaataa ta’uun erga hubatameefi,kun dhugaa ta’uun erga beekamee ,miidhaan dubratii irratti rawwatamu hundi baay’innaan kan wal-fakkaatu waan ta’eef kun hubatamee haalaan ittifamuun baay’ee barbaachisaa akka ta’e mul’isa. Kana yoo jedhamu Oromoo Arsii biratti dubartiin ulfinaafi jaalaala gosaa qabattullee yoo miidhaan hanga ajjeechaa lubbuu irraa gayee gosti lamaan wal-qusataaf jecha gatii gumaa dubartii xiqqeessudhaan walakkaadhaan gatii dhiiraaf murtaa’ee gaditti gumaa dubartii akka fixan qorataan hubateera.

Wal-qusachuun walitti dhufeenya gama fuudhaafi heerumaatiin jiru karaa kutuu hin qabnu jechuu irraa yoo dhufu,akka mirga wal-qixxummaa ilma namaatti ammoo gatii xiqqaa dubartiif kafaluun garaagarummaa koorniyaa badhisuu ta’a.Wal-qusachuun lubbuu dubartii gatii dhabsiisuudhaan ta’uu waan hin qabneef rakkoon garaagarummaa koorniyaa kun murtii mirga dubartii sarbu ta’uun hubatamuufi sirraa’uun baay’ee barbachisa akka ta’e qorataan amana.

**Gabatee 4. Kafaltiin gumaa fixuuOromoo Arsii wal-gitaa? Yoo kan wal-caalu ta'e sababa nuuf ibsaa.**

| Hanga | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| **A** | | **B** | | **C** | | **D** | | **E** | | | | |
| Kan dhiiraafi dubartiillee wal-qixaa | | Kan dhiiraa dacha lamaan caala | | Kan dhiiraa walakkaan dubartii caala (loon dhibba) | | Kan dubartii kan dhiiraa caala | | Hubannoo hin qabu | | Dimshasha | | |
| Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | W/q | % | |
| 25 | 25 | 5 | 5 | 70 | 70 | - | - | - | - | 100 | 100 | |

Gaaffii 4ffaa ,"kafaltiin gumaa fixuu Oromoo Arsii gama koorniyaatiin wal-gitaa? "yoo kan wal –caalu ta'e qofa sababa nuuf ibsaa .kan jedhu akkaataa armaan gaditti rageessittoonni deebisaniiru.Bar- gaaffii dhiyaateef deebistoonni 25(% 25) gatiin gumaa fixuu koorniyaa lameenuu wal-qixa yoo jedhan deebistoonii 5(% 5 kan warraa dhiiraa dacha lamaan kan dubartii caala jedhaniiru. Gama biraatiin deebistoonni 70(% 70)gatiin gumaa fixuuf looniin kafalamu kan warra dhirraa walakkaadhaan kan dubartii caala yoo jedhan ,kan dubartii gatiin kan dhiiraa ni caala kan jedhuufi. hubannoo hin qabu kan jedhan namni tokkollee hin jiru.

Bu'aa kanarraa xiinxalluuf akka yaalametti deebistoonni harki caalu bar-gaaffii gaafatamaniif kafaltiin gumaa fixuu Oromoo Arsii gama koorniyaatiin kan dhiiraa gatiin looniin kan dubartiif kafalamu kan caalu yoo ta'uu, kunis walakkaadhaan akka caalu deebistoonni 70(%70) ibsaniiru.

Deebistoonni 25(%25 ) gatiin gumaa fixuuf kafalamu kan Oromoo Arsii gama koorniyaatiin wal-qixa ta'a yoo jedhan deebstooni 5(%5) ammoo kan dhiraa dachaa lamaan kan dubartii caala akka jedhani qoratan hubatera.

Kanaafuu gumaa fixuuf jecha Oromoon Arsii gama koorniyaatiin garaagarummaa baay'ee addaan fagaate akka kafalamuufi kunis looniin walakkkadhaan warra dhiraatiif caalchisuun akka kafalamu hubatameera..Gama biraatiin deebistoonni laayyoo hin tane 25(% 20.83)gatiin gumaa

fixuu Oromoo Arsii Gama koorniyaatiin wal-qixa ta’u ibsaniru.kana jechuun ammoo qaama namaa hirs’uun gumaa keessatti waan laka’amuuf gatiin qaama namaa yoo hir’isan kafalamuu gatii gumaaf kafalamuu gadi ta’ulee dhiiraafi dubartiif wal-qixa akka ta’u ibsaniru.kana maleellee gatiin dhiraaf kafalamu dachaa lamaan kan dubartii akka caalu 5(%5) ta’uu yoo ibsamu, kan dubartii gonguuma kan dhiiraa akka hin caalletti akka ibsame qorataan hubateera.

Kanaafuu akka bu’aan deebstootaa mul’isuutti gatiin gumaa fixuuf kafalamu akka Oromo Arsittii loonin kan dhiraa walakkadhaan kan dubartii akka caalu qorataan hubateera. Garaagarummaan mul’atu kun haala qaroomina amma jiruufi mirga namummaa addunyaan nama kamiifuu wal-qixummaa mirkaneesse waliin waan wallitti bu’uufi kun hubatamee qaamni dhimma kana hordofu wal-qixa kafaluufiin barbachisaafi kan yeroo ammaa kana walin deemuu ta’uu hubatamu akka qabu qorataan ni amana.

Ummani Arsii jalaalaafi beekamtii intala durbaatif kennu kan qabatamaan dhugomuu danda’u garaagarummaan koorniyaa jiddutti gama gatii jilba gumaan itti fixamtuu yoo wal-qixa godhe qofa ta’uun hubatamee hayyoon Oromoo Arsii yaada murtii gumaa fixuu gama koorniyaatiin jiru murtii wal qixa ta’e murteesuun baay’ee barabaachisadha.

Deebiin deebistootaan kennameefi kan hayyoota waa’ee Oromoo barreessanii wal-fakkaata. dubartiin mirga namuummaa fi sansakaa dhiiraan qixa qabachuun ni beekama jedhu . Haa ta’u malee haala aadaa dhalootaa gara dhalootaa darbaa dhufeen siyaasa-diingdeen bulchinsa sirna gadaa irraa eegalee harka ilmaan kormaa waan galeef hanga har’aallee kanumatu gaggeeffamaa jira jedhu .(sa’aadaa kadiir 2002 )dubartootaa fi sirna gadaa.

Bu’aa kanarraa ka’uun yoo xiinxalamu gatiin gumaa fixuu Oromoo Arsii gama koorniyaatiin baay’ee akka wal- caalu mul’isa. kunis deebii ragaa kennitoota irraa akka hubatamutti deebistoonnii 70(% 70) gumaa fixuuf dhiiraaf loowwan dhibba dhiibuu akka kafalamuuf akkasuma dubartootaaf ammoo loowwaan shantama qofa akka kafalamuuf ragaan hayyootaa, jaaarsootaa, abbootii gadaa fi dubartoota irraa sassabame akka dhugoomsu qorataan hubateera.

Kana maleellee deebistoonni 25(% 25) gatiin gumaa fixuu Oromoo Arsii gama koorniyaatiin saalli lameenuu wal-qixa loowwan dhibbaa dhibuu akkaa ta’e ibsaniruuKanarraa yoo hubannu akka Oromoo Arsitti gatiin gumaa fixuu dhiiraaf loowwaan dhibbaa dhibuu yoo ta’u dubartiif ammoo loowwan shantama qofa akkka kafalamuuf ragaan guurame Kan deebistootaa ni mirkannneessa. Kun ammoo mirga wal-qixxuummaa ilmaan namaa Kan addunyaan guutuun fudhate kan gufachiisu waan ta’eef namni akka namaattii wal qixa kan uumame ta’uun hubatamee gatiin wal-qixa ta’e kafalamuufiin barbaachisaa akka ta’e qorataan ni amana.

Gabatee 5. Kafaltiin gumaa fixuu jilba isaa eenytu murteesse?sababa isaallee mee nuu ibsa.

| **Hanga** | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| **A** | | **B** | | **C** | | **D** | | | |
| Seera uumamaa(uumaa) Lakk | | Falaasama hayyoota sirna gadaa | | Falaasama amantii | | Falaasama saayinsii | | Dimshasha | |
| Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | W/q | % |
| 7 | 7 | 68 | 68 | 20 | 20 | 5 | 5 | 100 | 100 |

Gaaffii 5ffaa,"kafaltii gumaa fixuu jilba isaa eenyutu murteesse? Sababa waliin nuuf ibsaa kan jedhameef deebistoonnii deebiifi yaada adda addaa kennaniiru.deebistoonni seera uumamaajedhan 7(% 7) ,yoo ta'an deebistoonnii 68(% 68) ammoo bar-gaaffii kanaf falaasama hayyoota sirna gadaatiin gatii jilbaa gumaa fiixuu murtaa'ee ture jedhaniiru.Karaa biraatiin ammoo deebbstoonni 20(%20) gatiin jilba gumaan itti dhumtu falaasama amantiittu murtii haqaa kenne yoo jedhaan deebstoonni 5(%5)ammoo falasamaa saayinsittu murtii kan kene jedhaniru.

Ragaan kun dhugaa ta'uu deebistooonnii gaaffilee bar-gaaffii dhiyaateef haalaan kan deebisan ta'uu dabalee (E) ilaalaa.

Bu'aa kanarraa wanti hubtamu ,kafaltii gumaa fixuu jilba isaa eenyutu murteessee? Kan jedhuuf deebistoonni seera uumamaa jedhan sababa yoo ibsan waaqni ilmaan namaa saala dhiiraa fi dhalaatiin adda baasee yoo uumu hundaafuu dandeettiifi qooda mataa mataan kenneefi jira.Kun dhiiraaf humna hojii ulfaataa ta'ee lafa qotuu ,adamoo deemuu,bu'aa-ba'ii cee'uu, qorraafi aduu kkf danda'ee maatii bulchuu, biyya bulchuu, murtii kennuufi kkf uumaan kenneefii jira waan ta'eef kun dhugaadhaa jechuun ibsaniru.Dubartiif ammoo da'uu, ulfaa'uu, daa'imman kunuuunsuufi abbaa warraa kunuunsuu kenneef jedhan. kanarra darbee dubartii hojii ulfaataa ta'e hojjachiisuun qooda uumaan kenneef kana irraa ittisuu ta'a . kun ammoo cubbuu olaanaadha jedhanii ibsaniru.

Kanaafuu, haaluma uumaan kennaa adda addaa kenneef irrattii hundaa'uun haaluma hirmaannaan saalaan wal-caaluun murtiin seera uumamaa hordofe gatii gumaa fixuu wal-caalchisee kenname jedhaniiruu. karaa biraatiin ammoo falaasama hayyoota sirna gadaa warri

jedhan, bara 550 ennaa seerotiin adda addaa tumamu murtaa'e jedhu. kun ammoo ilmi abbaadhaa tokko ta'e ilma Oromoo biroo ajjeesee abbaan ilma kanaa yoo ilmi isaa du'aan adabame sanyiin isaa nicitti sodaa jedhuf loowwan dhibba dhiibuu akka kafalamee araaramu taasifame ture.

Kanarraa ka'uudhaan murtiin gumaa fixuu kan dhiiraa horii dhibba yoo ta'uu,kan dubartii horii shantamaan murtaa'ee "jedhaniiru. kana maleellee deebistoonni biroo bar-gaaffii kanaaf deebii yoo kennan akka amantii Isilaamaattii gatiin gumaa fixuu gaala dhibba dhiiraaf kafalama ,garuu bara durii dubartii garbittii taateef gaala shantama qofatu kafalama jedhaniru. Qura'aana ,Hadiisa lakk.1175 eeruudhaan Sheek Jamaal Badhasoo ibsaniru.

Walumaagalattii,kafaltii gatii gumaan ittii dhumtu kan murteessan hayyoota sirna gadaa akka ta'an ragaalee dhiyaataniifi baay'ina deebistoota olaanaa ta'an irraa ni hubatama.yaaduma hayyootaan kenname kanarraa wanti hubatamu namni kammiyyuu wal-qixa uumame. Mirga namootaallee uumaan wal-qixa taasise. kun utuu ta'uu, haala mijataa waggoota 550 dura hin turre, irraa ka'uudhan bara bulchiinsa sirna gadaa murtiin loogummaan keessattii mul'atu murtaa'ee akka ture qorataan hubateera.

Yeroo ammaa haala mijataa jiruufi mirgoota ilmaan namaa wal-caalichise kana fudhatama akka hin qabne hubatamee hayyoonni sirna gadaa kan yeroo ammaa qixa godhuun murteessuun barbachisaa akka ta'e qorataan ni amana.

Kanmaleellee afoolota hamilee dubartii tuqan kan akka dubartiin yoo bulchitu dhiirota ni mankaraarsiti jechuun irrattii oddeessuun seera ofii isaaniitii murteessan ta'uu akka mul'isu qorataan hubateera.

Dr-Ibraahim ammaa (2005 A.l.F)barreessaa biroo eeruun"----- In Borana (this is also true for other Oromo groups) there is alegend that long time ago Borana people were administered by awomen leader called hamanoye. she was awise but naughty woman who suffered men under her leader ship" Ever since because of the legacy of this naughty woman the Borana people decided not to give women aleadership status."Laphiso(ph:94).

Afoola akkanaa kan dubartii hamilee tuqan irraa ka'uudhaan qooda dubartii xiqqeessudhan kan dhiroota ol guddisudhaan gahee siyaas- dinagdee keessattii warra dhirootatiif qooda biyyaa bulchuu, murtii murtessufi qabenyaa harkattii galafachuu kennaniifii akka turan qorataan deebii

deebsitootafi hayyuu Dr Laaphisoon ibsame irraa hubateera. yanni hayyootaan ibsameefi kan sirna gadaa keessatti Oromoo Arsiii bara 550 dura seeraan tumateen wal fakkata . Kanaafuu, argannoon kafalti jilba gumaa kan murteessan hayyoota Oromoo Arsii falaasama mataa isaaniitiin sababoota qabatamaa hin taane kan yeroo ammaa waliin hin deemne irraa ka'uun akka ta'eef kun ammoo afoolota dubartii gadi qaban waliin walitti hidhata akkaa qabullee hubatamee wal-qixxummaan murtii haqaa jiraachuun barbaachisaa akka ta'e qorataan hubateera.

Gabatee 6. Oromoon Arsii qabeenya qabu ijoollee isaa dhiiraafi dubaraa wal-qixa qoodaa? Yoo kan wal-caalchisee qoodu ta'e sababa isaa nuu ibsaa.

| **Hanga** | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| **A** | | **B** | | **C** | | **D** | | **Dimshaasha** | |
| Dhiiraafi dubartiif wal qixa qooda | | Dhiiraaf caalchisee qooda | | Dubartiif caalchisee qooda. | | Hubannoo hin qabu | | W/qaba | |
| Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % |
| 20 | 20 | 75 | 75 | - | - | 5 | 5 | 100 | 100 |

Gaaffii 6ffaa"Oromoon Arsii qabeenya qabu ijoollee isaa dhiiraafi dubartiif wal-qixa qoodaa?"kan jedhuuf deebistoonni deebii quubsa ta'e kennaniiru. haaluma kanaan dhiiraafi dubartiifillee qabenya wal qixa qoodu kan jedhan deebistoota 20(% 20) bar-gaaffii kanaaf deebii kennaniru. ilma dhiiraatiif caalchisee kenna (qooda)kan jedhan ammo deebsistootaa 75(%75)dha. kana maleellee deebistoonni 5(%5)ammoo hubbannoo gahaa ta'e hin qabnu jechuun deebisaniiruu.

Haata'uu malee dubartiif caalchisee qooda kenna kan jedhuu deebisan tokkole hin jiru. Kanarraa kan hubatamu Oromoon Arsii qabeenya qabu abbaan ijoollee ofii umateef dhiiraafi dubartiif wal-qixa akka hin qoodaneefi ijoollee dhiiraatiif caalchise akka qoodu deebistoonni 75(%75)ragaa yoo kennan deebistoonni 20(%20) ammoo dhiiraafi dubartiifillee qabeenya abbaan uumate wal-qixa kan qoodu ta'u ibsaniiruu .Kana maleellee deebistoonni 5(%5) ammoo hangam akka qoodamu sirritti hin beeknu jedhaniiru.deebistoonni dhiiraaf qabenya calaa ta'e qooduuf jedhanii deebisan sababa kan jedhan ilmi dhiiraa soodduu abbaaf dhaabuufi qe'ee abbaa

keessa turee dirqama hawaasummaa bayuu waan qabuuf qabenya caalaa ta’etu qoodamaaf jedhaniru.

Gama dubartiitiin ammoo dubartiin yooma dhalattuu alagaa (nyaaaphaattii) heerumaaf waan ta’eef qe’ee abbaa dhiiftee deemte heerumuun dirqama ta’a jedhu. Oromoon Arsii gosa isaatiin wal- hin fuudhu.ilmi dhiiraa ammoo gosa keessaa deemee gosa biro keessa ta’u, dhiibbaa alagaattuu irraa gaya waan ta’eef qabeenya abbaa irraa qoodamee qe’ee abbaa turuu dirqama aadaa Arsii akka ta’e hayyoonni kunniin ibsaniru.

Kanaafuu, qabeenya abbaa isaa harka lama ilma dhiiraatiif yoo kennu harka tokko ammoo dubartiif kenna kan jedhanis jiru. kun ammoo qoodama qabeenyaa dachaa lamaan warra dhiiraa caalchisuu qofa utuu hin taane, qabeenya dhaabbataa akka lafa Qonnaa , lafa mana kkf.gonkumaa akka hin qoodamne godheera. Kana ammoo dubartoonni Arsii akka waan dhugaa ta’eetti amananii fudhachuun qabeenya abbaa qoodamuuf akka hin gaafanne godhee jira.

Kanaafuu dhiibbaan gama qabeenya qoodamuutiin gahee dubartootaa daran gadii xiqqeesse kun murtii gumaa fixuu irrattii gatii loowwaniin kafalamullee kan dubartii walakkaadhan yoo gadi buusu kan dhiiraa ammoo walakkaadhaan akkacaalchisee qorataan hubateera.

Rakkoon hammaataa ta’e kun amantaa fi aadaa walitti makee eddoo lamaaniiyyuu falaasama qoodatee gama tokkoon dubartiif ulfina kennaa , gama birootiin ammoo akka of hin dandeenyee fi hirkattuu siyaasa- dinagdee taatee dhiira jalatti akka bultuu godhuu qorataan hubateera.

Rakkoolee kana furuuf ammoo madda rakkoo kanaa hubachuun hawaasa bal’aa qaamota mirga dubartootaaf qabsaa’aniifi dubartoota mataa isaanii hirmaachisuun qoodama qabenyaa, gatii kafaltii gumaa fixuu fi hirmaannaa siyaas- diingdee keessatti dubartootni qixa akka hirmaatan godhuun daran barbachisaa akka ta’e qorataan ni amana. Dabalee ( D) qabiyyee lafa baadiyaa A Xiyoo ilaalaa.

The history of mankind is ahistory of repeated in juries and an unsurpations on the part man to ward woman , having indirect object the establishment of an absolute tyranny over her “Elizabeth cady stannton 1884)

Kanamaleellee qoodama qabeenyaa irrattii akkuuma addunyaattuu dhiibbaaan dhiiraa akka jiru hayyuun Trrene Tinker 1990 ibsiteera”The size of differencial between Males and females in any

particular resource allocation is acrucial measure of the extent of gender in equlity " Irrene Tinker 1990).

Qabxiilee armaan olitti tarreeffaman kana yoo xiinxamu dhiibbaan qabeenya horatuu kan warrii dhiiraa dubartii irrattii rawwatu akkuma adduunyaattuu kan mul'atu ta'uullee kan Oromoo Arsii ammoo sababoota falaasama hayyoota murtii qoodinsa qabeenyaa ijoollee isaanii dhiiraa fi dubartii gar- malee kan wal-caalchisan ta'ee argama.kun ammoo wal-qixxuummaa addunyaan fudhatte waliin kan hin deemne fi loogummaan guddaan gama qabeenya qooduu gama koorniyaa waan akka malee bal'isuuf hayyoonni Oromoo Arsii abbaa dhimmichaa kan ta'anifi qaamni mirgaa dubratootaaf falamatu kana hubatee murtii haqaa kan loogummaa hin qabne kennuun baay'ee barbachisaa akka ta'e qorataan hubater.

Gabatee 7. Kabajaafi hirmannaan dubartiif sirna gadaa keessattii kenname Oromoo Arsii biratti har'a maal fakkaata?

| **Hanga** | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| **A** | | **B** | | **C** | | **D** | | **W/qaba** | |
| Dhiiraan qixa hirmaatti | | Dhiiraa caalaa hirmaatti) | | Dhiiraa gaditi hirmatti | | Baay'eegadi aanaatii hirammaatti) | | lakk | % |
| Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | | |
| 40 | 40 | 5 | 5 | 50 | 50 | 5 | 5 | 100 | 100 |

Gaaffii 7ffaa kabajaafi hirmaannaan dubartiif sirna gadaa kaasseetti kenname Oromoo Arsii birattii har'a maal fakkata ? kan jedhameef deebistoonni bar- gaaffiillee haala quubsaa ta'een akkaataa armaan gaditiin deebisaniiruu .

Deebistoonni 40(%40) dhiiraan qixa hirmannaafi qoodaa qabdi yooo jedhan , deebistoonnii 5(%5) dhiiraa caalaa hirmaatti jedhaniru. Deebstoonii 50(%50) dubartiin Oromoo Arsii birattii kabajaa fi hirmaannaa dhiiraa gadii qabdi yoo jedhan ,deebistoonni 5(%-5) hirmaannaa baay'ee gadi aanaattii qabdi jedhaniru. Bu'aa kanarraa wantii hubatamu,deebistoonnii 50(%50) harki caalu kabajaaniifi hirmaannaan dubartootaa warraa dhiiraatiin gaditti akka ta'e mul'atera. Kana maleelle deebstooni layyoo hin tanee 40(%40) hirmaannaa dhiiraa fi dubartille wal-qixa akka ta'e, ibasaniru.

Kunis, dubartiin Ateeteedha,Ateetee ammoo hadhaa Oromooti. Kanaaf kabaajaa olaanaa qabdi jedhaniru. Akka Oromoon Arsii jedhutti namni dubartiin irraa waadhabde nama hin jirre”jedhu.

Bara Ateetee dhaloota kiristoos dura waggoota kuma saddeeti ilmaan Oromootaa akka sirna gadaatiin wal-bulchan waaqni Ateeteef eeyyamee ture. H,aaluma kanaan ilmaan Oromootaa falaasama isaanii itti dabaluun seera bulmaataa akka tumatan Ateeteen eeyyama waaqatiin ilmaan isheetiif eeyyamte (warqinaa abbaa soorii 2008) sirnagadaa.

Kanaafuu Ateeteen ulfina olaanaa qabdi.kanarraa ka’uun dubartiin kabajaa olaanaa argatte jedhaniiru deettuu fi hawwotiinni kabajamti.gamaa hirmaannaa hojii ulfaataa ta’een ammoo kabajaa isaaniif kennameef jecha hojiin ulfaataan dhiiraaf qoodanii kenname jedhaniruu. Kana jechuun durtoonni kabajaa Ateetee waan qabduuf hojiidhaan miidhamuu hin qaban jechuun hayyonni ibsaniru. Sirni gadaa bu’aa sammuu hayyoota Oromoo ykn falaasama hayyoota Oromoo yoo ta’u garaagarummaa dhala nama (sanyii) namaa gidduutti mul’atu kan araarsuudha. kunis sirna dimookiraasii dhugaa akka ta’ee hayyoonni beekamoon adda addaa ragaa ni bayu. (pilawudeen 1868,Jorjii f Kaarter 1967 “kitaba namaaf lafaa jedhu .

Haaluma kanaan sirna gadaa keessattii dhalli namaa koorniyaadhaanis loogni irrattii hin raawwatamu . kun ammoo seeraan tumamullee hojiirraatti oolchuu irraattii hanga har’aatu garaagarummaan ni mula’ata.Hirmaannaan murtii kennuu , biyya bulchuu, qabeenyaa dhaabbaataa fi socho’aa qixa dhiiraa qoodachuu dhabuun dubartiidhaa ammaas ni jira. kun ammoo guddina siyaas –dingdee hawaasa qaroomaa dhufe kanaarraattii gufuu guddaa akka ta’u qorataan hubatera. .

Kanaafuu akka Oromoo Arsiitti qabatamaan yoo ilaalamu dubartiin hirmaannaa dhiraa gadi akka qabdu mul’ilsa. kan jedhame waa malee akka hin taane bal’innaan ibsameera.kunis ,lafa qonnaa, lafa mana jireenyaa, mana jireenyaa warraa ummate irraa qixa ilma dhiiraa hin qoodamatu, waan ta’eef jechuudhaan hayyoonni ibsaniru.

Kanaafuu kabajaan dubartii afaan qofa irraa kan hafee qabatamaan dhiiraa gadi waan ta’eef xiyyeeffaannaan kennameefi rakkoon kun furmuun baay’ee barbaachisaa akka ta’e qorataan hubatera.

Dabalee(D) ragaa qabiyyee qonnaa lafa baadiyaa w/lafaa fi eegumsa nannoo irraa fudhatame ilaalaa .

Dubartoonni bulchinsa sirna gadaa keessattii ulfinaafi kabajaa qabattuullee angoon biyya bulchuu hin kennamneef. angoon hojii ulfaataa kun ilmaan korma (dhiiraaf) kenname ture. Kun ammoo anniisaa dhabdee utuu hin taane haala mijataa hin turre waliin wal-qabatee ulfaa'uu,da'uu fi harma hoosisuun gahee bakka hin buunee waan qabduf ture .(sa'adaa Kadir 2002) sirna gadaafi dubartoota.

Qabxii kanarraa kan hubatamuu fi haalli deebistootaa walfakkaata . dhugaa kana dhoksuudhaan dubartii afaan qofaan kabajaa akkaa qabdu himaa qabatamaan ammoo dhiiraa gadittii ilaaluun Oromoo Arsii t akka mul'atu qorataan hubatera. Kun ammoo ilaalchaa baay'ee boodattii hafaa akka ta'eef dubartoonni yoo baratan dhiiraan qixaa hirmaachuu akka danda'an hubachuun barbachisaa akka ta'e qorataan ni amana.

Due to versions socital tradion and individual attributes women were deprived of accesses to economic equality ,positions of powers, resource and un equal societal opportunities which made them at disadvantageous. (Barruullee biiroo dhimma dubartootaa Oromiyaa 2000 )Qaanqee haqaa

kanaarraa ka'uudhaan haala walfakkaatuun hirmaannaafi qonnii dubartii kan xiqqate waan ta'efi yeroo ammaa kanaa ammoo dubartiin biyyaafi adduunyaa hogganaa akka jirtu hubatamee midhaan garaagarummaa koorniyaa gama kabajaa argachuufi hiramannaa guddisuu dubartootaa barabachisaa akka ta'e qorataan hubateera.

**Gabatee8. Yakka xixiqqaa hanga badii ajjeecha lubuu akka Oromoo Arsiitti dubarti irratti kan rawwatu eenyu? sababa nuuf ibsa.**

| Hanga | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | A | | B | | C | | D | | E | |
| Warraa Dhiiraati | | Dhiiraafi dubartiinis qixa rawwatama) | | Abbaa warraati | | Hawaasa Oromoo Arsii | | Maatii irraa uumaman | | Dimishaa | |
| Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % |
| 45 | 45 | 5 | 5 | 40 | 40 | 5 | 5 | **5** | **5** | **100** | **100** |

Gaaffii ,”yakkoota xixiqqaa hanga badii ajjeechaa lubbu akka Oromoo Arsitti dubartii irrattii eenyutu rawwata?”gaaffiilee jedhaniif deebistoonni bar-gaaffii dhiyaatanif akka armaan gaditti deebii kennaniiru. Haaluma kanaan,deebistoonni 45(%45) yakkoota xixiqaa irraa hanga ajjeechaa lubbu warraa dhiiraattuu dubartii irratii rawwata yoo jedhan ,deebistoonni 5(%5)ammoo dhiiraafi dubartiinillee qixa dubartii miidhu jedhaniru.Gama biraatiin yakkoota xixiqqaa irraa hanga yakka ajjeechaa lubbuu abbaa warrattuu dubartii heerumte irratti raawwata kan jedhan deebistoota 40(%40)dha.Kana maleellee deebistoonni 5(%5)miidhaalee xixiqqaa gaaffii gurguddaallee hawaasa Oromoo Arsittu rawwata yoo jedhan,deebistoonni 5(5)ammoo maatii ijoollee durbaa ykn dubartiittu rawwata jedhaniiru.

Bu’aa deebistootaa kanarraa wanti hubatamu deebistoonni 45(%45) yakkoota xixiqqaafi gurgudaa hanga badii ajjeecha lubbu dubartootaa irratti kan rawwatan warra dhiiraa akka ta’efi Kana ammoo sababa waliin yoo ilalamu sababoota adda addaa kan akka fedhii qunnamti salaatiin wal-qabateefi kan akka hinaaffaa irraa kan ka’e yeroo baay’ee yakkoota ifatti mul’ataniifi kan dhokatan hundaa warra dhiirratiin dubartii irrattii akka raawwatamu qorataan hubateera. .Kana maleellee qoodama qabeenyaatiin wal- qabatee warrii dhiiraa dubartii harka duwwaa hambisuu ofi duroomuuf jecha dubartii akka midhuu bal’innaan qorataan hubateera.

Gama biraatiin abbaan warraa sababa addaa addaa kan akka hinaaffaa, shakkii, dhugaatii fi gama faaydaa qabeenyaa dhoorgachuu k k f irraa ka’uun olaantummaa dhiiraatiin yakka xiqqaa irraa hanga yakkoota olaanaa akka ajjeechaa lubbuu dubartii akka rawwatuu qorataan hubateera.

Kanaafuu, bu’aa deebistoota sababoota kennaman irraa ka’uun wanti hubatamu harki caalaan deebistoonni 45(% 45 yakkoonni xixiqqaa irraa hanga gurguddaa kan dubartii irraattii rawwataman warraa dhiiraatiin akkaa ta’e bal’innaan rageeffamaniru .

Sababoonnii gurguddoo ta’an ammoo hinaaffaa fedhii wal-qunnamtii saalaa humnaan dubartii irraattii rawwachuuf qabeenya olaantummaa dhiiraatiin dhuunfachuuf namoota birootiin dubartitti bitamuu fi k k f waliin haala wal-qabateen yakkoota irra calaa ta’an warrii dhiiraa kan dubartii irratti raawwatan akka ta’e qorataan hubateera.

Gama biraatiin deebistoonnii baay’ee ta’an 40(%40)miidhaan guddaan abbootii warraattiin kan rawwataman ta’uu bal’innaan ibsaniiru.walumaagalatti yoo xiinxalamu kan warra dhiiraatiin jedhan deebistoonnii 45(%45)fi kan abbootii warraatiin jedhan deebistoon 40(% 45) walitti

eda'amee deebistoon daran baay'ee olaanaa ta'aan 85(%85) miidhaa ykn yakkoota hanga ajjechaa lubbuu dubartii irrattii kan rawwatan warraa dhiiraa ta'uu qorataan hubateera. Kana yoo jennu lakkoofsi haa xiqqaatu malee dubartiin ,dubartii irraatti maatiin uumate dubartii irrattii akkasumas hawaasnidubartii irratii deebistoota ,15 (% 15) ta'an yakka akka raawwatan qorataan hubateera..

Kanaafuu, dubarti malee guddinni biyya tokko galma gahuu hin danda'u waan ta'eef kun hubatamee maddoonnii miidhaa dubartootaa irra gaayuuf sababa ta'an hundi beekamanii warrii dhiiraallee badii harka isaanitiin dubartii irraatii rawwatan irraa harka sassaabachuu akka danda'aan hawaasni fi qaamoonni dhimmamuu qaban hundii hirmaachuudhaan rakkoo kana furuun barbaachisaa akka ta'e qorataan ni amana. Ragaalee deebistootaan kennamaniif miidhaalee **1203** ta'an kan dubartoota godina Arsii irratti rawwataman kan W/Haqaa Godinaa Arsii irraa fudhaatame dabalee (E) ilaalaa.

Due to versions societal tradition and individual attributes,women were deprived of accesses to economic equality ,positions of powers, resources and unequal social opportunities wich made them at adisadvantageous. Barruullee BiirooDhimmaa Dubartootaa Oromiyaa.

Kana jechuun aadaa waliin walqabatee hirmannaa dhabbuun dubartootaa haalaan xiqqaa waan ta'eef dubrtoonnii carraa hedduu dhabaniiru, aangoo fi diinagdee horachuu hin dandeenye. garaagarummaan koorinyaa kan uuman sirna gadaa keessattii aangoo ilmaan kormaa (dhiiraa)kenname akka ta'eibsameera. Hirmannaafi dandeettiin kallaattii hundaan dubartiin qabdu mormuudhaan dubartiin annisaa hin qabdu warrii jedhanis jiru .(Sa'aada Kaadir 2002) sirna gadaafi dubartoota.

Garaagarummaan kun olaantummaa dhiiraa olguddisee miidhaan adda addaa dubartoota irrattii akka rawwatamu karaa bane. miidhaaleen kunneen miidhaa qamaa, miidha saalaa fi saaykoloojii, dirqisisuun gudeeduu, seeraan ala bilisummaa dhoorguu,hanga ajjeechaa kk f(Dekilaration bara 1993 A.L.A).

Qabxiileen deklaareeshinii keessattii tuqaman kan deebistootaan deebi'aniin wal-fakkaata.kanaafuu,bu'aan argannoo qorataa haala amansiisaa kanneen irraa ka'uudhaan miidhaalee xixiqqaa irraa hanga gurguddaa warroonnii dhiiraa, dubartii irratti kan rawwatan ta'uu qorataan amaneera. Kun hubatamee garaagarummaa gama koorniyaatiin kallattii hundaan

mul’atuufi miidhaa dubartii irraa gayuu hambisuuf hawaasni marti qixa hirmaachuun barbaachisaa ta’uu ibsa.

Gabatee 9_Yakkaafi gumaan akka OromooArsii akkamiin ibsama? Yoo gargara kan ta’uu sababa mee nuu ibsa.

| **Hanga** | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | **A** | | **B** | | **C** | | **D** | | **E** | | | |
| Yakkaafi gumaan akka OromooArsii akkamiin ibsama? Yoo gargara kan ta’uu sababa mee nuu ibsa. | Yakkaafi gumaanillee miidhaan walqixaa ta’a | | Miidhaan gumaan geessu kan yakkaa caala | | Miidhaa yakkaa kan gumaa caluu danda’aa | | Yakki balleessaa gumaa irraa xiqqaa ta’ee | | Gumaan yakkaa suukaneessaa gosa maraan hordofamuudha. | | Dimishaa | |
| | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % |
| | 15 | 12.5 | 20 | 16.66 | 5 | 4.16 | 25 | 20.83 | 55 | 45.83 | 120 | 100 |

Gaaffii 10ffaa

Bu’aa deebistootaa kana deebistoonni sababa waliin kan deebisan yoo ta’u dhugaa ta’uu isaatiif dabalee (E,F)ilaala.

Ragaa deebistootaan kenname kanarraa kan xiinxalamu yakkaa fi gumaan akka Oromoo Arsitii badii uumaniin kan wal-caaluufi araaramuuf ykn fixachuufillee jilbi isaanii kan wal-caaluta’uu ibsaniiruu .

Haaluma kanaan deebistoonnii 55(%45.83) gumaa badii ykn balleessaa baay’ee suukaneessaa ta’ee jilbi murtii gumaan itti dhumtu ulfaataa akkaasumas gosa kan hirmaachisu akka ta’e yoo ibsan, deebistoonni 25(%20.83) yakkii balleessaa jilbi ittii dhumatu gumaa irraa kan xiqqaata’e jedhaniru.

Gamaa biraatiin deebistoonnii 15(%12.5) yakkaafi gumaan miidhaa wal- qixaa kan ta’e geessuu jedhaniiruu. Kana maleellee miidhaan uumamu caaluu ni danda’a kan jedhan deebistootaa 5(% 4.16)dha.debistoonnii kunneen akkaa hika Oromoon Arsii kan ittii gumaan badii baay’ee suukaneessaa ta’ee kan ajjeechaa lubbuu nama takko ykn lafarraa balleessuuf yaadamee sanyii tokko ykn garee tokkorraattii kan raawwatamee jedhu..

Gamaa birootiin itti yaadamee qabenyaa balleessuun maatii ittii jiru dhoorguun gumaa yoo ta'uu badii akkaanaa gosaa hundatuu wal ta'ee itti qabsaa'a ykn hanga murtii araaraa argatuu gosa hundatu itti duula jedhaniiru .

Yakkii ammoo balleessaa xixxiqqa yoo ta'u nama miidhame qofatu faana bu'ee jaarsota Arsiitiin araaraan fixate jedhaniiru . kana akka fakkeenyaattii yoo ibsan yakki gudeeddii dubartii niitii nama tokko itti galuu ykn baafachuu,qabeenyaa nama hatuu maqaa balleessuu, dangaa lafaa dhiibuun fudhaa chuukkf yakkaa keessattii ramadamuu jedhaniiru

Ragalee deebii deebistootaa kana irraa wantii xiinxalamuu (hubatamu)gumaan balleessaa ykn badii bakkaa buusuu hin dandeenyee kan akkaa ajjeechaa lubbuu nama ta'ee araaraaf jechaa ykn namoonnii biiroo gosaa fi balbalaan wal- qoodanii haaloo akkaa wal irraa itii hin bane jilbaa isaatiin gatii araaraaf qofa jedhamee kafalamuu kan qabuudhaa. yakkii ammoo balleessaa xiqqaa bakkaa buusuu danda'amuudha ykn dhugaa kennuu qofaan kan dhumu.

Haaluma kanaan gumaafi yakkaa xixiqqaa uumuunis itii yaadamee hawaasni murtii nageenyaaf jecha yakkaa fi gumaan akkaa irraa hin geenyaa of eeggaachuun barbachisaadhaa.kan jechuun gumaan badii olaanaa fi gufuu nageenyaa isaa hammeenya qabu waan ta'eef kun hubatamee gumaafi yakkillee akkaa hin uumamne hawaasani oromoo fakkeenyaa jaalalaa fi tokkummaa ta'uun barbachisaadha.

Akka Seeraa yakkaa 587 baayettii yakkii balleessaa gudeeddii, gowwoomsuu, shira dalaguu k.k.f ta'ee waggaa sadii hangaa waggaa 25 kan g hirsuudha.yakkii olaanaan ajjeechaa suukaneessaa umrii guutuu hiisisuu ykn du'aan adabiisuu. Seerri kun deebii hayyootaatiin wal fakkaata kanaafuu yakkii olanaan gumaa yoo ta'u xiqqaan ammoo yakkaa waan ta'ee fi bu'aan qorannoo kiyyaas argannoo gumaan badii suukaneessaa ta'ee waan ta'eef kun hubatamuun barbachisaadha.

Gabatee 10. dubartoonnii Oromoo Arsii aangoo biyya bulchuu fi murtii kennuu keessaattii muuxannoo fi hirmmaannaa hangaam qabu ?” gumaa fixu waliin mal fakkata? Mee sababa waliin nuu ibsaa**.**

| **A** | | **B** | | **C** | | **D** | | **E** | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Biyya bulchuu fi murtii keennuu irraatti qooda olaanaa qaban | | Muuxannoo fi hirmannaa baay’ee xiqqaa qaban | | Dhiiraan qixa hirmaannanaa qabu | | Gonkumaa muuxannoof hirmannaa hin qaban | | Dhiibbaan aadaafi amnatii bulchuufi murtii kennuu ni dhoorga. | | Dhiibbaan abbootii warraa biyya bulchuuf carraa dhorgata | | Dimshaasha | |
| Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | | | Lakk | % |
| **6** | **6** | **48** | **48** | **4** | **4** | **-** | **-** | **19** | **19** | **33** | **33** | **100** | **100** |

10ffaa dubartoonni Oromoo Arsii aangoo biyya bulchuufi murtii kennuu muuxannoofi hirmaannaa hangam qabdi? kan jechuuf ,deebstoonni gaaffiille bar- gaaffiitiif deebii qubsaadhaa jedhan akka armaan gaditti deebisaniiru.

Haaluma kanaan deebistoonni 48(% 48)dubartoonni Oromoo Arsii aangoo biyyaa bulchuu fi abbaa murtii ta’uun murtii kennu muuxannoo fi hirmannaa xinnoo qaban yoo jedhan,gonkumaa muuxannoofi hirmaannaa hin qaban kan jedhan hin jiran. Deebistoonni 4(%4) dhiiraan wal-qixa yoo jedhan deebsitooni 19(19%) sababa dhibba aadaa dhiiraa gadi jedhaniru. Deebsitooni 33(33%) sababa dhibbaa abbaa warraa hirmanaan xiqate jedhaniruu.

Deebiin deebistoota lamaanii yaadaa fi sababaanis wal-fakkaatu. kunis ummannii Oromoo Arsii niitii kan fudhuuf horteef jedhan. kun ammoo kan milkaa’u yoo jaalaallii gidduu abbaa warraa fi haadha warraa jiraate qofa ta’a. Kun jaalalli akka jiraatu wantoonni hinaaffaa fi waldhabbii uuman jiraachuu hin qabu. Niitiin dhiirsa qofaaf uumamte waan ta’eef qe’ee fi bultii ishee irraa guyyaa tokkollee deemtee ala hin turtu ;ala hin bultu. Kun yoo ta’uu baate addaan deemu jedhaniru.

Ummanni Arsii gosaafi balbalaan qoodamee wal- too’ataa, waliin jiraataa, dubartii walii akka wanti aaddaa isaanii hin taanee irrattii mul’atu hin barbaadan. utuu abbaan warraa niitii gadi dhiiseeyyuu baasa nutii baafte kun naadira ykn ajaa’iba jedhani irraa fagaattee dhimma biyya

bulchuu ykn dhimma murtii kennutiif deemuun gonkumaa aadaadhaan ala jedhama jechuun deebii wal-fakkaatu kennaniiru.

Bu’aa deebii deebistootaa kanarraa wanti bal’innaan hubatamu dubartiin Oromoo Arsii aangoo biyya bulchuu fi abbaa murtii taatee hawaasa fuuladura dhaabattee ykn deemtee tajaajiluu hin qabdu. Kunis dubartiin niitii taatee ilma akka hortuuf barbaadama waan ta’eef yoo hojii biyya bulchuutiin qabamte yeroo da’uumsaa fi daa’imman kunuunsuu argachuu hin dandeettuu.

Kana maleellee aadaafi amntiin Arsiin fudhate dubartii warra dhiirsaa malee nama tokkoon waliin deemuu,taa’uu, haasa’uu,harka wal-qabachuu fi waliin nyaachuu baay’isee cimsee dhoorga. Kun ammoo shaariyaanillee waan ajaajuuf jecha aadaa mataa isaanii godhatanii jiru.

Haata’uu malee dubartoonni lakkoofsaan baay’ee xiqqoo ta’an sababa baratanii fi gosa keessaa ala baayanii hojii hojjata jiran yeroo ammaa kana keessatii gara hoggansaa dhufuudhaan fakkeenyaa gaarii ta’aa jiru .

Dubartoonni akkanaa ammoo biyyaafillee maatii abbaa warra fi maatii irraa dhalatteefillee bu’aa guddaa buusaa waan jiraniif fudhatama argataa jiru. Suuta suutaan ilaalchi armaan dura ture sun barnoota waliin walqabatee fooyyee agarsiisaa jira jedhaniiru.

Kanaafuu dubartoonnii Oromoo Arsii sababoota dhiibbaa aadaa , amantii ,dhiirsaafi k.k.f waliin kan wal qabateen aangoo gara hooggansaa dhufuu yeroo dheeraaf waan dadhabaniif garaagarummaan gidduu dhiiraafi dubartii bal’ataa tureera. garaagarummaan kun gama hundaanuu akka hafu godhuuf ammoo dubartiin barachuu qabdi. Barnoonni meeshaa jijjirama amalaa fiduu ta’uu hubachiisuun barbaachisaadha.

Dubartoota baratanii biyyoota gurguddoo qaroomaan fuldura deemaniif misoomaan kan bulchaa jiran.Sirna gadaa Oromoo keessattii dubartoonni jila adda addaa irraattii hirmaachuu malee gumii irrattii hirmaattee mirga murtii kennufi abbaa gadaa ta’uu gahee hin qabdu.(Sa’aadaa Kadiir 2002)kitaaba sirnaa Gadaa fi dubrtootaa jedhu. Akka Asmaroom Laggasaa jedhuttii” women bulding acermonial pavilion where the intiation of the dabale(1)will take place.

Kana jechuun dubartiin cidhaa qopheessuu malee aangoo fudhattee akka bulchituu fi murtii kennitu qooda hin qabdu ture. Kun ammoo bu’aa –ba’ii yeroo san jiru keessattii ulfaataa waan ta’eef ture. Haa ta’u malee yeroo ammaa kana keessattii dubartiin gama hundaanuu hirmaatuu

jalqabdeera..Dhugaa kana dhoksuun ammallee dubartiin annisaa ykn dandeettii wal-morkii hin qabdu warri jedhan jiru kanaaf jecha qoonni dubartii gadi xiqqaate warrii jedhan ni jiru. (Sa'aada Kadiir2002) sirna gadaafi dubartootaa.

Bu'a kanarraa wantii hubatamu ummatni Oromoo Arsii seerota qooda ilmaan kormaaf kenname kan sirna gadaa keessattii ture sababa bu'aa-ba'ii fi haalota mijataa hin taane irraa ka'uu akka ta'e haalaan waan hubatan hin fakkaatu.Haali ulfaatan bara sirna gadaa sun dubartiif da'uumsaafi ulfaa'uu akkasuma harma hoosisuu dabalatee biyya bulchuun ulfaataa kan ta'e yeroo san qofa. Amma garuu haalli mijataan jira, barnooni jira,ammaayyummaan jira. Kanaafuu biyyaa bulchuufi hogganuuf dubartiin ni dandeetti. kun dhugaa tu'uudhaan wal-qabatee aangoo ilmaan kormaa kan bara siirna gadaa keessaa dubrtiin dhabde ammallee baldhina akka mul'atu qoratan hubateera. kanaafuu ,dubartoonni addunyaa irratti hoggansa olaanaa irra jiran baay'ee beekamoon jiraachuun hubatamee guutuun guututti dubartoonni gara hoggansa dhufuun barbaachisa akka ta'e qorataan ni amanaa.

Gabatee 11. Gaffii 11ffaa Faaydaan gumaa fixuu maali ? mee bal'innaan nuuf ibsaa.

| **A** | | **B** | | **C** | | **D** | | **E** | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Gatii lubbuu kafaluu | | Araaraaf jecha gatii obsaa kafaluudha. | | Walitti dhufeenyaa tokkummaafi jaalala dhabaame deebiisuuf | | Gatii obsaa lubbuu, qabeenyaafi qaama hir'atee bakka buusuuf | | Haloo walitti bayuu hambisuuf | | Dimsha | |
| Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lak | % |
| **-** | **-** | **11** | **11** | **25** | **25** | **60** | **60** | **4** | **4** | **100** | **100** |

Gabatee 11 gaaffii 11 ," faaydaan gumaa fixuu akka OromooArsii maali?" mee sababa waliin nuu ibsaa. Kan jedhameef deebstootni deebii quubsaa jedhan deebisaniiruu.

Haaluma kanaan deebstoonnii gatii lubuu waaqaa qofatu gaafataa garuu araarafi obsaaf jecha waan jilbi murteesse kafaluudha kan jedhan deebistootaa 11(% 11)yoo ta'u deebistoonnii (25(%25)ammoo faaydaan gumaa fixuu walittii dhufeenyaa tokkummaa fi jaalala dhabame deebisuuf jecha gatii obsa kafaluudha jedhaniiru .

Deebistoonni 64(% 64) faaydaan gumaa gatii obsaa lubbuu, qabeenya barbadaa'eefi gatii qaama hir'ate bakka buusuufi ummata walitti araarsuuf jecha kafalamuu jedhaniiru. kana maleellee deebistoonni 4(% 4 )gumaa fixuun haaloo walirraattii bayuu fi badii biro geessuu irraa namaa dhoorga yoo jedhan gumaa fixuun gatii lubbuu baddee kafaluu ta'a kan jedhani hin jiru.

Bu'aa kanarraa wanti hubatamu gumaa fixuun faaydaa baay'ee olaanaa akkaa qabuuf kunis Oromoo Arsii biratti faaya wanta birootiin bakkaa hin buufamne akka ta'ee ibsameera.

Hawaasni Oromoo Arsii gosaafi balabalaan kan qoodamee horteen isaa gar –malee dagage yoo ta'u aadaa baay'ee nageenyaa fi tokkummaa isaa ittiin eegatu keessaa tokko sirna gumaa fixuu kanadha. jedhan hawaasni kun sanyii tokkorraa kana dhalatee dagage ykn martinuu ilmaan Arsee akka ta'eef gosaan sikkoofi mandoo ,utaafi wayyuu dameelee gurguddoo kanneen irraa gosoota baay'ee ta'anittii qooqoodamuun tokkummaan waliin jiraata jedhaniru.

Hawaasni kun gosa garagaratiin fudhaafi heerumaan ,walitti dhufeenyaafi jaalalaan waliin jiraata. Sochii hawaasummaa kana keessatti walitti bu'iinsi yoo uumame akka haaloo walittii bayuun baadii hin uuuumneef gumaa fixuun araaraaama jedhaniru.

Kun yoo ta'uu baate wal-keessa deemuu, laga tokko fi gabaa tokko waliin bayuun, hin danda'amu waan ta'eef gumaa fixuun obsaaf qofa jilba balleessaa uumameetiin loon kafaluun araaramu jedhameera.

Kanaafuu ,faaydaan gumaa fixuu gatii lubbuu baddee kafaluu utuu hin taanee imimmaan firaa qoorsuu ykn haquufi obsa buusuun tokkummaa fi walittii dhufeenyaa cimsuuf akka ta'e bal'innaan ibsameera. haa ta'uu malee qabeenyi yoo barbadaa'ee inni kun gatiin isaa kafalamuun wal dhabbii fixuun araara buusuudha jedhameera.

Kanarraa wanti hubatamuu qabu gumaa fixuun tokkummaa, jaalalaa fi walitti dhufeenya waan cimsuuf dhugaadhaan yoo ilaalamu aadaa faaya waan ta'eef cimsuun barbaachisaa akka ta'e piroofeesar Laaphisoo G.Delleeboo ibsaniru. Ummanni Oromo nageenyaa fi tokkummaa biyya tanaa eeguudhaan , biyyaa ijaaruudhaan sochii sirnaa gadaatiin **1522-1602** kan raawwate mootummoon biro tokkollee gonkumaa hin hojjanne.( piroofeesar Laaphisoo G.Delleeboo) jedhan.Kun ammoo seerota ittiin bulmaataa keessaa kan akka yakkoota ittisuu fi yakki uumame ammoo jilba yakkaatiin wal-dhabbiin araaraan itti goolabamu qabu.

Akka hayyoota (**Plawudeen 1868,Joorji F.Karter 1967”**kitaaba namaa fi Lafa keessatti jedhanittii sirni gadaa bu’aa sammuu hayyoota Oromoo kan garaagarummaa fi walitti bu’iinsaa ilmaan namaa gidduuttii mul’atu hundaa seerota baafateen kan araarsu jedhaniru.

Qabxiilee hayyootaa fi deebistootaa kanneen yoo walitti madaalu hiikni faaydaa gumaa tokko ta’ee argama .kanaafuu,faayadaan gumaa fixuu isa olaanaa ta’ee kan sammuu falaasama hayyootaa Oromootiin argame, kan tokkummaa,jaalalaa fi walitti dhufeenya hawaasa Oromoo Arsii cimsuu waan ta’eef kun hubatamee haalaan kunuunsuun barbachisaa akka ta’e qorataan hubatera..

Gabatee 12. gaheen dubartiin ijaarama hawaasa keessattii qabdu akka Oromoo Arsitti isa olaanaan dhiraan bakkaa hin buune maal faa?

| **Hanga** | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| **A** | | **B** | | **C** | | **D** | | **E** | | **F** | |
| Da’uu,harma ,hosisuu, daa’imman kunuunsuufi abbaa mana kunuunsu | | Eddo araraattii fudhatama qabaachuu | | Gumaa fixuu keessattii tokkummaa hawaasaa Deebisuu | | Nageenyaa barbaaduu irratti adda dureedha. | | Kadhattee namaafi waaqarra hin dhabdu | | Dimsha | |
| Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % |
| **45** | **45** | **25** | **25** | **7** | **7** | **5** | **5** | **23** | **23** | **100** | **100** |

Gabaatee 12 gaaffii 12ffaa, gaheen dubartiin ijaarama hawaasaa keessattii qabdu akka Oromoo Arsitti isa olaanaan dhiiraan bakka hin buune maal faa’aa?”gaaffii jedhuuf deebistoonni akka armaan gaditti deebii quubsaa jedhan deebisaniiru .

Haalumaa kanaan deebistoonnii 45(45% ) wal-hormaata hawaasaa keessattii ulfaa’uu, da’uufi harma hoosisuun daa’immaan akka guddatan godhuun dubartootaa dhiiraan waan bakkaa hin buune akka ta’e ibsaniiru. deebistoon,23(%23)ammoo dubartiin namaafi waaqqaallee kadhaattee hin dhabdu;dhiirri garuu dhabuu danda’a”jedhaniru. karaa biraatiin deebsitoonni 25(%25) eddo wal-dhabbiin hawaasa gidduuttii uumametti siinqeefi waan aadaa ishee qabatee yoo baate araarri ni bu’a yoo jedhan ,deebistoonni 7(% 7) ammoo gumaa fixuu keessattii warra nama wal-jalaa ajjeese walitti araarsuuf dubartii gama lamaaniiyyuu yoo walitti heerumsiisan ni horti . kun

ammoo walitti dhufeenya hawaasaa fi tokkummaa cimsa. ijooleen dhalatte sun gama lamaniifuu wal—qixa waan ta'aniif jaalallii cimaa deema jedhaniiru.

Deebistoonni 5(% 5) dubartiin nageenya barbaaduu irrattii adda dureedha jeedhan. kun kan ta'eef dubartiin uumamaan garaa laafti waan ta'eef walitti bu'iinsi uumamee lubbuun nama xiqqaafi guddaallee akka badu hin barbaadan. dubartiin waraana kaasuu hin barbaaddu, utuu ka'eeyyuu ni dhaamsiti jedhaniiru.

Walumaagalattii gaheen dubartiin hawaasa ijaaruu keessattii qabdu kallattii hundaanuu jechuun wal-hormaata hawaasatiifi araaraa buusuu keessattii gumaan akka dhumtuufi hawaasni tokko akka ta'u nagaa barbaaduu, kadhattee namaa fi waaqarraa argachuu keessaattii gahee bakka hin buune akka qaban deebii raga kennitootaa irraa qorataan hubateera.

Kanaafuu ,gahee olaanaa isaan qaban kanarratti hundaa'ee garaagrummaan gama gumaa fixuutiin Oroomoo Arsii biratti gama koorinyaatiin mul'atuu hafee wal-qixxuummaan qama hundaanuu mirkaanaa'uun daran barbaachisaadha.kana yoo jedhamu faaydaan dubartiin ijaarama hawaasaa keessattii qabdu gama hundaanuu daran olaanaadhaa. garuu qoonnii siyaas-diinagdee keessattii eddoon kennameef xiqqaadha . kanarraa ka'uudhaan gatii gumaa fixuu keessattii dubartiif murtaa'eefi qabeenya qoodamuu irratti gaheen daran xiqqaa ta'uun hubatamee wal-qixxumaan akka dhugoomu hawaasni martii hirmaachuun baay'ee barbaachisaa akka ta'e qorataan hubateera Akka heera Rippaabilika Dimookiratawaa Federaala Itoophiyaa keewwata 35(1)dubartootaafi egumsaa heerrii kenneef fayyadamuun dhiiraan qixxee mirga akka qaban tumeera.

Currently,women are in apposition of agreater power, in wider variety of fields then ever before.(power ful,women the world)Qaanqee Haqaa 2000

Bu'a argamee kanarraa ka'uun yoo xiinxalu deebiin deebistootaa dhibbantaan olaanaa akka Oromoo Arsiitti gaheen dubartoonnii ijaarama hawaasaa keessattii qabdu olaanaadha jedhu. kunis da'umsaa ,ulfaa'uu ,harma hoosisuu , araara buusuufi k.k.f qoodaa olaanaa dubartiin akka qabdu qorataan hubateera.

Kun dhugaa utuu ta'uu gamaa hirmaannaa siyaas-diinagdeetiin eddoon kennameeef akka Oromoo Arsitti gadi aanaadha. kun ammoo amantii waliin akkasuma addaa sirna gadaa keessattii gahee qooda hojii olaanaa ilmaan dhiiraa (korma) kennametu hanga har'aa dhibbaa godhee

gahee hirmannaa dubartootaa olaanaa ta’ee ijaarama hawaasaa keessatti qabdu gadi xiqqeessee mul’ata.

Kanaafuu ,afaan qofaan ulfinaafi gahee olaanaan akka kennameef himuun dhugaa qabatamaan mul’atu waliin hin deemu akka ta’e hubatamee qabatamaa godhuudhaan gahee dubartootaa ol guddisuun barbaachisaa akka ta’e qoratan hubateera..

ragaa dablee wajjiraa/ Haqaa Godinaa Arsii irraa fudhadhee(___E____________________)ilaalaa gahee utuu qabduu miidhaan baay’eenirraa gayee jira.

**Table 13. gatiin gabbaraa, geegawoo fi gumaa fixuuf kennamu akka Oromoo Arsittii wal-gitaa?**

| **Hanga** | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| **A** | | **B** | | **C** | | **D** | | **E** | | | |
| Gabbaraafii geegawoon hanga loon dhibbaa ta’uu danda’a gumaa fixuuf loon shantama qofa | | Gatiin gumaa fixuu Gabbara caa la | | Gabbaraafi geegawoof xiyyeeffannaan Jiru kan gumaa Dubartii caala | | Gatiin gumaa dubartii Loowwaniin gabbara caala | | Gumaafixuufi gatiin gabbaraaf Kennamu wal-qixa | | Dimishashaa | |
| Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lak | % |
| **55** | **55** | **10** | **10** | **30** | **30** | **5** | **5** | **---------** | **---------** | **100** | **100** |

Gaaffii 13ffaa Gabatee 13,”gatiin gabbaraa fi geegawoo intalaa gatii gumaa fixuuf kennamuun akka Oromoo Arsitti wal-gitaa? Yoo wal- caala ta’e sababa waliin nuu ibsa. Gaaffii jedhamee bar-gaaffiin gaafatameef deebiin gahaa jedhamee yaadame deebitootaan deebi’eera.

Haaluma kanaan deebistoonnii 55 gatiin gabbaraa fi geegawoo hanga loowwan dhibbaa yoo ta’u gatiin gumaa fixuuf murtaa’e loon shantama qofajedhaniiru. deebistoonni 30 gabbaraa fi geegawoof xiyyeeffannaan kenname kan gumaa dubartii caala yoo jedhan deebistoonni 10 ammoo gatiingumaa dubartiif kennamu gatii gabbaraa caala jedhaniiru.deebistoonni 5gatiin

gumaa dubartii loowwaniin gatii gabbaraa caala yoo jedhan gatiingumaa fixuufi gatiin gabbaraa wal-qixa kan jedhan namni tokkollee hin jiru.

Kanarraa wanti hubatamu akka Oromoo Arsittii sababoota kaayaman ennaa xiinxalamu intalti gasoota Arsii hundaa biratti tan gosaa waan taateef gabbara guddisee gosatu qabata;geegawoollee gosatu kenna. kana maleellee miidhaan akka irra hingeenne gosti qixaxxee dhaamatti...miidhaa dubartii gosaa gosa hundatu gaafata: .gumaa jilba itti murtaa,eellee gosatu fudhata jedhaniiru.

Kanaafuu intalti walabaa gosaa waantaateef,gatii gabbaraa fi geegawoo guddisee qabachuun qooda gosaa yoo ta,u, gatii gumaa fixuu obsaaf jecha kafalamu ammo murtii seera sirna gadaa keessatti Oromoon Arsii murteeffate kan wlii-galtee yaada hayyoota Arsii hundaa ta,uu qorataan hubateera.kun ammo gama horddoffii gosti akka intalti gosaa hin miidhamne godhuutiin baay’ee hamilee dubartii kan jajjabeessu ta’ullee gatiin gabbaraafi geegawoo gatii gumaa fixuuf dubartiif murame caaluufi xiyyeeffannaan gama gatii gumaa dubartii fixuun xiqqaachuun hamilee dubartii kan cabsu waan ta’eef kun hubatamee wal-qixxummaan koorniyaa gama hundaanuu akka dhugoomu hubannoon hawaasa biratti uumamuun baay’ee barbbaachisaa akka ta’e qorataan ni aman(Dekilareshinii bara 1993 ALA)keessattii miidhaa dubartootaa saala irrattii hundaa’ee gochaa raawwatamu hunda miidhaa qama saala fi saaykolojii kan tuqu,dirqisiisuu ykn seeraan ala bilisummaa dhoorkuu kkf .

Qabxiin dekilaareeshinii kanarraa hubatamuu fi deebiin deebistootaa wal-fakkaata. kana jechuun dubartootni miidhaan qaama saalaa, miidhaan ajeechaa yoo irra gaaye gatiin gumaa fixuu xiqqatee kan lubbuun jiran ammoo gatiin gabbaraa qarshii guddaa, damma, dadhaa, uffataafi loowaan hedduu ittii fudhachuun mirga dubartootaa fi saaykolojii dubartii miidhuudha akka ta’e qorataan ni amana.

Kanaafuu akka Oromo Arsittii dubartii jaalachuu fi kabajuun jiraatullee ,qabatamaan yoo ilaalamu gatiingumaa fixuu xiqqaa ta’ee murtaa’eefii mul’ata. Kun gatii gabbaraa kan dubartii olkaasuudhaan gatii gumaa fixuu dubartii xiqqeessuun mirga wal-qixxummaa addunyaan fudhatteehojirra oolchaa jirtuun walitti bu’a waan ta’eef kun hubatamee murtiin haqaa akka murtaa’u barbaachisaa ta’uuqorataan ni amana.

**Table 14. dubrtiin lafa qonnaa maattii irraa argattii?**

| **Hanga** | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| **A** | | **B** | | **C** | | **D** | | **E** | | | |
| Dhiiraan qixa argattii | | Baay'ee dhiiraa gadii | | Hirmannaa xiqqaa qabu | | Hirmaanaa hinqaban | | Mana keessattii qofa hirmaannaa qabu | | Waltii qaba | |
| Lak | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lak | % |
| **5** | **5** | **72** | **72** | **13** | **13** | **5** | **5** | **10** | **10** | **100** | **100** |

Gabatee 14,gaaffii 14ffaa"dubartiin Oromoo Arsii siyaas-dinagdee keessaattii gaheen qabdu akkam/ /ta'a?hangam ta'a" lafa qonnaa maatii irraa qixa ilma dhiiraa qoodamtii? Dhiibbaan gama kanaa garaagarummaa gumaa fixuugama koorniyaatiin mul'atuuf ka'uumsa ta'uu danda'aa/? jedhamee kan gaafatameef deebistoonnii72 bar-gaaffii kanaaf dubartoonni baay'ee dhiiraa gaditti qooda qaban yoo jedhan deebistoonni 13 ammoo hirmaannaa xiqqaa ija keessa hin galle qaban jedhaniiru. Kana maleellee deebistoonni 10 dubartiin mana keessatti malee alatti hirmaachuuf qooda hin qaban jedhaniiru.Gama birootiin deebistoonni 5 dubartoonni hirmaannaa dhiiraan qixa qaban yoo jedhan deebistoonni 5 ammoo gonkumaa hirmaannaa hin qaban jedhaniiru.

Sababoota hirmaannaa baay'ee dhiiraa gadii ta'e qabaataniif yoo ibsan dubartiin Oromoo Arsii yoo heerumtee manaa baatu geega'oon qabeenya abbaa irraa kennamuufiin dirqama yoo ta'u gama lafaafi mana qoodamuu gahee ishee gosa itti heerumtu keessattii argachuu qabdi jedhaniiru.lafa qonnaa ykn mana jireenyaa maatii irraa yoo qoodamte ilma dhiiraa kan itti heerumte san qabdee qe'ee maatii isheetti galchuun aadaa Oromoo Arsii keessatti fudhatama hin qabneedha jedhaniiru.

Ilmii gosa biro kun utuu intala wajjiin warraa sodaattii galeeyyuu miidhaan hamilee fi miidhaan biroollee irrattii gayuu danda'aa. Kun ammoo rakkoo uumee firooma balleessaa deema waan ta'eef lafti qonnaa maatii irraa kennamuufiin dirqama akka hin taane ibsaniiru. haata'u malee lakkoofsa keessa galuu baatullee namoota tokko tokko irraa qooda argachuunillee darbe darbee ni mul'ata. kanaafuu dubartiin Oromo Arsii lafa qonnaa argachuuf carraan bal'aan warra fuudhe

biratti qofa ta'a malee maatii irraa dhalatte biraa argachuun dirqama akka hin taane qorataan hubateera.

Qabxii kanarraa ka'uudhaan wanti hubatamuu qabu garaagarummaa gatii gumaa fixuu gama koorniyaatiin mul'atuufillee ka'uumsa kan ta'e keessaa tokko qoodni dubartiin maatii irraa argachuu qaban kan dhiiraatii gadi ta'uufi hirmaannaan dubartii mana keessatti qofa daangeffamuun rakkoo cimaa akka ta'e qorataan hubateera..kun ammoo ilma dhiiraafi dubartiillee kan uumee kenne waaqa waan ta'eef uumaan nama hundaa wal-qixa utuu uumuu dhiibbaa falaasama namootaatiin garaagarummaan kun kan dhufe ta'uun hubatamee qaamonni dhimma korniyaa irratti hojjatan hawaasa keessattihubannoo uumuudhaan rakkoo kana bu'urarraa furuun barbaachisaa akka ta'e qorataan ni amana.

Kana jechuun garaagarummaa koorniyaa giddutti uumameef sababoonni heedduun qabatamaan ni mul'atu. Kanneen ammo utuu ifaan mul'atan sobaan uwwisuu dhaan dubartii harka jalaatiin miidhuun ni mul'ata. Lafa maatii isaanii irraa qooda dhabuu, mana jireenyaa dhabuu, gatii gumaan itti dhumtuun kan dubartii gadi bu'uun, aangoo murtii kennuu dhabuun, biyya bulchuuf aangoo argachuu dhabuun, amantaa hogganuu dhabuufi k k f sababoota garaagarummaa koorniyaa babal'isan waan ta'aniif kun hubatamee wal- qixxummaan koorniyaa gama hundaanuu dhugoomuun baay'ee barbaachisaa akka ta'e qorataan hubateera.

Dubartoota biyyoota misoomanitti biyya hogganan dabalee (H.I.J.K ) ilaalaa.

Qabxiilee Hirmaannaa Dubartootaa gadi xiqqeessan jedhaman gurguddoo

Jalqaba aadaa boodatti hafaa ykn ilaacha teellaatti hafe, ilaalcha wal borcaa hawaasa keessa jiruu fi maatii, umrii malee gaa'ela akka uuman dhiibbaa jiru, butii,arraba Suukaneessaa, reebuu k.k.f waliin kan wal-qabataniif ammallee kan mul'atanii dha. (stiraateejii barnootaa guutuu biyyaa) waxabajii 2002) ministeera Barnootaa.

Qabxiin biroo ammoo rakkoo diinagdee yoo ta'u qaamonni mootummaa kan dhimmichi ilaalu, hawaasniifi maatiin barnoota dubartootaaf xiyyeeffannaa addaa kennuu, qabeenya barbaachisu ramaduufiin dubartiin akka baratan haala mijataa uumuufii dadhabuu, maatiin humna ijoollee durbaa fayyadamuu, irraa kan ka'e miidhaan dubartootaa gama hundaanuu hammatee mul'ata. Keessumaayyuu maatiin hiyyeessi waan ittiin barsiisu yoo dhabe, waan ittiin nyaachisu,waan

uffata ittiin uwwisuu fi meeshaalee barnootaa waan ittiin guutuuf yoo dhabe dubartoota m/b hin ergu. Inumaayyuu hum isaaniina kireessee kan itti fayyadamu hedduudha.

Maatiin hanga murtaa'aa ta'een barsiisuu danda'ullee dursa ijoollee isaanii kan dhiiraatiif carraa barnootaallee ta'ee carraa faaydaa argachuu kennu. ta'ee carraa faaydaa argachuu kennu. Intaltii dubaa ammo hojii mana keessaafi wantoota madda galii maatii ta'uu danda'an irratti dirqamaan bobba'anii galii maatii hundaaf aarsaa kafalu. Ijoolleen intalaa muraasa ta'an ammo carraa barbachuu utuu argatanii barnoota olaanaa ykn dhaabbata barnoota olaanaa erga hordofuu eegalanii booda dubartummaa isaaniitiif baasii dabalataa kan isaan barbaachisu dhabuun barnoota addaan kutu.

Rakkooleen gurguddoon armaan olitti tuqaman kunneen akka Oromoo Arsiitti hirmaanaa fi qooda dubartootaa kan xiqqeessaniidh. Kanarraa ka'uudhaan barnoota dhabsiisuu, amantaa fi ilaalcha walmakaa hawaasni intala dubaatiif qabu waliin wal-qabatee gaheen dubartiin qabdu xiqqaatee jira.

Akkauma armaan olitti tuqametti qabeenya qaban dursa ilma dhiiraa ittiin barsiisu, ilma dhiiraa ittiin kunuunfatu. Kanarra darbee human intalaa itti fayyadamuufi akka heerumtee irraa deemtu ykn gabbara ittiin nyaatan godhuun wanta dursi kennameef.

Qabxiilee rakkoo hanqina hirmaannaa dubartootaa ta'an jedhaman deebiin deebistootaa fi ragaan qorannoo Istiraateejii barnoota barbtootaa kun wal fakkaata.

Kanaafuu, hirmaannaa dubartootaa kan xiqqeessee fi qooda dubartiin qabdu dhiiraa gadi kan godhan ilaalcha hawaasaa wal-makaa,ilaalcha maati umateefi rakkoo diinagdee akka ta'an qorataan hubateera.

Kun ammo gufuu guddinnaa waan ta'eef hawaasaa fi qaamonni dhimma kanarratti gahee qaban madda rakkoo kana hubatee furmaata kennuun barbaachisaa ta'uu qorataan ni amana.

Gabatee 15 Dubartiin takka yoo heerumtu Oromoon Arsii dhaamachuun hangam faaydaa qaba?

| Faaydaa olaanaa qaba | | Baay'ee gadi'aanaa dha. | | Faaydaa xiqqaa qaba | | Faaydaa hin qabu | | Dimshaasha | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Lakk- | % | Lakk- | % | Lakk- | % | Lakk- | % | Lakk- | % |
| 85 | 85 | 5 | 5 | 10 | 10 | - | - | 100 | 100 |

**Gabatee 15 gaaffii 15ffaa** oromoo Arsii yoo dubartii takka heerumsiisu amaanaa dhaamachuun yakka gumaa hambisuu irratti hangam faaydaa qaba?"kan jedhame gaafatameef deebistoonni bar-gaaffii dhiyaateef deebii quubsaa ta'ajedhan kennaniiru.

Haaluma kanaan deebistoonni 85(% 85) faaydaa olaanaa qaba yoo jedhan, deebistoonni 5(% 5) faaydaa xiqqaa baay'ee gadi aanaa qaba jedhaniiru. Gama biraatiin deebistoonni 10(% 10 } faaydaa qabaatullee baay'ee xiqqaa jedha yoo jedhan , faaydaa hin qabu kan jedhan namni tokkollee hin jiru..

Sababa yoo ibsan ammoo Oromoon Arsii eegumsa dubartootaaf godhamu cimsuuf jecha gosa guutuu ykn bakka bu'oota gosaatiin warra fuudhutti dhaamata. Dhaamsi kun wabii intalaa waan ta'eef miidhaan qaamaa fi lubbuu ajjeechaa akka hin dhufne , hamileen akka hin tuqamne amaanaa jechuudhaan dhamatu . dhaamsi gosaa kun kabajaa waan qabuuf hojirra ooluun dirqama ta'a. Kana akka dirqamaatti fudhachuun ammoo mirga dubartii haalaan kabachiisa jechuudhaan hayyoonni aadaa kana beekan yaada isaanii barreeffamaan kennaniiru.

Bu'aa deebii deebistootaa kanarraa wanti hubatamu dubartiin takka akka oromoo Arsitti eegumsa gosaa qabdi. Gosti marti dhaabattee heerumsiisuudhaan dura teettee mar'attee itti waliigaltee intala kennite waan ta'eef eeyyama gosaa qabdi. Walabaan gosa qabdu rakoo qabdi waan ta'ee rakkoo hinqabdu. kana jechuun .abdii gosaa qabdijechuudha. Kanaafuu, alagaan itti heerumte sun intala gosaa fi geggeessaa qabdu ykn niitii rakoo qabdu irratti rakkoo yoo uume gumaa jedhamee akka itti hin lallabamne haalaan kabaja waan ta'eef miidhaa irra geessuu irraa of-qusata jechuudhaan hayyoonni kunneen ibsaniiru..bu'aa deebistootaa kanarraa kan hubatamu Oromoon Arsii intalafuudhaaf yoo gaafatan gosaan mari'atee kenna.guyyaa heerumaa gosti marti waamamtee nageenya isiitiif haalaan dhaamattee heerumsiifti.kun kan ta'eef ammoo abban

warraa miidhaa tokkollee akka irra hin geessineef akkasumas dhaamsi kun dagatamee yoo miidhaan qaamaa ykn ajjechaan lubbuu irratti kan raawwatamu ta'e gumaa gosti marti akka gaafattu qorataan hubateera. Kun ammo hordoffii nageenya dubartii eeguuf godhamu waan ta'eef jajjabeefamuu akka qabuudha. Haata'umalee  miidhaan yoo  gaye gosti wal-qusataaf jecha gatii gmaa dubartii kan dhiiraatii gaditti fixuun garaagarummaa koorniyy gidduu jiru kan bal'isuu akka ta'e qorataan waan amaneef kun hubannoo argatee qaamni dhimmaa mirga dubartootaa kabachiisuuf hundaa'e hawaasa keessatti hubannoo uumuudhaan garaagarummaa mul'atu hambisuun barbaachisaaakka ta'e qorataan ni amana.

Kanaafuu, ummanni Oromoo Arsii akka miidhaan itala irra hin geenneef jecha durumaa nama intala hamilateef utuu hin kenning dura ni qorata. Erga qoratee booda intala ni kenna. Ennaa kana ammo  gosatti qixaaxee dhaamata. Dhaamachuun yakki akka hin argamne karaa walitti dhufeenya guddisu tolchuudha.

Kun mirga dubartootaa  dhunfaa fi gareedhaan waan kabachiisuuf bal'innaan hojirra ooluun barbaachisaa akka ta'e qorataan ni amana. Akka barreessaan Alamaayyoo Haayilee jedhutti, "akka sera Gadaattii  abbaan warraa tokko hawaasa keessatti ulfinaa fi kabaja argachuuf dursee maatii isaa keessatti nama kabaja qabuu fi maatii isaatiif ulfina qabu , seerota gadaan tumetti kan buluu fi kan kabaju ta'uu qaba.

Sirna Gadaa keessatti seerri gaa'ela ittiin raawwatan rakoo jedhama.Seeriri rakoo sirna fuudhaa fi heerummaa seera qabeessa jechuudha. Arsiin niitiin rakoo niitii seera qabdu akka taateefi ijoolleen ishirraa dhalattus seera kan qaban  akka ta'e amana. Kanaaf, dubartiin takka yoo dhiirsaan afaan keessa waldidan, "Rakoo qabaa rakkoo qabaa?,"jechuudhaan ofitti amanuudhaan onnee guutuudhaan dubbatti jechuudhaan hayyoonni bar-gaaffiidhhaaf deebii kennan ibs

Namni seera rakootiin ala fuudhes gosa waliin hin godaanu .sababni kanaas gadaan kabajaa gaa'elaatiif jecha seera waan tumeef jechuun ibsaniiru. Kana jechuun dubartii tamiiyyuu haataatuu  seera rakoo malee harkaan hin tuqu, wajjiin hin jiraatu jechuudha.Yakki kun gosaa fi maatii walitti buusuu danda'a waan ta'eef adabbii olaanaa ta'e murtii argata.

Yaadota kanarraa wanti hubatamu sammuu beekumsaa fi dandeettii yeroo sanaatiin gaa'ela tokko eeguuf tattaaffiin godhamaa ture kan akka salphaatti ilaalamu akka hin taane qorataan hubateera..

Namni kamiiyyuu gaa’ela keessattii safuu hawaasaa akka hin cabsinee fi jiruu isaa waan salphaan akka hin diigne, kabajinni maatiif qaban gadi aanaa akka hin taane seeraa fi Safuudhaan daangessuun ijaaramaa fi milkaa’ina maatii tokkootiif eddo olaanaa akka qabu qorataan hubateera. Yaadoonni deebistootaan kenname kun yaada[ Sa’aadaa kadiir 2002), dubartootaaf sirna Gadaa jedhu keessatti ibsameen wal-fakkaata.

Kanaafuu Oromoon Arsii Xiyyeeffannaan gaa’elaaf godhu eddo olaanaa akka qabuufi kunuunsi niitii rakootiif godhamu gar-malee olaanaa fi kabajaa akka qabu qorataan hubateera. kana maleellee niitiin rakoodhaa niitii gosaan beekamtiin kennameef waan taateef eegomsiifi hamileen qabdu olaanaa ta’uu,akkasumas miidhaan irra yoo kan gayu ta’e gumaan ulfaataa akka ta’e qorataan hubateera..kun ammo mirga dubartii haalaan kan kabachiisu waan ta’ee adeemsi kun akka jajjabeeffamu hubannoo uumuun barbaachisaa akka ta’e qorataan ni amana.

**Gabatee 16. Bulchiinsa sirna Gadaa keessatti gahee hojiilee lfaataa dhiiraaf kennamuun koorniyaa irratti maal fakkaata?.**

| Garaagarummaa koorniyaatiif ka’umsa ture. | | Haala mijataa hin turre keessatti sirrii ture | | Hayyoota Oromoo Arsii bara 550 dhimma koorniyaa hin xiyyeeffanne | | Aadaa fi amantiin Arsii wal-makee garaagarummaa Koorniyaa uume | | Dimshaasha | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Lakk- | % | Lakk- | % | Lakk- | % | Lakk- | % | Lakk- | % |
| 36 | 36 | 24 | 24 | 8 | 8 | 32 | 32 | 100 | 100 |

Gabatee 16, gaaffii 16ffaa Bulchiinsa sirna gadaa keessatti gaheen hojii ulfaataa ta’an dhiiraaf kennamuun akka oromoo Arsiitti garaagarummaa gumaa fixuu gama koorniyaatiin mul’atu keessatti ka’uumsa ta’uu danda’aa? Jedhameekan gaaffatameef deebistoonni deebii quubsaa ta’a jedhan kennaniiru.

Haaluma kannan, deebistoonni 36(% 36) garaagarummaa gama koorniyaatiin jiruuf sababa ykn ka’uumsa ture yoo jedhan, deebistoonni 24(% 24) ammo haala mijeataa yeroo san hin turree keessatti sirriidha. Jedhaniiru.

Gama biraatiin deebistoonni 8 (% 8) hayyoonni oromoo Arsiiwaggoota 550 dura gumaa fixuu dubartootaa irratti gama murtii jilba ittiin gumaan dhumtuu xiyyeeffannaan hin ilaalle jechuun

deebii kennaniiru. Kanamaleellee deebistoonni 32 ilaalchi aadaa keessatti jiruu fi amantii keessatti mul’atu wal-makee jira waan ta’eef garaagarummaan kun mul’ate jedhaniiru.

Bu’aa kannarraa wantii hubatamu bulchinsa sirna gadaa keessatti hojiin ulfaataadha jedhaman kan akka biyyaa bulchuu fi abbaa murtii ta’uun murteessuu bu’aa- ba’ii waan gaafatuuf qooda dhiiraa kenname ta’ee akka qorataan hubateera.kun ammo hayyoonni sirna gadaakeessatti seera tuman haala mijataa yeroo san hin turre keessatti dubartiin ulfaa’uu da’uufi daa’imman kunuunsuu waliin hojiileen ulfaataan akka biyya bulchuu,loltummaa kkf bu’aa-ba’ii cee’uudhaan itti ulfaachuu danda’a jedhameeti malee dubartiin humnaafi dandeettii hin qabdu jedhamee akka hin taane qorataan hubateera.kana  ta’uu hubachuu dhaburraa kan ka’e aadaa, amantiifi falaasama yeroon irra dabare qabachuudhaan hanga ammaallee garaagarummaa gumaa fixuu babal’isaa kan jiran ta’uun hubatamee qaamonni dhimmichi ilaalu hundinuu hubannoo uumuunbarbaachisaa akka ta’e qorataan ni amana.

Kanarraa ka’uudhaan gahee hojii ulfaataa warra kormaatiif sirna gadaa keessatti kennamee ture. Haa ta’u malee waggoota 550 bara haaromsa bulchiinsa sirna gadaa keessatti hayyoonnii oromoo Arsii seeraa turman keessatti gahee dubartii gama hundaanuu qixa dhiiraa hin goone waan ta’eef kun garaagarummaa koorniyaa uumee jira. Kanaafuu garaagarummaa kun yoo hafe malee hawaasa badhaadhe wal-qixxummaan gama koorniyaa milkaa’uun barbaachisaadha.

Dubartoonni heeruman mirga qabeenya maatii isaanii qoodachuu hin qaban. Abbaan manaa haadha manaa irratti mirga olaanaa qaba. Miidhaa qaamaa fi lubbuu qofa irratti raawwachuu irraa kan hafe sababoota adda addaatiin rukutuu danda’a. maaliif niitii tee rukutte kan jedhu hin jiru. Walitti bu’iinsi hanga gaa’ela diiguu yoo dhufe, ijoollee hortee fi qabeenya qabdu hundaa dhiiftee baati. Qa’ee alagaa keessaa lafallee ta’ee, mana qodamuu hin dandeettu. Qabeenya waggoota hedduu umrii fi human irratti fixattee horte biraa harka duwwaa baati.

Carraa barachuu warra biraallee dhabdee fedhii fi filannoo ishii malee heerumte qe’ee abbaa warrattillee hinargattu. Inumaayyuu, yoo baratte mirga kiyyaa jette na falmatti waan ta’eef adabattee ijoollee ishii haaguddiftu jedha. Qbeenya warra ishee qoodamuu hin dandeettu, utuu carraa qoodamuu argatteellee dhiiraa gaditti nuusii ykn ¼ argachuu qabdi jedhanii amanu.

Dubartiin qabeenya fi barnoota akkasumas hamilee waan hawaasaa fi maatii irraa dhabaniif of itti amatummaa dhabuudhaan dhiiratti maxxantuu ta’uun jiraatu. Kun ammo carraa

garaagarummaa koorniyaa kan hawaasaan uumame utuu hin taane kan waaqni wal-caalchisee uume itti fakkaatee fudhatan.

Bu’aa deebii deebistootaa fi qabxiilee (sa’aadaa kadiir 2002) dubartootaa fi sirna gadaa kitaaba jedhu keessatti hayyuu Elizabeth cady Stanton barreeffame eeruun dhiyaateen wal-fakkaata.

Kanaafuu, garaagarummaa koorniyaa akka Oromoo Arsiitiif Sababoonni hayyootaara bulchiinsa sirna gadaa 550 seeroota tumaman keessatti mirgaa fi qooda dubartootaaf xiyyeeffannaa kennuu dhabuu fi aadaa wal-makaa ilaalcha dubartii irratti hawaasaa fi maatiin qabu rakkoo ta’uu mul’ata. Kana maleellee bulchinsa sirna gadaa keessatti gaheen qoodama hojiilee ilmaan kormaatiif kennaman aangoo olaantummaa dhiiraa fi qabeenya harka dhiiraa akka galu godhuun dubartiif qooda jila qopheessuu keennuun haala qabatamaa mijataa hin taane kan yeroo sanii irraa kan ka’e.

Kun hubannoo dhabee hanga har’aatuu gahee dubartootaa xiqqeessuun jira. Kanaaf ammo qoodama hojiilee bulchiinsa sirna gadaa keessatti ture ta’uu amana.

Walumaa galatti miidhaalee dubartoota irratti raawwataman hundaafuu akka ragaalee deebistootaa fi qorannoo hayyoota armaan olitti eeramaniitti murtii looga qabu gama koorniyaatiin hayyoonni oromoo Arsii bara 550 bulchiinsa sirna gadaa keessatti tumatan, aadaa wal- makaa hawaasnii fi maatiin intala durbaa irratti ilaalcha qabu, gahee ilmaan kormaa (dhiiraaf ) sirna gadaa keessatti kennaman (aangoo biyya bulchuu, aangoo murtii kennuu fi kkf), amantaa keessatti abba amantaa hoogganu ta’uuf carraa dhabuu, olaantummaa diinaagdee warra dhiiraa fi carraa barnootaa kkf dhabuun dubartootaa bal’innaan mul’ata.

Rakkooleen kunneen maddaa garaagarummaa gama kooniyaatiin Oromoo Arsiii biraatti mul’atan waan ta’eef kun hubannoo argatee fala garaagarummaa gidduu koorniyaatti mul’atu kanaaf kennuun baay’ee baay’ee barbaachisa jedha.Dabalee E ilaalaa.

## 4.3. Daawwannaa Qaaccessuu

Hojiin daawwannaa kun hojii qorannoo mata duree ‘ Xiinxala gumaa fixuu Oromoo Arsii gama koorniyaatiin mul’tu “ jedhu jalatti ragaa qabatamaa ennaa gumaan fixamuu, adeemsaafi raawwii isaa qaamaan eddotti argamuudhaan kallattii hundaanuu wanta ijaan argameefi wanta sagaleefi sochiidhaan daawwatame qorataan suuraafi sagalee waraabuudhaan akkaataa itti aanuun ibsee jira.

G/Arsii A/Xiyyoo keessatti bara kanaqofa wal-ajjeechaan sadiyoo raawwatamu lamaan isaanii kan dhiiraa yoo ta’u kun sirna gumaa fixuutiin araaramaniiru.adeemsa raawwii kana jalqabaa hanga xumuraa qorataan yoo hordofu jalqaba abbootiin gadaa gama lamaaniinuu murtii jilba gumaan itti dhumtuu haala ulfaatina badii uumameetiin qoratanii araarsuuf walii galchaniiru. Walii galteen kun gosa lameenuu mariisisuudhaan deebitee gosti miidhaan irra gaye akka mari’atanii jilba murtii kanarratti walii galan godhameera.kana booda murtii jilba gumaan kun itti dhumtu irratti gama lamaaniinuu walii-galuun ergamirkanaa’uun hubatamee beellamni guyyaan araaraan itti xumuramu waliin murtaa’eera. Murtii kanarratti hundaa’uudhaan warri miidhaa geese qophii barbaachisu hundaa godhachuun fira hundaaf waamicha godhaniiru.wanta seerri barbaadu hundaa horii loonii maallaqatti jijjiiruudhaan, daadhii naquudhaan, dullacha keeraa qopheessuudhaan,nyaataafi dhugaatii qopheessuudhaan ,uffata seeraa,heexoo,fikkf hundaa qopheessuudhaan araaraanfixataniiru.adeemsi kunneen marti ennaa raawwataman

Namichi miidhaa geese mana hidhaatii harka qaama seeraatiin dhiyaatee jira.inni kun mataa isaa lafa buusee jilbiiffatee maatii isaa wajjiin jilba maatii nama miidhaan irra gayee irratti kufuun jechoota araaraa kan abbootiin gadaa jechisiisan jchuun araaraafiwaadaa seena .

Firootni gama lameenuu waadaa walii galuudhaan araarri bu’uun dhugoomeera. Kana booda kabajaadhaan affeerriin nyaataafi dhugaatii raawwatamee araarri dhugoomee soda malee wal-keessa deemuudhaan jaalalaafi walitti dhufeenyi akka dagaage qorataan hubateera

Gama birootiin ajjeechan raawwataman kan biroo ummata aadaaOromoo hinqabne waan ta’aniif soda haaloo walirratti bayou ni jira jechuun eddo hin beekamnetti badaniiru. Qe’een isaaniitiifi qabeenya gatanii badaniiru.kanaan wal-biratti qorataan yoo madaalu badiin haala humnaa ol

ta'een yoo raawwatame aadaa gumaa fixuu kan Oromootiin araaramuun eddo olaanaafi faaydaa guddaa akka qabuqorataanhubateera.

Ragaaleen waraabbaman kan suuraafi sagalee ennaa gumaan

## 4.4. Guduunfaa

Deebiin af-gaaffii fi bar-gaaffii irraa waanti hubatamu hayyoota barnoota qaban kan seenaa beekanii fi jaarsota oromoo Arsii umrii dheeraa kan qbanii fi abbootii gadaa Arsii irraa dhugaan deebii kanaaf argame quubsaa ta'uu isaati Kana jechuun hayyoonni kunneen gaaffilee dhiyaatan tasa deebii kan itti kennan utuu hin taane itti yaadanii, kan hubannoo qaban ofii deebisanii kan hin qabne hayyoota muuxannoo qaban kan biro gaafatanii waan deebisaniif quubsaa fi yaada baay'ee walitti dhiyaata niidha.

Hayyoonni, jaarsolii, abbootii gadaa fi dubartoonnii deebii akka kennan filataman hundi isaanii gumaa jechuun balleessaa ykn badii uumuu hanga ajjeechaa Lubbuu namaa akka ta'e itti walii galu. Kana jechuun badii suukaneessaa, hammeenyaan guutame waan ta'eef rakkoo ulfaataa waitti dhufeenyaa, tokkummaa fi jaalala hawaasaa diigu akka ta'e itti walii galu;niamanu.

Haa ta'u malee dhimma suukaneessaa kanaaf madaalliin gama gatii obsaatiif kafalamu irratti qaban warri hubannoo qaban ammo baay'innan olaanaa ta'uu qofa utuu hin taane gatiin obsaaf jecha kafalamu olaanaa akka taeef kun ammo namoonnii ulfaatina ykn suukaneessummaa gumaa yoo hubatan balaa ykn badii akkanaa irraa of-eeguuf hubannoo qabaachuun faaydaa olaanaa akka qabu sirritti beekan.

Gara biraatiin ammo As-dhufteen gumaa qabeenya dhuunfaa horachuu, hinaaffaa, roorroo, fedhii dhuunfaa fi garee galmaan ga'achuu, olaantummaa ofii mirkaneeffachuu fi ilaalcha ofii namarraatti fe'uu ykn fudhachiisuu k.k.f irraa kan dhufe ta'uu deebistoonni bal'nnaa ibsaniiru.

Haa ta'u malee deebistoonni as-dhuftee gumaa hubannoo hin qbne lakkofsaan muraasa ta'an ni jiru. As- dhuftee gumaa deebii deebistootaa kanarraa ka'uun yoo hubatame faaydaa guddaa akka qabu ta'ee argama. Kunis, sochii ilmaan namaa yeroo gara yeroo godhu keessatti faaydaadhaan wal-qabatee walitti dhufeenyi gaariin ykn walitti bu'insii fi hammeenyi jiraachuu mala.

Kanaafuu, sababa faaydaa walitti dhufeenyaa fi of eeggannoo barbaachisa.Garaagarummaa gumaa fixuu oromoo Arsii gara koorniyaatiin bal'nnaan kan jiru yoo ta'u, kunis, dhiiraaf dubartii gar-malee kan wal-caalchise ta'uu ibsaniiru.

Haa ta'u malee deebistoonni muraasni dhugaan wal-qabsiisanii gatiin wal-qixa jedhan jiru.Yaanni Kun qabatamaan utuu hawaasa oromoo Arsii keessatti jiraatee ykn hojirra oolee turee baay'ee filatamaadha.

Political empowerement social and legal institutions still do not guarantee women equality in basic legel and human rights, in access to or control of landor other resources, in employment and earning, and social and political participatin. Laws gainst domestic violence are often not enforced on be half of women (Oromia women's & children Affairs Bureau 2002 ), Subi printing press.

Dhugaan jiru garuu gatii araaraa gumaa fixuu dhiiraaf lowwan 100 akka ta'e fi dubartiif immoo lowwan shantama akka ta'e bal'innaan ibsameera.

Kun ammoo murtii jilbaa kan wanta qabatamaa ta'e hin qabne akka ta'eef uumaan wal-dabarsuu utuu hin taane ilmaan nama hundaa wal-qixeesse jira. Namoonni garu Siyasaa mataa ofittiin uumanittii faaydamuudhaan dubartii irratti miidhaa geesisuudhaan mul'atuu.Kun ta'ullee,ilmaan namaa falaasama mataa isaaniitii fi fedhii dhuunfaa fi garee guuttachuuf jecha seerota tumatan kan ittin bulmaataa keessatti garaa garummaa kana uumaniiru.

Seeronni kunneen ammo barreeffamaan kan darbaadhufee miti. Afaaniin darbaa waan dhufaniif eddo tokkogara eddootti garaa garummaan wal-caala jedhaniiru. Kun marti qarooma addanyaan yeroo ammaa irra jirtuu fi dhugaa human dubartiin hawaasa keessatti gama hirmaannaa hundaatiin hanga biyya bulchuu geettee waliin hin deemu waan ta'eef xiyyeeffatamee sirraa'uu akka qabuudha.

Gama biraatiin akaakuu gumaa kan itti yaadamee ykn itti qophaa'amee badii umami ykn balleessaa baay'ee suukaneessaa raawwatamee fi badii danuu ykn tasa uumame akka ta'anii fi gatiin gumaan itti fixamu akka jilba badii uumameetiin ta'uu ibsaniiru. Badii gama kanaan uumamu hundaa irraa of-eeguun waaqaa fi nama birattillee kan jaalatamuu fi tokkummaa hawaasa kan cimsuufi nageenya amansiisaa ta'e kan fidu ta'u itti walii galu.

Kanarraa kan hafe gumaa fixuun aadaa boonsaa oromoon hundii jaalatu akka ta'e haalaan ibsaniiru. Kanaafuu,gumaan yoo namatti galte araaraan gumaa fixuun faaydaan nageenyaa fi walitti dhufeenya hawaasaa gabbisuu keessatti qabu baay'ee olaanaa akka ta'e ibsameera.

Kanaarraa ka'uun wanti guddaan hubatamu sochii ilmaan oromoo Arsii gama hundaanuu godhan kan hawaasummaa fi diinagdee keessatti walitti dhufeenyi hawaasaa akkuma guddataa dhufeenyi hawaasaa akkauma guddataa dhufe hundaa sababoota faaydaan waal-qaba taniin walitti bu'iinsii fi wal-ajjeechaanis akka dhufee fi kun ammo ilmaan abbaa tokoo kan ta'an ummata Arsii akka addaan hin diigneef jecha kan du'e yoo jiraate gumaadhaan fixamee araaraabuusuun nagayaan waliin jiraachuun aadaa baratamaa akka ta'eef kun daran nagayaa fi walitti dhufeenyaaf jecha jajjabeeffamuu akka qabudha.

Gara biraatiin ammo garaa garummaan gama koorniyaatiin mul'atu sababoota qabatamaa hin taaneen falaasama namootaatiin kan uumamee fi hangaqabeenya maatii, ishee dubartiin qoodamuu irratti dhiiraa gadi akka ta'eef kun ammo yeroo ammaa waliin kan hin tarkaanfannee fi sirraa'uu akka qabu haalaan hubatameera.

Hirmaannaa Dubartootaa Bulchiinsa sirna Gadaa keessattiGadaa Oromoo keessatti luba (Miseensa Gadaa) kamiin keessattuu dubartoonni jila adda addaa irratti hirmaachuu malee gumii irratti hirmaattee mirga murtii kennuu irraatti kallattii dhaan gaheee hin qabdu.Haa ta'u malee jila adda addaa qophaa'u keessatti waan barbaachisaa ta'e hundaa raawwachuudhann jilasan ni miidhaagsiti jedhu.

Asmaroom laggasa yoo ibsu," women building acermonial parivilion, where the intiation of the Dabballe (1) will take place. Dubartoonni Abbaa Gadaa, Hayyuu, Abbaa Duulaa ykn qaama olaanaa sirna Gaadaa ta'anii hin tila taman. Dubartoonni hojiin (gaheen) isaanii jila midhaagsuudha.

Akkaata hayyoonni ibsanitti, Abbaa Gadaa ta'uun lafa baddaa fi gammoojjii, iddoo waraanaafi iddoo bishaan hin jirretti socho'uudhaanrakkoo hundaa deemanii hiikuun bulchuu waan ta'eef dubartoonnii rakkoo kana hundaa dandamachuu bulchuuf humaan hin qaban yaada jedhu dhiyeessaniiru. Gama biraatiin dubartoonni ni ulfaa'u,nida'u, harma hoosisuufi maatii kunuunsuun gahee olaanaa irraa eeggamu jedhu.

Yaadota kanneen yoo xiinxalu, dubartoonni hundee dhala namaa ta'uun akkasumas dhaloonni akka itti fufuu fi kunuunfamee akka guddatu gochuu keessatti dubartoonni gahee olaanaa waan qabaniif haala bulchiinsa yeroo sanaatiif bu'aa-cee'ii bayuufi bu'uun ammo gahee isaanii kanarratti dhiibbaa guddaa qabaachuu ni danda'a kan jedhu wanta nama amansiisu qaba fakkaata.

kun ammo dubartiin beekumsaafidandeettii waan dhabadeef osoo hin taane,hormaanni ilma namaa akka itti fufu yaadameeti. Hormaata akka itti fufu taasisuun mataa isaa, itti fufiinsa sirnichaatiif ga'ee olaanaa waan qabuuf jedhamaa.

Haa ta'u malee dhugaa kana hubachuu dhabuudhann, gahee uumaan gonfachiise kana cinatti dhisuudhaan dubartiin humana ,cimina sammu fi anniisaa morkii dhabburraa kan ka'e, hojiilee ilmaan kormaa (dhiiraaf) sirna Gadaa keessatti kennamee,dubartoonni hojii bulchiinsaafi murtii kennuu dhoorgataman kan jedhan ni jiru. Gochi kun waggoota dheeraa irraa kaasee hanga ammallee ni mul'ata.

Hundacaalaa sirni Gadaa sirna dhiiraati (patriarchal society) jedhamee waan fudhatameef sirni dhiiraa ammo eessumattuu, akka bulchiinsa olaantummaa dhiiraa calaqisiisu hawaasa addunyaa baay'ee irratti dhugaa mul'atu.Oromoo Arsiillee akkuma hawaasa addunyaa keessaa tokko ta'eetti gocha olaantummaa dhiiraa kana qooddateer.a (sa'aadaa Kadiir 2002) ,dubartootaafi sirna Gadaa, M.M- Birhaaniif salaam

Dubartii ykn dhiiraa ta'anii dhalachuun uumama ilma namaa kamiiyyuu ta'uu bira darbee dhalaa ykn kormaa ta'aniiuumamuun amala lubbu qabeeyyii hundaati. Kanarraa ka'uudhaan uumamaan kenname kanaan alatti jarmiyaaleen aadaa adda addaa haalaa fi amala isaanii mijaa'een qooda hojii kennamu keessatti gaheeisaanii taphachuudhaan kan lubbuu qabeeyyiibiroo caalaa wal-xaxaafi bal'ina kan qabuudha.

Garaagarummaa gahee hojii dhiiraafidubartii jidduu (gama korniyaa) uumamni isaa seenaa ilma namaa hammayyummaa dura jiru irraa ka'ee kan uumame ta'uu isaa hayyoonni, (Miller 1993 A.L.F ) Irrene Tinker 1990 A.L. F.) kitaaba barreessan keessatti ibsaniiru.

Keessattuu leecalloon ( resource) to'achuun, meeshaalee gugurdoo (tools) fi teeknoloojiif kaluu ta'uun, ykn to'achuun akkasumas abbaa taayitaa ta'uun, angoo harkatti galfachuu

danda'uun gumaacha guddaa qaba. akka hayyuun Barbar Diane miller kitaaba" sex and Gender hierar chies" jedhu bara 1993 A.L.E barreessan keessatti chies control of important resouces, including food and territory, access to tools and technology, power and authority differences from others and patterns of communication have all been considered "( P.8)

Akkuma beekamu ilaalchi gadi aantummaa dubartootaa calaqqisan (gender inequalities) dhimmaa akka addunyaa guutuutti horjirra oolaa kan tureedha. As irraatti gaaffiin guddaan maddi isaa maal kan jedhudha.

Dhimmi kun dhimma wal-mormisiisaa ture.Miller(1993) fi Irene Tinker (1990) akka ibsanitti yaanni dhiirri uumamaan cimina qaamaatiin, jifata (aggressive) fi harka olaanaa (dominate ) ta'uudhaan dubartoota kan caalu ta'uun, garaagarummaa kana fideera yaanni jedhu mormisiisaa ta'ee turuu isaa ibsaniiru.

Haa ta'u malee garaagarummaan koorniyaa kun dhimmaa adamoon wal-qabateen kan uumame ta'uu hayyoonni ni ibsu. Kana jechuun baroota dur- keessa jiruun ilma namaa adamoo waliin kan wal-qabateefi giddu-galli diinagdees adamoo ta'uu isaa ni ibsama.

Kana waliin wal-qabatee yeroo san adamsuun guutumaan guututti hojii dhiiraa akka ta'e ibsameera.Miller (1993) akka ibsanitti, "… the hunting is the beses for the human way of life ,an exclusively male activity and the centeral economic pusuit" (f33). Yaannii kun ammo dhiirri wabii nyaataa mirkaneessuu keessatti ga'ee olaana taphachaa dhufuufi gahee geggeessummaafi olaantummaa isaa mirkaneeffachaa kan dhufe ta'uu namatti mul'isa. Miller(1993) kitaaba isaa'Sex and gender hierarchies" jedhu keessatti yoo ibsan.

"Here it assumed that men controlled food provisioning and sharing that men were leadrs and "incharge" of dominant over woman and children".

Gama biraatiin yeroon dubartoonni ija mukaa funaanuun biqiltuu adda addaa dhaabanii maatii isaanii itti kunuunsaniifi humna diinagdee cimsuudhaan gahee bu'uuraa taphatanis akka jiru ibsaniiru. Kitaabuma isaanii kana keessatti yoo ibsani,"woman played acentral economic role by using tools to obtanin and process plant foods" (P.33) kanaafuu dhimmoon armaan olitti ibsaman kunneen yoo xiinxalaman, dubartoonni ija mukaa fi biqiltoota adda addaa nyataaf yoo

qopheessan warrii dhiiraa immoo nyaata foonii kan dhiyeessan ta'uudhaan qaamonni lamaan wal-gargaaruun jiraataa turuu ibsan.

Kanarraa ka'uun dhugaa jiru yoo xiinxallu bu'uurri jireenya ilma namaa qoodaa hojii dhiirum maafi dubartummaan uumaman ala kennameen osoo hin ta'in amala qooda fudhannaa ykn sistama dhiiraa fi dubartiin nyaata funaanuun maatii isaaniif dhiyeessuun jiraachisan ta'a.

Walii galatti akkuma barreessaan Miller (1993) kitaaba isaanii sex and gender heirarcher) jedhu keessatti ibsaniitti, garaagarummaa qooda hojii duraanii dhiirri adamsuuf dubartiin ija mukaa funaanuu irraa kan ka'e ta'uu isaa fakkaata.Yeroo adamsuuf deemamu gamtaa ykn gareen akkataa firoomaa fi walitti dhufeenyaatiin waan ta'eef kun walitti dhufeenya dhiirotaagar-malee cimse . Sochiin gareen dhiironni raawwataa turan kun olaantummaa isaanii shaakaluuf bu'uura tokko ta'e jedhamee amanama.

Akka Miller (1993) kitaaba sex and gender hierarchies jedhu keessatti ibsettii "……Social net works including kin ship and social " sarvey" are central for male to achieve high status . (P 39) kana malees ulfinnaa, cimina lafeefi ilkaanii akkasumas jifattummaa (agressivess0 dhiiraa wal-qabsiisuudhaan dubartiin gadi aantuu fi dhiirri olaanaa akka ta'etti amanunuun ilaalcha hanga ammaa addunyaa mara bira turee fi ammallee kan jiru ta'uun isaa ni beekama.

Haa ta'u malee Miller(1993) yaada kana akkas jedhee morma "Aggression is an enormous subject, but I briefly discuss several studies to challenge assumptions that males are always more aggressive than females and that females and that females are necessarily passive (P-40)

Gama biraatiin ka'umsi garaagarummaa koorniyaa dhugaan jiru ilaalchaafi hiikaa fedhii irraatti hundaa'een akka ta'e wanti namatti mul'isu ni jira. Cimina qaamaatiin of madaaluudhaan hiramaannaa ol'aanaa adamoo keessatti qabaniin olaanaa of –godhuun ni mul'ata.

Kunis gochatti geeddaramaa dhufuun carraa meeshaalee diinagdee (economic tools) to'achuu, humnaan olaantummaa horachuu yoo jalqabamu, ilaalchi gadi aantummaa dubartootaa dagaagaa dhufeera.

Karaa biraatiin namoonni yeroo meeshaalee adamoo oomishuu, meeshaalee Oomishaa Oomishuufi to'achuu jalqaban tokoo tokkorratti Olaantummaa agarsiisaa waan dhufaanfi waraa-

naan injifatamee kan moo’atame garba bulfachuu yoo jalqabu jaarmayaa (state) ijaaruudhaan of bulchuu eegalan. Ilaalchi gadi aantummaa dubartootaa shaakalamaa waan jiruuf jarmiyaa kana keessatti dubartoota ilaaluun hafee gadii aantummaa dubartootaa fi olaantummaadhiiraa (female inferior and male superior) dagaaguudhaan dubartiin tajaajiltuu dhiiraa (subordination of females iddoo qabateera.(sa’aadaa kadiir 2002), dubartootaa fi sirna Gadaa

Akka Irene Tinker(1990) ibsetti, dubartoonni aangoo diinagdee to’achuu gaafa dhaban sochiin isaanii mana keessatti daangeffamee hafe. Bu’aan kun ammo garaagarummaa qooda gahee hojii keessattuu dubartoonnii hojii madda diinagdee keessaa akka bayan, ramaddii leecalloo (resource) maatii keessatti garagarummaan akka uumamuu fi dubartiin gadii aantuu fi tajaajiltuu dhiiraa akka taatu caalmaatti gahee taphaleera. Haalli kun gender stereo type ykn ilaalcha tuffii dubartootaa amma hiddaa gadi fageeffatee mu’ate kanaaf ka’umsa akka ta’e dhugaa mamii hin qabneedha.sa’aadaa kadiir,(2002), dubartootaa fi sirna Gadaa.

Bu’aa deebistootaa fi madda ragaalee qorannoo hayyoota beekemoo kanarraa wanti xiinxalu sababoonni garaagarumma koorniyaa uuman hedduu yoo ta’an sababoonni baay’een isaanii kan warrii dhiiraa olaantummaa diinagdee harkatti galfachuu irraa maddan akka ta’etti qobxiileen biroo ammo ilaalcha wal-makaa hawaasaa fi maatiin dubartoota irraatti qabaniidha.

Kana maleellee aangoofi taayitaa bulchiinsa sirna gadaa keessatti ilmaan kormaa (waarra dhiiraatiif) kenname akkasumas amantaa keessatti carraa hogganumaa dhabuu fi k.k.f qabxiilee ijoo akka ta’an hubadheera.kanaan alattis dubartoonni carraa barnootaa hanga dhiirootaa argachuu dhabuun ni mul’ata. Kun ammo dhiibbaa maatiifi hawaasaafi keessaa qaba.

When women’s are empowered whole families benefit and these benefit and these benftits often hane ripple effects to future generations. The roles that men and women play in society are not biologically determined. They are socially determined changing and changeable. Although they may be justi fiel as being required by culture or religion, these roles vary widely by locality and change over time.(Oromia women’s Affairs 200) Kan ke llaka, Subi printing press.Finfine.

Kanaafuu, rakkooleen ka’umsa garaagarummaa kooriniyaa uuman kuneen qooda dubartoonni dhiiraan waliin qixa argachuu qaban kan akka gatii gumaa fixuu walakkdhaan kan dubartii yoo xiqqeessu, qabeenyamaatii isaanii erga heerumanii booda akka hin qoodamne godhee jira.

Kana maleellee garaagarummaan uumame kun as-dhuftee gumaatiifillee sababa ta’eera.kunis olaantummaa adamsuun dhuferraa ka’uun tokko tokkorratti waraana bane wal-ajjeechaan akka dhufellee ka’umsa ta’ee jira.Gama biraatiin ammo akaakuun gumaa tasaafi itti yaadamee ajjeesuunis sababoota adamoo fi olaantummaa ofii mirkaneessuuf waraana walitti banuu ta’uu hubadheera.

walumaa galattii maalummaa gumaa,As-dhaftee gumaa, akkakuu gumaa, gumaa gama koorniyaatiifi madda garaa garummaa gumaatiif ka’umsa kan ta’an qabxiilee armaan olitti eeraman ta’uun hubatamee hawaasni bal’aan hirmaannaa dubartootaa guddisuuf gahee irraa eegamu hundaa bayuun baay’ee barbaachisaadha yaada jedhuun qaba.

# BOQONNAA SHAN

## 5. Xumuraa fi yaboo

### 5.1. Xumura

Akkuma boqonnaa tokko keessattii ibsamettii kaayyoon gooroon qorannoo kanaa, xiinxala garaagarummaa gumaa fixuu Oromoo Arsii gama koorniyaatiin mul'atu Godinaa Arsii Aanaa Xiyoo keessatti gaaffiileen mata duree kanaan wal-qabatan deebii isaanii sakatta'uudhaan yaada furmaataa kennuudha. Kana godhuudhaaf ammoo gaaffiilee hayyootaa, jaarsootaa, Abbootii gadaafi dubartootaa, iddatoo filatamaaniif akka meeshaalee funaansaa ragaatti fayyaadamuudhaan ragaan guuraman qaaccaa'anii jiruu .

Akkumaa beekamuu gaheen hayyootaa, jaarsootaafi dubartootaa hubannoo qaban hawaasaa keessaatti gama hundaanuu hubannoo qaban muuxannoo fidandeetti qabaniin fudhatama qabaachuudha. Kana jechuun ammoo hayyoonni seenaa barnootaa fi muuxannoodhaan gonfatan hawaasa keessaa bayan barsiisuu,qabsiisuu fi dabarsuufin gahee lamuummaan irraa eegggatu .jaarsootiifi abbootiin gadaallee fudhatamaa fi jaalatama hawaasa keessatti qaban irraa kan ka'e gama jaarsummaadhaan warraa wal dhabee araaraasuu ,cidha keessattii sirna adda addaa hogganuu , dubbii gumaa fixuu , fuudhaafi heeruma keessattii sirna miidhaagsuufi hojiilee hawaasummaan gaafatu hunda qooda fudhachuufi hirmaachuudhaan muuxannoo fi hubannoo aadaa irrattii olaanaa kan ta'e waan qabaniif gaheen kun bu'aa qorannoo kana keessaatii galma barbadame gahe jira.

Kanaafuu, qorannoowwan fuuldura labata dhufuu fayyaduu danda'an bu'aan argame galmaa'ee akka turuufi afaaniin qofa daddarbuun dagatamuufi gonkumaa hanga baduu geessuu akka danda'u hubatamee barreeffamee akka taa'u godhuu irratti shoora olaanaa taphataniiru. Waan kana ta'eef hubannoo dhabuun ykn utuu hubannoo qaban dogoggorri addaa addaa hawaasa keessattii waggoota hedduu ykn jaarraa heddu yoo ture aada ykn bar-maatilee ta'ee taa'a.

Bu'aan qorannoo kanarra argaman akka ibsutti deebiin hayyootaa, jaarsotaafi abbootii gadaa Oromoo Arsii keessattii akka mul'atutti ummannii Oromoo Arsii aadaa wal-fakkaataa fi amantii itti waliigalan kan qabu waan ta'eef danbii ittiin bulmaataa fi sona mataa isaa kan danbii kana ittiin kabachiifatu ni qaba. Oromoon Arsi ilmaan abbaa tokkorraa dhalatanii gosoota baay'ee

ta’aniin kan qoqqoodamaniidha. Gosootni Arsii kunneen ammoo ilmaan Arsee kan ta’an Siikkoo,Mandoofi Mannaa irraa kan dhalataniidha. Isaanis ,Utaa, Waayyuu ,Wacaalee fi Bullaallaa yoo ta’an gosoota 400-500 akka horan ibsameera. Gosoonni Arsii kunneen Goodina Arsi bahaa ,ArsiLixaa, Baalee fi Shawaa baha keessaa bal’innaan akka qubataniifi aadaafi amantaa wal-fakkaataa akka qaban ibsameera. Kun ammoo yoo mammaakamu,,Arsiin aadaa tokko qaba ; garuu cidha garagaraa qaba jedhama. Kana jechuun ummannii Arsii Aadaa,amantaa fi seeroota ofii tumate kan wal-fakkaatu qaba jedhaniiruu.( Abbaa Gadaa Ahimad Galatoo)

Haata’uu malee beekaa ykn hubannoo utuu qaban ykn wallaalaan ykn dogoggoraan eddo tokko tokkotti haaxinnaatullee cabee nimul’ata jedhaniiruu. Kana malees seerota Arsiin tumate kanneen keessaa haala qabatamaa yeroowaliin akkaa deemuu jedhamee kan gadaadhaan haaramfaman ni jira. Yeroo gara yerootti fuuldurallee ni haaromfamu.haaromfamuu kana labasamee dhaga’uu dhaburraa ykn dhagayeetu fudhachuu dhaburraa seerota haafuu qaban qabatee hangaa har’aatu kan deeman akka jiraniifi kun ammoo tokkochummaa walittii dhufeenyaafi jaalala ilmaan Arsii walii qabu cimsuuf jecha qixa wal-fakkaatuun tokko ta’ee fooyya’ee waliin deemuun barbaachisaa akka ta’e hayyoonnii fi jaarsotiin cimsaanii dhamuu kanneen keessaa dhimmootaa (qabxiilee) garaagarummaa gumaa fixuu Oromoo Arsii gama koorinyaatiin mul’atu,qabxiilee qabeenya maatii qoodamuu ykn qabeenyaa horachuu keessatti garaagarummaa uuman ,qabxiilee hogganumma keessattii garagaarumman mula’tun maal akkaa ta’e hubatamee fala uumuuf jecha ittii hojjatamuun barbaachisaa akkaa ta’e hayyootan ibsameera.

Dhumarrattii qabaxiileen garaagarumma gumaa fixuu Oromoo Arsii gama koorniyatiin mul’atan bal’aa ta’uu fi kunis warraa dhiiraatiif loowwaan dhibbaa dhiibuu yoo kennan dubartotaaf ammoo loowwaan shantama qofa murteessuun baay’ee kan addaan fagatee fi wal qixummaa ilmaan namaatiif gufuu ta’a jedhamuu isaa ibsaniruu.Gamaa birootiin as- dhufteen gumaa akkaOromoo Arsittii wal-ajjeechaa ilmaan Arsii lamaan akka ta’eetti, kan jedhuufi sababaa adamoon wal-qabateen ol-antummaa ofii mirkaneessuuf jechaa warannaa waalirraattii banammeen kan dhufe kan jedhus ni jira.kana malees qabeenyaa dhuunfaa horachuurraa kan ka’ee daangaa lafaa,faayidaa fi hinaaffaa waliin haala wal-qabateen walittii bu’iinsaa uumamee irraa as- dhufee yaadonni jedhan gama tokkotti dhufuun barbaachisaa akkaa ta’e ibsaniruu .

Kanaachittillee dubartiin heerumte martinuu qabeenyaa maatii dhaabbaataa kan akkaa lafaa fi mana qoodamuu dhabuun ykn tokko sadaffa ykn tokko arffaa qofa harka baay’ee ijoolee

dhiiraatii gadittii qoodamuun dogongora seenaa akkaa ta'ee hayyoonnii ibsaniiruu . garaagarummaa gama koorniyatiin mula'atu kanaaf sababoonni gufuu ta'an ilaacha wal-maka hawaasni dubartii irraattii qabu ilaalcha maatiin ijoollee dhiiraafi dubartii wal-qixxeessaanii ilaaluu dhabuu irraattii qabu seerota bara haarmosa gadaa 550 keessaa bayaan keessatti gaheen dubartootaa dhiiraan qixa ta'ee murtaa'uu dhabuu, bulchinsaa sirna gadaa keessattii gaheen hojiilee ulfaata jedhamee ilman kormaa (dhiiraf) kennaman haalaa mijatataa yeroo ammaa jiruu waliin haarmsi godhamuu dhabuuf gaheen abbaa gadaa ,abbaa bokkuu abbaa murtii fi k.k.f hanga har'aatuu dhiira qofaa murtaa'uu (mirkanaa'uu),Eegumsi gaa'elaaf sirna gadaa keessattii fuudha fuudhaarrattii gabbaarafi geega'oon human waliin hin deemne akka aadaa ta'aa dhufuun dogongora oolee buulee akka aadaa fi sona Arsii ta'aa dhufe waan ta'eef kun bifa haarmsa gadaatiin itti yadamee fooyya'ee wal-qixxummaan koorniyaa mirkaana'uu akka qabu hayyoota fi jaarsotiin raga kana kennnan bal'innaan ibsaniiru.

Hirmaannaa dubartootaa kana xiqqeessan keessaa tokko carraa barnootaa ijoollee dhiiraatiin qixa dhabuu fi humna intala maatii itti fayyadamuudha. Kun ammo badii guddaa akka ta'e hubatamee qaamonni dubartootaa qabsaa'nii fi hawaasni oromoo Arsii bal'aan akka tumsa godhee furmaata kennu yaada bal'aa kennaniiru.

Olaanatummaan dhiiraa gaa'ela ijaarame keessaa fi ilaalcha hawaasaa keessatti bal'innaan mul'ata. Kun ammo waaqni dhiiras,dubartiis qixuma uumee mirga namummaa qixuma uumee mirga namummaa qixuma kenneef ta'uu utuu beekamu sababa ilaalchaa fi falaasama namootaa hirmaannaan siyaas- diinagdee dubartii xiqqaatee argama. Kanaafuu, dogoggorra ilaalcha warri dhiiraa fi hawaasni dubartii irraatti qabu wal- makaadha. Kanaaf, fala kaayuun baay'ee barbaachisaa akka ta'e hayyoonni bal'inaan ibsaniiru.

Qabxiilee kana irratti hubannoon leenjii, semenaaraa fi kkf deeggarame kennamuufiin baay'ee barbaachisadha .Hayyaoonni sirna gadaallee dhimma gadi aantummaa dubartii callaqiisan kana hubatee haaromsa godhuun murteessaa akka ta'e qorataan ni amana. Akka bu'aan qaaccessaa meeshaalee ragaa mul'isaaniti gumaa fixuu gama koorniyaatiingaraagarumman mul'atu gar-malee bal'aa akka ta'ee fi ilaalchi wal-makaan hawaasaa fi maatii biratti gama koorniyaa idileessuutiin mul'atu kan dhiibbaa qabu akka ta'e mul'isa.

Kana jechuun qoonni fi hirmaannaan dubartootaa kan warra dhiiraa waliin yoo wal-biratti madaalamu baay'ee xiqqaa akka ta'e agarsiisa.Arsirratti miidhaan hanga ajjeechaa lubbuu gayee

jiraate gatiin dubartiif gumaa fixuuf murtaa'e kan warra dhiiraatii gadi walakkaadhaan bu'ee loowwan shantama qofa akka kaffalamu murtiin jedhu, loogummaa qabaachuu mul'isa.

Kana malees qabeenya maatii qoodamuuf mirga dhabuun jira. Akka carraa ta'ee maatii tokko tokoo biratti qabeenya 1/3 ffaa ykn ¼ qofa dacha sadii gadii buutee ijoollee dhiiraatii gadi akka argattu kan murtaa'ehojiirra olaa jiru dogoggora qabaachuu agarsiisa.

Carraan barnootaa wal-bira kennuun ykn barsiisuun yoo dadhabame maatiin dursa ijoollee dhiiraatiif kennuu fi intala durbaa humna ishii nyaachuun bal'innaan mul'ata. Gama hirmaannaa siyaas- diinagdee fi hoggansaatti dhufuu irratti dhiibbaan aadaa fi amantaan wal-makee dubartii irratti baay'ee cimee mul'ata.

Bu'aa qixxummaatiif falmachuuf qofa utuu hin taane qooda murtii kennuu, hogganuu ykn geggeessummaa fi aangoo siyaasaa gonfachuu akka qaban dirqama ta'a. Dubartiin haala mijataa yeroo ammaa uumameefi hawaasa qaroome keessatti akka meeshaatti ilaalamuu hin qabdu waan ta'eef kutannoon qabsooftee humna guutuu fi dandeettii uumamaa kan sammuu akka qabdu qabatamaan dhugoomsuu qaban.

Walumaa galatti ilaalchi wal-makaa hawaasaa fi maatii irraa burqu, rakkooleen gama diinagdee, seeronni armaan dura bara bulchiisa sirna Gadaa keessatti qooda ol'anaan ilamaan kormaatiif kennaman, ilaachi olaantummaa dhiiraa hanga har'aa mul'atuu, fi carraa barnootaa akka barbaadamee fi hanga barbaadamu aragachuu dhabuun dubartii, haalli aadaa fi amantii dhaan wal-makeen walitti daddabalamee garaagarumaa kallatti hundaan gama koorniyaatiin mul'atan kanaaf ka'umsa ta'uu hubadheera.

Kanaafuu, rakkoolee kanneen bu'uura irraa fala kennuuf leenjiin bal'aan, semenaarri fi koorsiin hawaasaa bal'aa hirmaachise osoo leenjiin kennamee yaada jedhu qaba.

## 5.2 Argannoo

Qaamni lamaan dame hawaasa dhiraaf dubartiin hawaasummaa kessaatti haalli waliin itti jiraatan tasgabbii fi nageenya guddinnaa fi hammayyummaa hawaasaatiif murteessaadha.

Haata'u malee dameen hawaasaa murtessaa ta'e kun haala hariiroo hawaasaa keessatti ilaalamun guddinna addunyaan hardha irra geetten akkataa murteessaa ta'een kan walgituu miti.

1.Ka'umsii rakkoo gumaa fixuu gama koorniyaa hariiroo wal simuu dhabee ta'uu

2.Hawaasni Arsii kuni yeroo dheeraaf sirna bulchinsaa abbaa (paternal system ) hordoofaa waan tureef gahee duubartii xiqessani kan dhiira guddissani ilaalun hidda akka gadi fageeffate.

3. Mirga nammumaan dubartii gonfachiisee kabajuun hafee dubartii irrati dhiibbaa gargaraa raawachuun baldhinaan kan muldhatu ta'u.

4. Ilaalcha walmakaan maati haawaasaa abdii gudaa dhiira irrati gate dubartii xiqeessee ilaaluu.

5. Dubartiin heerumtee qe'ee alagaa waan deemtuufi maatin abdii irraa akka hin qabneefi qabenya qabuullee ilmaan dhiraatif caalchisee kan kennu ta'u , yeroo tokko gonkumaayuuu dhorgachuu fa'atu jira.

6. Dubartif dhirii dhalchufi dhaludhaanis kan wal caalan akka ta'efi dubartin umrii waggaa 50 gaditti dahumsa akka dhiftuu, dhirii ammo umrii guutuu akka ummatuu . kanaaf gatiin hoortee ilmaa kessattii qaban waan walcaaluf uummaaniillee wal caala jedhamee amanamuu.

7.Dhirii abbaadhaf soodduu dhaaba . gosaafilee gumaa baasa ; dubartin kana hunda hin gootuu jedhani amanu.

8. Rakkon dubartoota kallatii hundaanu diinagdeefi hawaasummadhaanis fala argachuu dhabuu fi ollaantuuman dhiraa baldhinaan muladhachu.

9. Dhirii tokko yeroo tokkooti dubartoota heddu irraa ijolee ummachuu yoo danda'u ; dubartiin takka ammo dhira tokko olin wal qunamtuulee ilma tokko qofa yeroo tokkotii akka deetufi kunimmo hormaata keesssati gahee xiqqaa akka qabuu amanu.

10. Sonaafi amantaan uummani Arsii hordoofu walmakudhaan dhiibbaa dubartii irrati kan geessisan ta'uu. kana jechuun ammantiinis dubartiin mataa akka gaddi qabattuu dhibbaa godhuu.

11. gatin gumaa fixuu gama korniyaa loogii kan qabufi; kan dhiraa loowwan 100 ( dhibba) dirra guutu qaban; dubartiif ammo loowwan 50 ( shantama) ta'u.

12.Dubartiin annisaafi bekumsa ummamaa qixa dhiraa waan hin qabneef gatiin gumaa fixuu kan walcaalee ta'uu amanu.

13. Asdhufteen gumaa wal-ajjechaa ilmaan Arsii bara haaromsaa gadaa 1458 ta'ufi muurtiin du'aa nama lubbuu ajjessefi kan ture gumaa looniin akka fixan yoo murteessan gati kan dubartoota gati gumaa kan dhiraatin qixa goodhu dhabuu.

14. Sababooni gurguddoon garaagarummaa guma fixuu gama koorniyaa dhiraa fi dubartii wal caalchise kuni olaantumaa dhiraa bara bulchinsa sirna gada angoo ilmaan kormaatiif kennamee irra kan ka'e ta'uu.

14. Sirna gadaa keessati haala mijataa yeroo san hin ture irra ka'un yeroo saniif qofa hojiilee ulfaata humna gaafatan gahee dhiroota godhuun yoo jiraateelee haala mijjata yeroo ammaatiin falii oddo hin barbaadamne angoon ilmaan koormaatif sirna gada ammalee kama dhiraa ta'uu.

15. Dubartooni qooda uumaan kennef da'umsa ulfaa'uu , haarma hoosiisufi daa'imman kunnunsuu itti fufinsa haawaasaatif qooda gudda kan taphatu tahu dagachuudhaan dubartii gadi qabuu.

## 5.3 Yaboo

Akkuma bekkamu ummanni Oromoo akkuma bali'ina lafa isaatiifi baay'inaa ummata isaa aadaa boonsaa fi kabajamaa hedduu qaba. Aadaan ummata Oromoo hedduun isaanii kan fakkeenya gaarii ummata addunyaa hundaaf ta'an akka ta'e hayyoonni garagaraa ni kaasu.(Profesor Laphisoo G.Dellebos).

Uummanni Oromoo nageenyaa fi tokkummaa biyya tanaa eeeguu keessattii bulchinsaa sirna gadaatiin gahee olaanaa bakka hin buune akka taphataa ture ibsaniiruu.

Haaluma kanaan uummani Oromoo tokkummaa saba isaafi waliin jireenya saboota ollaa isaa gama nageenyaa fi walittii dhufeenya gaarii uumuutiin gumaacha guddaa godheera. Abbaa gaddaa Ahimad Galatoo fi jaarsolii Oromoo Arsii 2008)

Kannarraa ka'uudhan ummani Oromoo eddodhaa gara eddoottii aadaa wal- fakkaatu qabatullee haala raawwii isaatiin yoo ilaalamu wantootaa garagaraa isaan godhan muraasa ni qabu .kana keessaa tokkoo haala gumaan ittiin fixamu ykn araarrii ittiin dhufu akka ta'e hayyoota fi abbootii gadaatiin ibsameera. Kana jechuun Oromoon kabaa kibbaattii bahaa, dhiyattii yoo ilmi Oromoo tokko ilma Oromoo biroo ajjeese araara fiduuf jecha jilba badii uumameetiin gatiin gumaa fixuu kennamee araaramuun akka jiru ni beekama..Haa'ta'u malee sirni kun yoo raawwatamu eddo gara eddoottii garagarummaan akka jiru hubatameera.

Kana keessaa tokko garaagarummaa gatii gumaa fixuu gama koorniyaatiin jiru akka ta'e mul'isa. Eddoo garagarummaan baldhinnaan jiru keessa tokko kan ta'e Oromoo Arsii biratti baldhinnaan mul'ata. Kunis Oromoon Arsii dubartii akka jaalatuufi kabajaa akka qabuuf baldhinnaan haa ibsamu malee qabatamaan yoo ilaalamu faaydaa kamiinu qoodamuu irrattii ijoollee dhiiraa fi kan durbaa wal- qixa akka hin taane ni mula'ata.

Kun ammoo qabeenyaa maatii qoodamuu irraa eegalee hanga yoo miidhaan irraa gayee gaatiin dubartiif murame baay'ee xiqqaadha. Kanneen keessaa gumaan gaatii araaraa dhiiraafi lowwaan dhibba yoo ta'u dubaratiif ammoo loowwaan shantama akka ta'e dhugaa ifatti mula'tuuudha.

Kuni hubatamee argannoo qoranno kanaa kan ta'e doggoggoroni ilaalchoonni walmakkan haawasa fi maatii keessati muldhatan kan armaan gadii akka hafuu yaboo dhaamana. Ka'umsii

rakko gumaa fixuu gama koorniyaa hariiroo walsimuu dhabe ilaalcha hawaasaaf maati walmakan dhira irrati abdii guddaa qabachuudhan dubartii dhaaf immoo gahee xiqqaa keennuun akka hafu.

Haawaasni Arsii kun yeroo dheeraaf system bulchiinsa abbaa hordoofa waan tureef gahe dubartoota xiqqeessanii ilaalan. Kuni ilaalcha hidda gadi fageffate ta'uun hubatamee ilaalcha boodati haafan kuni hiddaan buqqa'uu akka qabu .Mirgoonni namummaa kan uumaan duubartoota goonfachiseee falaasama namootatiin waan irraa mulqameef mirgii ummmamaa kuni deebi'ufi qaba waan ta'ef osoo sirefama argatee.

Ilaalachi walmakaan maatiifi haawaasaa dhiroota abdatanii dubartii abdii kutachisuun waan muldhatuuf, kun osoo siraa'ee.Dubartiin heerumtee qee'ee alagaa waan deemtuuf akka dhiiraa faayidaa hinqabdu yaanni jedhu boodatti hafaa qarooma baraa wajjiin hindeemne.dubartiin yoo baratte inumaayyuu dhiira caalaa maatii fi hawaasaafkan fayyaddu ta'uun hubatamuu qaba..

Murtiin kun bara haaromsa sirna gadaa 550 irraa eegalee hanga har'aallee akka rawwatamaa jiruu hayyootaafi abbootiin gadaa ibsaniiruu. Kun kan ta'eef haala mijataa yeroo san hin turre irraa ka'uun hojiin ulfaata akka biyya bulchuu,abbaa gadaata'u, abbaa murtii ta'uu fi uumamuu qabeenyaa dhuunfaa horachuu irraa kan ka'ee ittii gaafatamanii guddaan ilmaan kormaa (dhiirota) qofan waan qabameef akka ta'e ibsameera.

Halli kun hanga hara'aallee hojiirraa waan oolaa jiruuf garaagarummaan ammallee ni mul'ata. Akka piroofeesor Asmaroom Laggasaa "kitaaba Oromoo Democracy"jedhu keessattii ibsanitti dimokiraasiin warraa lixaa angoo warra qabeenya olaanaa qabaniif kenna. Kun ammoo jarraa hedduuf dubartoonnii mirga diinagdee horachuu fi mirga geggeessuumaa siyaasaa dhabuu dhorgateera"jedhu,yaanni hayyuu kanaafi haalii garagarummaa gama koor niyaa qabeenyaa maatii isaanii argachuu dadhabuu fi gatii gumaa fixuu dachaa lamaan kan dhiiraa caalaa xiqqeessuu wal-fakkaata.

Haata'uu malee guutumaan guututti ta'uu dhabus addunyaan yeroo ammaa gama mirga dubartootaa kabajuu qofa utuu hin taane dubartoonni aangoo siyaasaa qabattee biyyaa bulchaa akka jirtu dhugaattii mul'atee akkaa jiru ni beekama .

Kun dhugaadhaan utuu mul'atu yaadota wal-maka hawaasnii fi maatiin hedduu hanga ammaattuu ilaalchaa laafaa dubartiif qaban irraa kan ka'e dubartoonnii qixa dhiiraa carraa barnootaa ,

qabeenyaa horachuu gatii fixxaa gumaa qixa dhiraa dhabuu, gaggeessummaa qixa dhiraa dhabuu fi amantaa geggeessuufi kkf carraa argachuu dhabuun Oromoo Arsii birattii bal'innaan mul'ata.

Kanaafuu xiyyeeffannaan guddaan garaagarummaa gumaa fixuu Oromoo Arsii gama koorniyaatiin bal'innaan mulatu kun madda rakkoolee isaa waliin furmaata akka argatee wal-qixxummaan gama koorniyaa dhugoomu, hubannoofi leenjiin hawaasa hunda hirmaachisu kennamuun barbachisaadha.

## 5.4. Yaada  Furmaataa

Garaagarummaa gumaa fixuuOromoo Arsii gama koorniyaatiin mul'atu maddoota ka'umsaa hedduu akka qabu hayyoonni ,jaarsoolii fi abbootiin gadaa Oromoo Arsii ragaa kennaniiru.Sababoonni gurguddoo jedhaman keessaa muraasni aangoo ilmaan kormaa bulchiinsa sirna gadaa keessatti gonfatan,abdii ilmi dhiiraa qe,ee abbaa fi gosaa akkasumas biyya diina irraa ittisuu irratti shoora olaanaa qaba jechuudhaan qooda dubartii xiqqeessuu,ilmi dhiiraa abbaaf soodduu dhaabee sanyii abbaa waamsisa jechuu  faa akka ta'e hubatameera

Kanaafuu namni kamiiyyuu saalaan utuu addaan hinbaane uumamaan wal-qixa akka taee fi mirgoota namummaa fi mirgoota dimokiraasii wal-qixa argachuu akka qabu hubatamuu qaba.Garaagarummaan gumaa fixuu Oromoo Arsii gama koorniyaatiin bal'innaan mul'atu falaasama namootaa irraa kan hafe wanta qabatamaa tokkollee akka hinqabne  bu'aa argannoo qorannoo kanaa irraa hubatameera.

Kanaafu adda addumaan gumaa fixuu  Oromoo Arsii  gama korniyaatin gatii dhiraa kandubartoota caalchisee  wanta qabatama tokkolee waan hin qabneef walqixumma korniyaa mirkanessuf jecha hafuu qaba. Qaamoni dhima korniyaa irrati hojjatanis kana hubatani xiyefanan irrati hojjachu qaban.

Bara haroomsa sirna gadaa 1458 waggotaa 550 dura wal ajjechaan ilmaan Arsi  lamaanin egalamuun hubatamera. Kuni kan ta'ef sabaaboota  fayyidaan waliin wal qabatan  qabenya dhunfaa horachuuf  hinaaffaa irraa akka ta'e  ibsame jira. Hinaafaan kuni immoo irra caalaa midhaa xiqqaa  irra hanga ajjecha lubbuu dubartoota irrati dhiroootan kan raawaatamu yoo ta'u gatin gumaa xiqqaatu kaffalamaaf. Kunin hubbatamee  midhaan hinaafaa  kan dhirootan dubbartii irrati raawatamu akka haafu haawaasnifi  mootumman xiyyefanaadhaan  kana irrati hojjachuu qaban.

Bara bulchinsa sirna gadaa angoon  biyya bulchuu abbaa murtii ta'uu fi abbaa bokku ta'uu qodaa ilmaan kormaatif kenname ture. Haata'u malee hanga hardhatu sirna gadaa keessati angoon

dubartootaf kennamu dhabuun ilaalcha gadi antummaa dubartii irratii uumee jira. Kuni hubatame haaroomsii sirna gadaa yoo godhamu otuu yeroo hinfudhatiin siraaye gaaridha.

Bara bulchinsa sirna gadaa hojjileen ulfaata ta'an dubartootaf kennamu dhabuun haala mijata yeroo san hinjiree walin wal qabatee dubbartooni kennaa ummamaa ulfa'u , da'umsa , harma hoosiisuu fi daa'imani guddisuu yeroo akka argatan yaadametii malee dubbarti irratii midhaa gessufi miti. Kuni hubbatamee mirgii dubartoota kabajamu qaba. .

Ilaalcha haawasa fi maati gama walqixxummaa korniyaatin wal makaadha. Kana jechun dhiroota irrati abdii guddaa qaban; dubbartoota irratti abdii hin qaban; kanafu qooda dhiroota ol' guddisudhan kan dubbartoota immoo xiqqessudha. Kuni hubatamee hawaasa fi maatiin hubbanno argachudhan wal qixxummaa koorniyaa mirkana'uu qaba.

As dhufteen gumaa wal ajjechaa jalqabaa ilmaan Arsii ta'ulee booda irrati sababa hinaaffaan walqabateen dubartoota irrati wantonnii gumaa jedhaman rawwatamuun midha gessiisera. Kanafuu wantooni gumaa jedhamamn kan dhiraatin wal birra yo qabaman gatti xiqaa qabu. Fkn: Qaamni saalaa dhiraa gatii gumaa ol'aana yoo qabaatu ; dhirooni qaama saalaa kan dubartii yoo guban , harma dubartii yoo murani gatin gumaa kaffalamuf xiiqaadha. Kuni hubbatamee garaagarumman loogii baldha ummee kuni akka hafu xiyyefanaan hojjatamu qaba.

Maaluman gumaa ajjechaa lubbuu itti yaadamee raawwatamefi qaama miraa akkasumas qabenya barbadessu dabalata. Kuni ammo walitii bu'iinsa haawasa jiddutii umma. Kuni hubatamee maddoonni sababa gumaa ta;an gufu haawasuma akka hin taane haalan too'tamu qabu.

Carraa barnoota ilaalchisee maatin ijoolle ofii horan dhirootaaf dursa kennun dubbartoota caraa dhorgatu; sababa kana irraa kan ka'e dubartonni gadi antuummaa fudhatani mirga ofiif falmachuu dadhaban. Haali kun garaagarumma dhiraaf dubarttii jiddu jiru gama gumaa fixuutin illee akka walcaalchisuu ibsame. Kanaafu haawaasni maatin dubbartootaf xiyyefanaa addaa kennu dhaan carraa barnoota yoo kenneef rakkoon kuni ni hikkata .

## WAABII(REFERENCES)


Abbaas Haajii, (May 1992,) The History of Arsi . Addis Ababa,

Asmarom Leggese (1973)Geda, The Three approach to the study of African society by the free press division of macc millan Published.co

Atkins J HAIL.OM Banteyirga, Nuru muhammed ( 19996), skill development methodology part 2 department of foreign language and litreture .. Addis Abeba Universty press

Addunyaa Barkessa dhinsaa (2011), wixinee Qoranoo : maxxansaa Addis Abeba Universty press

Bartram , M.W.R ( 1991) , Correction mistake management .London ; commercial colour press

Bests and kahan , S(1993) research and education ( seventh ed. ) new Delih prentice Hallof india Brinko ,K, (1993,) the practice of giving feed back to improve teaching , journ of higher education 64/5/574 -593.

Brooks.W.D(1978) speech communication ( thirded ) , US,WMC, Brown company .

Barrulee dhimma daa'immanii fi dubbartoota Oromiyaa (2002,) mana maxxanssaa Boolee Finfinne

Constitution of the federal democratic republic of Ethiopia (1995) Birhan ena selam press

EFDR, Yehizb enba tebaki tekuwam (2004), yezegooch charterA.A Press

Gadaa Melba Oromia( 1988): Khartoum sudan

Genna Kedu(1983): Marriage system and family organization in Arsi Oromo AAU

G.W.B. Haanting Ford 1955 The Gala of Ethiopa The Kingdom of Kefa and Janjero London : Lowe and Brydone printer ltd

Hamudaha Abdela( No 75-43812) Ilam im focusse press

Hussien Bedaso ( 1968): Aadaa sirna fuudhaf heerumaa Arsii Finfinnee

Jaara W,Bfi W.B Yaadatee ,(2000): Bantuu Haaraa MMBoolee

J. Spencer Loret Tsegaye G/Medhin in Trimingham (1968): Islam in Ethiopia London press Franl Cass and CO.LTD

Mayirema Amano ( 2001) Barruulee Biroo Dhimma Dubartoota Oromiyaa,jildi lakk.02 boole Finfinne

Mesfin olika ,Asefa and Terefe ( 2012): ORC Adama Science and technology Universty

Saadaa Kadir ( 2002): Sirna Gada fi Dubartoota Oromiyaa sab printing press

Workine Abasori ( 2008): sirna gada